# XIINXALA WALITTI FUFIINSAAFI DAGAAGINA GILGAALOTA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 9$^{FFAA}$

**ASAFFAA MAKONNIN HUNDAASAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

# XIINXALA WALITTI FUFIINSAAFI DAGAAGINA GILGAALOTA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 9$^{FFAA}$

ASAFFAA MAKONNIN HUNDAASAA

GORSAAN: DINKEESSAA DHEERESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf Asaffaa Makonniin mataduree "*Xiinxala Walitti fufiinsaafi Dagaagina gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa*" jedhun dhiyaate sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa‟e kan guute.

Koree Qormaata

Qoraa alaa ________________________ Mallttooo __________ Guyyaa___________

Qoraa Keessaa ____________________ Mallattoo__________ Guyyaa__________

Gorsaa __________________________ Mallattoo ________ Guyyaa__________

___

*Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa sagantaa barnootaa Digirii Lammaaffaa (MA)*

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa salgaffaa bara 2005 qophaa'ee xiinxaluudha. Akkasumas hanqinaalee gama walitti fufiinsaafi dagaagina Qabiyyee gilgaalotaan mul'atan akkamitti akka fooyya'uu ibsuudha. Qorannichaaf ka'umsa kan ta'e kome barattootni qabiyyee gilgaalaa shaakalaniin walqabatee kaasaniidha.Komee kana irratti hundaa'uun hanqina walitti fufiinsaa dagaagina qabiyyee gilgaalaa kutaa kanaa jiraachuufi dhiisuusaa adda baasuun hanqinaalee mul'ataniif furmaata kaa'uudha.Qorataan hanqinoota walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalootaa adda baasee yaada furmaataa kennuuf immoo gosa qorannoo ibsaatti gargaaramee jira. Akkkasumas meeshaalee barnootaa, gilgaalota, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagaliif qopha'ee hunda akka iddattootti, mala iddatteessuu kaayyeffameen filatee itti fayyadameera. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname sakatta'aa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa sagalii kallttidhumaan gilgaalota kitaaba kanaa irratti xiyyeeffate. Gilgaalota kitaaba kana keessatti argaaman ogummawwan Afaanii, caaslugaa, hiikaafi faallaa jechootaafi afoolaa hunda sakatta'uun akka madda odeeffannootti gargaarameera.Odeeffannowwan sakatta'a kitaabaa kana irraa argaman mala akkamtaanfi ammamtaan xiinxaluun qaacceffamee jiru. Akka ragaaleen qaacceffaman mul'isuutti walitti fufiinsaaafi dagaaginni qabiyyee gilgaalota KBAO kutaa sagalii kana irratti hanqina qabaachuunsaa hubatameera. Kanaaf akka argannoo kanaatti walitti fufiinsaafi dagaaginni qabiyyee gilgaala KBAO kutaa sagalii hanqina qaba. Hanqinaalee mul'atan kun walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaa, qabiyyewwan gilgaalaa shaakalaaf kitaabicha keessatti dhiyaatan keessatti mul'ateera. Kunis gilgaalonni kitaabicha keessatti, qabiyyee sana shaakalsiisuuf dhiyaatan baayyeen isaanii walitti fufiinsa kan hin qabneefi kanneen walitti fufiinsan amma tokkoo irra fooyya'aa ta'e qaban ammoo dagaagina qabiyyee gilgaalaa akka hin qabnee qorataan kun hubatee jira. Walumaagalatti argannoo qorannoo kanaarraa ka'uun BBO qopheessitoota KBAO kutaa kanaaf qopheessu waliin ta'uun hanqina jiru irra deebi'amee ilaaluun maxxansa itti aanutti fooyya'ee yoo maxxane gaarii ta'a jechuun akka yaada furmaataatti kaa'eera.*

## Galata

Qorannoo kana jalqabee hangan xumurutti kan na gargaare Waaqayyo uumaa koof galata guddaan galcha. Yuunversitiin Addis Ababaa qorannoo kana akkan geggeessu deggersa ogummaafi maallaqaa naaf godheef baayyee guddiseen galateeffadha. Qorannoo kana wixineerraa hanga dhumaatti, dadhabe nuffe osoo hin jedhiiin nacina dhaabbatanii kan deggersa ogummaa kan naaf godhan gorsaa koo Doktor Dinqeessaa Dheeressaaf galati koo guddaadha. Akkasumas deggersa yaadaa na kennuun, na jajjabeessuun yeroo mara kan na cina dhaabbachaa turte haadha manaa koo Addee Shiibirree Taammiruu guddaa guddaa galateeffachuu barbaada.

**Jechoota Gabajee**

KBAO = kitaaba barnoota Afaan Oromoo

BBO= Biiroo Barnoota Oromiyaa

$B_4$= Boqonnaa afur

$B_5$ = Boqonnaa shan

$B_6$ = Boqonnaa jaha

$B_7$ = Boqonnaa torba

$B_8$ = Boqonnaa saddet

$B_9$ = Boqonnaa sagal

$B_{10}$= Boqonnaa kudhan

$B_{11}$= Boqonnaa kudha tokko

**Baafata**

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ i

Galata ........ ii

Jechoota Gabajee ........ iii

Tareefama Gabateewwanii ........ viii

Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6

Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu ........ 8

2.1. Sakatta’a Barruu ........ 8

2.1.1. Meeshaalee Sirna Barnootaa ........ 8

2.1.2. Faayidaa Meeshaalee Sirna Barnootaa ........ 9

2.1.2.1. Silabasii ........ 11

2.1.2.2. Qajeelcha Barsiisaa ........ 12

2.1.2.3. Kitaaba Barataa ........ 12

2.1.2.3.1. Ulaagaalee Filannoo Kitaaba Barnootaa Gaarii ........ 15

2.1.3. Maalummaafi Faayidaa Gilgaalotaa ........ 17

2.1.3.1. Maalummaa Gilgaalaa ........ 17

2.1.3.2. Faayidaa Gilgaalli Baruu Barsiisuu Keessatti Qabu ........ 18

2.1.3.3. Gahee Gilgaalonni Afaan Barsiisuu Keessatti Qaban ........ 19

2.1.3.3.1. Gilgaalota Odeeffannoo Hir'ate Guutuuf Dhihaatan .............................. 20
2.1.3.3.2. Gilgaalota Sababa Ibsuu Barbaadan...................................................... 21
2.1.3.3.3. Gilgaala Yaada Ofii Ibsuu Gaafatan ..................................................... 21
2.1.4. Maalummaa Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalota ............................................21
2.1.4.1. Kitaaba Barataa Keessatti Barbaachisummaa Walitti Fufiinsa Gilgaalaa......22
2.1.5. Maalummaa Dagaagina Qabiyyee Gilgaalotaa....................................................23
2.1.5.1. Kitaaba barnootaa keessatti barbaachisummaa dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa ..........................................................................................25
2.1.6. Sababa Hanqina walitti Fufiinsaafi Dagaagina Qabiyyeetiin Mudannoo Uumaman.......................................................................................26
2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........................................................................................ 27
Boqonnaa Sadii Saxaxaafi malleen qorannichaa ......................................................29
3.1. Saxaxa Qorannichaa ................................................................................................ 29
3.2. Madda Ragaalee........................................................................................................ 29
3.3. Tooftaa Funaansa Ragaalee ....................................................................................... 29
3.4. Mala Iddatteessuu ..................................................................................................... 30
3.5. Meeshalee Funaansa Ragaa ....................................................................................... 31
3.5.1. Sakatta'a Duukumeentii.......................................................................................31
3.6. Tooftawwan Xiinxala Ragaalee ................................................................................. 32
Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxalaa Ragaalee.................................................................33
4.1. Xiinxalaa Ragaalee Dookumeentii............................................................................. 33
4.1.1. Xiinxala Gilgaala Caaslugaa..................................................................................33
4.1.1.1. Hojiwwan Gilgaala Caaslugaa Akka Waliigalaatti KBAO Kutaa Sagalii Keessatti dhiyaatan ...........................................................................34
4.1.1.2. Bu'aa Xiinxala Gilgaala Caaslugaa.............................................................36

4.1.1.3. Walitti Fufiinsa Gilgaalaa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa Caaslugaa Boqonnaa Boqonnaatti ....37

4.1.2. Dhiyaannaa Qabiyyee Gilgaaloota Ogummaa Dhaggeeffachuu, Dubbachuu, Dubbisuu, Barreessuufi Hiika Jechootaa. ....39

4.1.2.1. Bu'aa Xiinxala Qabiyyee Gilgaalota Ogummaa Dhaggeeffachuu ....40

4.1.2.1.1. Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dhaggeeffachuu KBAO Kutaa Sagalii Boqonnaa Boqonnaatti .... 40

4.1.2.1.2. Dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dhaggeeffachuu Boqonnaa Boqonnaatti .... 41

4.1.2.2. Bu'aa Xiinxala Qabiyyee Gilgaalota Ogummaa Dubbaachuu ....42

4.1.2.2.1. Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dubbachuu Boqonnaa Boqonnaatti .... 42

4.1.2.2.2. Walitti Fufiinsa Gilgaalaa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dubbachuu Boqonnaa Boqonnaatti .... 43

4.1.2.3. Bu'aa Xiinxala Qabiyyee Gigaalaa Ogummaa Dubbisuu. ....44

4.1.2.3.1. Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dubbisuu Boqonnaa Boqonnaatti .... 44

4.1.2.3.2. Walitti Fufiinsa Keessatti Dagaagina Gilgaala Ogummaa Dubbisuu Boqonnaa Boqonnaatti. .... 46

4.1.2.4. Bu'aa Xiinxala Gilgaala Dandeetti Barreessuu ....47

4.1.2.4.1. Walitti Fufiinsa Gilgaala Dandeettii Barreessuu Boqonnaa Boqonnaatti 47

4.1.2.4.2. Walitti Fufiinsa Gilgaalaa Keessatti Dagaagina Gilgaalaa Dandeettii Barreessuu Boqonnaa Boqonnaatti .... 48

4.1.2.5. Bu'aa Xiinxala Gilgaalaa Hiikaafi Faallaa Jechootaa ....49

4.1.2.5.1. Walitti Fufiinsaa Gilgaala Hiikafi Faallaa Jechootaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti .... 49

4.1.2.5.2. Walitti Fufiinsa Keesatti Dagaagina Gilgaalaa Hiikaa Jechootaa .... 50

4.1.2.5.3. Walitti Fufiinsa Keessatti Dagaagina Gilgaalaa Hiika Faallaa Jechootaa ... 51

4.1.2.6. Bu’aa Xiinxala Gilgaalota Afoolaa ... 51

4.1.2.6.1. Walitti Fufiinsaa Gilgaala Afoola KBAO Boqonnaa Boqonnaatti ... 51

4.1.2.6.2. Walitti Fufiinsa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Gilgaala Afoolaa Boqonna Boqonnaatti ... 52

4.2. Walitti Fufiinsaafi Dagaaginni Qabiyyee Gilgaalaa Kitaaba Barumsaa Keessaa Dhibuun Dhiibbaa Inni Baruu Barsiisurratti Qabu. ... 53

4.2.1. Hubannoon Qabiyyeen Barnootaa Ijaaramaa Akka Hin Deemne Taasiisa ... 53

4.2.2. Dandeettii Barattoota Bakka Tokko Qofaarratti Daangessa ... 54

4.2.3. Qabiyyee Baratan Dagachaa Akka Deeman Taasiisa ... 55

Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ... 56

5. Cuunfaa fi Yaada Furmaataa ... 56

5.1. Cuunfaa ... 56

5.2. Argannoo ... 57

5.3. Yaboo ... 58

Wabii ... 61

Dabaleewwan ...

# Tareefama Gabateewwanii

**Fuula**

Gabaee 1: xiinxala gosoota gaaffilee caaslugaa KBAO kutaa 9 ............................................34

Gabatee 2: Walitti fufiinsaa gilgaalaa caaslugaa boqonnaarraa gara boqonnaatti ..................36

Gabatee 3: Dagaagina qabiyyee gilgaalaa caaslugaa boqonnaa gara boqonnaatti agarsiisu ..38

Gabatee 4: Gilgaalota ogummawwan dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi hiikafi faalla jechoota agarsiisan. ....................................................................................................39

Gabate 5: Walitti fufiinsa gilgaala ogummaa dhaggeeffachuu boqonnaa boqonnatti agarsiisan..........................................................................................................................40

Gabatee 6: Gilgaalota Ogumma Dubbachuu Boqonnaa Boqonnatti Agarsiisu .......................43

Gabatee 7: Bu’aa sakatta’a gilgaalota ogummaa dubbisuu agarsiisan. ..................................44

Gabatee 8: Gilgaalota ogummaa barreessuu boqonnaa boqonnatti agarsiisu. .........................47

Gabate 9: Walitti fufiinsaa gilgaalota hiikaa jechootaafi faallaa jechootaa ibsan. .................49

Gabatee 10:Walitti fufiinsa gilgaala afoolaa boqonnaa boqonnaatti agarsiisan .....................51

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Barnootni guddina biyya tokkoof murteessaadha. Keessattuu barnoonni afaanii eenyumaa saba afaanicha dubbatuu sanaa walliin walqabata. Eenyummaa ofii beekuun immoo Afaan ofiif dubbataan afaanichaa akka xiyyeeffanno kenninuuf miira nama keessatti uuma. Kanaaf afaan ofiifi eenyummaan ofii waan walqabatuuf sirna barnoota afaanii keessatti akka afaan sun guddachuu danda’uuf haala gaariin baruu barsiisuu keessatti akka dhiyaatuuf xiyyeeffannoo itti kennuun murteessaadha. Sirna barnootaa keessatti ga‟een meeshaalee barnootaa inni ijoon qabiyyee dhiyeessuu, qabiyyee shaakalsiisuu, walqunnamtii barattoota gidduutti jajjabeessuu yookaan gargaarsa barsiisaa malee barattoonni qabiyyee barnootaa irratti akka shaakalan dandeesisuudha. Karaa biraatiin, galmi afaan barachuu karaa dandeettiiwwan dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuufi barreessuutiin ilaalamuu danda‟a (Richards 2001). Yaada kanarra waanti hubatamu qabiyyeewwan haaluma barbaachisummaa isaaniitiin walduraa duubaan dhiyaachuu qabaniifi barumsi afaanii ogummaawwan afaanii arfanii shaakalsiiuun kan walqabatuudha. Nunan (1988) sirni barnootaa tokko yemmuu qophaa‟u wantoonni xiyyeeffannoo argachuu qaban, kaayyoo barnootaa, haala baratootaa, iddoo barnootichi itti hojiirra oolu sirna barnootichaa hojiirra oolchuufi madaaluun akka barbaachisaa ta‟e ibsiti. Kanaaf meeshaaleen sirna barnootaa, afaan ittiin barsiifamu karaa ifa ta’een qophaa’ee akkaataa baruu barsiisuuf mijataa ta’uttifi qabiyyee baratan sana kaayyoo isaa galmaan gahuuf kan nama gargaaruudha. Sirni barnootaa immoo yaada rime bal’aa baruu barsiisuu galmaan gahuu keessa gahee olaanaa taphata.

Qabiyyeen caaslugaa salphaa, irra deddeebi‟amuun baratamuu danda‟uu, ciminnaafi fedhii waliigalteef qabuun haala silabasiin wixineeffamerratti hundaa‟uun meeshaalee kannen keessatti walsimannaan dhiyaachuun barbaachisaa akka ta‟e Richards (2001) ibsa. Kanarra waanti hubatamu qabiyyeen meeshaalee sirna barnootaa keessatti dhiyaatu hundi kan dandeettii barataa waliin wal simaniifi baratamuu danda’an akkasumas deddeebi’anii kan mul’atan ta’uu akka qaban ibsa. Qabiyyeen dhiyaatu kun immoo gilgaalaan shaakalama waan ta’eef akkuma qabiyyichaa deddeebi’ee dhiyaachuun kan shaakalamuu danda’uu ta’uu nuu hubachiisa.

Sirna barnootaa yeroo qophaa'u waantootni irratti xiyyeeffatamu qaban: meeshaalee sirna barnootaa kanneen akka kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi silabasii yoo ta'an; gochaaleen kitaaba barnootaa keessatti qopha'aniis xiyyeeffannoo argachuu akka qabuufi qabiyyeen barsiifamu sun qabatamaan hubachiisuuf gilgaalli murteessaadha. Kanaaf sirni barnootaa yoo qophaa'u, meeshaalee barnootaa keessumaa silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti gilgaalli xiyyeeffannoo argachuun milkaa'ina barnootichaaf ga'ee guddaa qaba. Meeshaalee sirna barnootaa keessatti qabiyyee baratan sana kan hubachuun danda'amu yoo irrra deddeebiin shaakalan qofaadha. Kun immoo kan raawwatu gilgaalaan gargaaramnee waan ta'eef gilgaala meeshaalee kana keessatti xiyyeeffannoo argachuu qaba.

Hayyuun Nunan (1989) Bareen (1987) wabeeffachuun afaan kaayyoo tokko, qabiyyee mijataafi adeemsa hojii murta'aan baratamuuf caaseffame gilgaalootaan geggeeffama. Kanaaf dalagaaleen karoora hojiin hedduun, kanneen adeemsa kaayyoo afaan barachuu hunda sisi'eessuuf gargaaran qabiyyee gilgaalota salphaafi ifoo ta'an irraa gara ciccimoofi walxaxaa ta'anitti qindaa'uun dhiyaataniidha. Karaa biraatiin, barattootni ciicata gilgaalarra argataniin haala qabatamaan dalagaa addaa addaa hojjechuu danda'u. Gilgaloonni barnootaaf dhiyaatan hanga danda'ameetti haala qabatamaa dhugaan walitti kan dhiyaatan ta'uu qabu. Barnoota Afaanii keessatti shaakalli baayyee murteessaadha. Sababiin isaaas ogummaa Afaanii kan ittiin shaakalaan waan ta'eef. Sirni barnoota afaanii yoo qophaa'u meeshaalee barnootaa keessatti bifa barattoota shaakalsiisuu danda'uun dhiyaachuun baruu barsiisuu afaaniif murteessaadha. Gilgaalli qophaa'u kunis kitaaba barnootaa sana keessatti yaa'insa yoo qabaatee gaarii ta'a. Kana jechuun, boqonna boqonnaatti walitti fufiinsa yoo qabaate, barattootni qabiyyee gilgaala sanaa osoo walirra hin kutin shaakalaa deemuu. Akkasumas qabiyyeen gilgaala sana irra deddeebi'ee argamuun guddachaa bal'achaa cimaa yoo deeme immoo dandeettii barataa sanaa bal'isee akka yaaduu taasiisaa deema. Kanaaf KBAO keessatti gilgaalli Walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee silabasii keessattis ta'e, kitaaba barataa keessatti yoo qabaate kaayyoo barnootichaa galmaan gahuuf bakka olaanaa qaba. Haaluma walfakkaatuun,

Richardsfi Renandyan (2002) Prabhu (1987) Wabeeffachuun ibsanitti gilgaaloonni gocha barattootni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaramuun waan barataniin

milkaa’uuf raawwataniidha. Adeemsi barnoota afaanii ammoo gochaalee gilgaalaan dhiyaatan dalaguu shaakaluu irratti kan xiyyeeffatedha.

Meeshaleen barnootaa afaanii barsiisuuf qopha’an qabiyyewwa qindeessuuf adeemsa afaan afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagawwan gilgaaloota xiyyeeffannaa kennuu, murteessaadha. sababiin isaas unka afaanii barnootaaf dhiyaatu gilgaalootaan shaakalamuun baratama. Kanaaf gilgaalli itti qindaa’ee shaakalamu adeemsa barnoota mul’isuu dandaa’aa jechuudhaan ibsanii jiru. Yaadni Richardsfi Renandya (2002) Nunan (1989) armaan olitti ibsanis maalummaa gilgaalarratti kan waliigalan yemmuu ta’u, dhiyeenyi sadarkaa isaa eeggatee barnoota afaanii keessatti barbaachisaa akka ta’e kan nama hubachiisuudha. Gilgaalli yeroo qophaa’us akkaataa dandeettii barattootaa akkasumas walduraa dhufiinsa gochaalee kan bu’ureffatefi ciicata kutaa/ boqonnaa/ tokko keessatti argatan kutaa /boqonnaa/ itti aanutti waan haaraan itti dabalamee dagaagaa deemuu qaba. Karaa biraan ammoo salphaarraa gara walxaxaatti, waan beekamurraa gara waan hinbeekamnetti deemuu qaba jechuudha. Kanarraa ka’uun xiyyeeffannoon qorannoo kanaa walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalotaa barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti maal akka fakkaatu dhiyaannaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo gama walitti fufiinsaafi dagaaginaan qabiyyee gilgaalaan walqabsiisuun, ga’een gilgaalli walitti fufiinsaafi dagaaginaan kitaabicha keessatti yoo dhiyaate qabu ibsuufi kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaan maal akka fakkaatu adda baasee xiinxaluun dhiyeessuudha.

Kitaabni Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 kun jalqaba kan maxxansame Rippaablika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaatti Ministeera barnootaatiin bara 2005/2012 ture. Qorannoon kunis kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9 maxxansuma jalqabaa kanarratti xiyyeechuun kan geggeeffameedha. Xiinxala gilgaalota kitaaba kana geggeessuuf kan irratti xiyyeeffatame gilgaalota kitaaba kana keessatti argaman yoo ta’u, kitaabni kun boqonnaa kudha saddet kan qabu ta’ee, boqonnaalee hunda keessatti gilgaalota addaa adddaa ofjalaa qaba. Boqonnaaleen kudha saddettanuu gilgaaloota dandeettii afaanii arfan caasluga, afoola, hiika jechootaafi ogbarruu kan of keessatti hammatee jiruudha. Gilgaalonni boqonnaalee hunda jalatti kan dhiiyaatan yoo ta’uu, fuula 181 of keessaa qaba. Kitaabni kun fuula gara jalqabaatti ibsa waa’ee kitaabichaafi bakka maxxansa isaa kan qabuu yoo ta’u, dhummarratti ibsa hiika qabiyyee kitaabicha keessaa kaa’ee jira.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan geggeeffamuuf rakkoo hawaasa keessatti mudateef furmaata kennuu yookaan barbaaduufi waan hawaasa keessa jiru beeksiisuuf ta'uu danda'a. Dhimma kana bu'uureffachuun qorataan kunis haala dhiyaannaa gilgaalaa kitaaba barumsaa Afaan Oromoo kutaa sagalii sakatta'e hanqina gama sanaan walqabatan mul'atan adda baasuun furmaata barbaaduuf. Qoraticha qorannoo kana akka hojjetuuf kan isa kakaase, Naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Qilxu Kaarraa mana barumsaa Qilxu Kaarraa sadarkaa lammaffaatti Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ waggaa afuriif yeroo barsiisaa tureetti barattootni komee kaasaa turan. Kunis, barattootni gilgaala boqonnaa tokko keessatti shaakalan, boqonnaa itti aanu keessattis irra deebi'anii akka shaakalan gaafachaa turan. Akkasumas gilgaala tokko tokko immoo akka shaakalan yeroo kennamuuf akka salphaatti ilaaluun nuffuutu irraa mul'ata. Kanarra ka'uun qorataan kun gilgaala boqonnaa tokko keessatti shaakalan irra deebi'anii akka shaakalan gaafachuun isaanii qabiyyeen gilgaalichaa deddeebi'ee dhufuu dhiisuun walqabata laataa? Kan jedhuu adda baasuufi gilgaala kennamuuf shaakaluu dhiisanii nuffuun isaanii immoo qabiyyeen gilgaalaa sun salphaarraa gara cimaatti dabalaa deememoo cimaarraa gara salphaatti dhiyaatee akka isaan nuffan taasiise kan jedhu adda baasuuf KBAO kutaa sagalii kana walitti fufiinsaafi dagaaginaa qabiyyee gilgaalaan sakatta'ee xiinxaluuf isa kakaasera. Qabiyyee gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^ keessatti dhiyaatan boqonnaa tokkorraa gara boqonnaa itti aanuutti ciminni isaa dabalaa, dagaagaa, deemamoo miti kan jedhu bal'inaan ilaaluuf. Kunis qopheesaarratti maal akka fakkaatufi haalli dhiyaannaa qophii isaatii akkam akka ta'e adda baasuufiidha.

Dhimma kanaa bu'uureffachuun qorataan kunis adeemsa dhihaanna gilgaalaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti dhiyaate walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaa xiinxaluuf deemu hojiirra oolmaa gilgaalaa kitaaba Afaan Oromoo keessatti dhiyaatuuf bu`uura ta`uu jedhamee yaadama. Qorannoon dhimma dhiyannaa gilgaalaarratti hojjetame tasuma hin jiru jechuu osoo hin taane, qorataan dhimma kana xiyyeeffannoo itti kennuudhaan ilaaluuf yaaleera. Qorannoon kanaan dura mata duree gilgaalaan walqabatee

geggeeffame yoo jiraateyyuu kallattiidhaan walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaarratti kan hojjetame sakatta'ee yeroo ilaaletti waan hin jirreef xiyyeeffannoo itti kenuudhaan walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaaloota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa sakatta'uun xiinxaluurratti xiyyeeffate. Kanaaf ka'umsi qorannoo kanaas gilgaaloota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti dhiyaatanii barattootni shaakalan walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee qabaachuun isaa adda baafachuufi walitti fufiinsi qabiyyee gilgaala kun yoo hinjiru ta'ee dhiibbaa inni baruu barsiisurratti fidu adda baasuuf gaaffilee bu'uuraa armaan gadiitiin deebii barbaada.

1. Kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa walitti fufiinsi qabiyyee gilgaalotaa qabaa?
2. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessa dagaagina qabiyyee gilgaalotaa jiraa?
3. Gilgaaloota kitaabichaa keessatti, walitti fufiinsaafi dagaaginni qabiyyee yoo hinjirre ta'e dhiibbaan inni barufi barsiisuu irratti fidu maal?
4. Hanqina walitti fufiinsaafi dagaaginaa qabiyyee gilgaalaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessa jiran haala kamiin fooyyaa'uu danda'u?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa ija walitti fufiinsaafi dagaaginaa qabiyyee gilgaalootaan xiinxaluudha.

Kaayoon gooreen immoo akka armaan gadiitti:

1. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kuta 9ffaa keessatti walitti fufiinsi qabiyyee gilgaalaa qabaachuu isaa xiinxaluun ibsuu
2. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti dagaaginni qabiyyee gilgaalotaa jiraachuufi dhiisuusaa addaan baasee ibsuuf
3. Gilgaaloota kitaabichaa keessatti, walitti fufiinsaafi dagaaginni yoo hinjirre ta'e dhiibbaan inni baruufi barsiisuu irratti fidu tarreessuu.
4. Hanqina walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessa jiran haala kamiin fooyyaa'uu akka danda'an ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

- Faayidaan qorannoo kanaa inni guddaan qophii sirna barnootaa keessatti kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa waltti fufiinsaafi dagaagina gilgaalotan maal akka

fakkaatu adda baasee akka ibsuuf yaadameeti. Kun immoo galma ga’iinsa adeemsa baruu barsiisuu keessatti barnoota Afaan Oromoo akkaataan dhiyaannaa gilgaalaa beekuun barbaachisaadha. Qorannoo kunis barbaachisummaa dhiyaannaa gilgaalootaa ija walitti fufiinsaafi dagaaginaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 bara 2005 qophaa’e dhiyaateefi qophiilee gilgaalotaaf bu’uura ta’uu danda’a.

- Kana malees ogummaa barnootaa Afaan Oromoo kan qaban hundaaf akkaataa gilgaalli walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalaa hubannoo barataa gabbisaa deemu irraa baratu.
- Qaaamni kitaaba barnoota Afaan Oromoofi silabasii kutaa 9[ffaa] qopheessu, rakkoolee walitti fufiinsaafi dagaagina dhabuu gilgaalotaa adda baafachuun furmaata qorannichaan adda baasuutti gargaaramuun maxxansa itti aanaanii dhufaniif akka ciicataatti fudhachuun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutichaa fooyyessuuf gargaara.
- Qorataan gara fuula duraatti mata duree kanaafi kanaan walqabatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannootti gargaaruu danda’a.
- Qorqnnoon kun yoo hojiirra oole barattootni kitaabicharra barataniif qabiyyeen isaan shaakalan yeroo gahaa kenneefii waan shaakalan sana walitti fufiinsaan bifa tartiiba’een salphaarraa gara cimaatti barataa akka deemaniif kallattii kennaaf.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun walittii fufiinsaafi dagaagina gilgaalota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 xinxaluurratti daangeffamee. Kunis kitaaba barumsaa Afaaan Oromoo kutaa 9[ffaa] Ministeerri barnootaa Itoophiyaatiin bara 2005, Kampaalaa Ugaandaa: mana maxxansaa MK pubilishers Ltd qophaa’e irratti yoo ta’u, kitaabni kun boqonnaa 18fi fuula 181 kan qabuudha. Gilgaaloota kitaaba kana boqonnaa kudha saddettan hundasaa sakatta’anii si’a tokkotti ilaaluun waan hin danda’amneef, gilgaala kitaaba kana keessatti dhiyaatan keessaa gilgaalota ogummaa afaanii, akkasumas caasluga, hiika jechootafi faallaa jechootaa, afoola kan shaakalsiisan xiinxaluu irratti xiyyeeffate.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqina qorannoo yoo jedhamu, qorataan tokko yeroo qorannoo geggeessutti adeemsa qorannichaa keessa darbee keessatti rakkowwan isa mudateen walqabata. Haaluma kanaan qorannoo kun bu’aa ba’ii hedduu keessa darbee as gaheera. Qorannoo kana yeroo geggeessa turetti gorsaa waliin yeroo yerootti sababa fageenyaa walarguu dhabuu, interneeta argachuu

dhabuufi mana kitaabaa irraa sababa hojiif jecha fagaachuu, haala nageenya irraan kan ka’e yeroo barbaadetti qorannichaaf raga sassabachuufi karaa deemuu dadhabuun isaan muraasa turan.

Qorannoon kana keessatti haqinni kan biraan gilgaalota murtawwaarratti xiyyeefachuusaati. Kunis gilgaaloota hunda sakatta’anii ilaaluun yeroo dheeraafi baajata baayyee waan barbaaduuf muraasa irratti xiyyeeffachuusaati. Inni kan biraan ammoo qorannoon kun gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaaa sagalii qofarratti xiyyeeffachuusaati. Kanaaf isaan olitti tareeffaman kun hanqinaalee qorannicha keessatti qorataa mudataniidha.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Sakatta'a Barruu

Qorataan tokko mata duree qorannoo irratti geggeessu sirriifi bu'a qabeessa ta'e geggeessuuf yaada hayyootaatiin deeggeruu akka qabu beekamaadha. Barbaachisummaa sakatta'aa barruu Berg (2001:19) yoo ibsu,"A literature review is an account of what has been published on atopic by accredited scholars and researchers" jedha. Akka hiika waraabbii kanaatti, Sakatta'iinsi barruu kan jennu, kanaan dura mata-dureen qorannichaan walfakkaatu qorattootaafi namoota beekamoon kan maxxnfamaniifi walfakkeenya qaban jechuudha. Kunis hojiiwwan qorannichaa yaada hayyootaan deggeranii hojii saayinsawaafi amanamaa gochuuf gargaara. Haata'uu malee, sakatta'a barruu keessatti waan barreeffama hundumaa walitti qabuu osoo hin ta'in kanneen mata-durichaa waliin walsiman qofa sakatta'uun raawwatama. Sakatta'aan baruu dhimma gilgaalaa ilaalchisee, maal akka jedhuufi meeshaaleen barnootaa yoo qophaa'us haalli dhiyaannaa gilgaalaa kitaaba barnoota keessatti maal akka fakkaatu, yaada rimeewwan meeshaalee sirna barnootaafi gilgaalaa yaada hayyootaa dhimma gilgaala irratti barreessaniin deggerame boqonnaa kana keessatti bal'inaan ilaalameera.

Qoratichis mata duree kana jalatti waa'ee meeshaalee sirna barnootaa, faayidaa meeshaalee sirna barnootaa, silabasii, kitaaba barnootaa, qajeelcha barsiisaa, maalummaa gilgaalaa, gosoota gilgaalaa, maalummaa walitti fufiinsafi dagaagina gilgaalaa kitaaba barnootaa keessatti ogbarruun deggeramee maal ta'uu akka qabu ibsameera. Qoratichis akkaataa yaadrimewwan dhimma mata duree kanaan walqabatan sakatt'uun dhiyeesseera. Akkasumas barruwwan walfakkii dhimma gilgaalaa waliin walqabatan kanaan dura qorattootni biroo qorannoo irratti geggeessaniin walbira qabuun garaagarummaafi tokkummaa isaanii ibseera.

### 2.1.1. Meeshaalee Sirna Barnootaa

Meeshaalee sirna barnootaa kan jedhamu, meeshaalee yeroo baruu barsiisuu geggeessuuf karoorfannu, baruu barsiisuu ittiin geggeessinuufi baruu barsiisuun akka bakka gahuuf nu deggeran jechuudha. Allwright (1990) afaan baruufi barsiisuu keessaatti ga'ee meeshaalee sirni barnootaa qabu ilaalchisee akka ibsutti, meeshaaleen barnootaa barattoonni akka

caalaatti baratan, barsiisonni waan barsiisan caalatti hubatanii akka barsiisan taasisa. Isaan kunis akkaataa baruu barsiisuu sana ittiin geggeessamu karaa kan agarsiisan, kan barsiisaa qajeelchan, yoom jalqabee yoom akka xumuramufi akkamitti akka barsiifamu kan qajeelchaniidha.

Heinich (1993) maalummaa meeshaalee sirna barnootaa ilaalchisee akkas jechuun ibse, meeshaaleen barnootaa, barnoota sadarkaa kamiyyuu irratti kennamu haala ittiin odeeffannoo barnootaa toora galee yookiin caalatti akka hubataniif qindaa'ee barataa bira gahuun bu'a qabeessa kan taasiisuudha. Kana malees, barnoota qabatamaa taasisuun qabiyyee barnoota daree keessatti kennamu naannoo isaa waliin walsimsiisee dhiheessuun baruufi barsiisuu daran mijata kan taasiisuudha. Adeemsa hojii baruufi barsiisuu haalan qabatamaa taasisuuf meeshaalee barnootaa qabiyyee barnoota waliin deeman itti gargaaramuun caalaatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa.

Meeshaaleen sirna barnootaa dhimma barattoonni afaan baratan irratti beekumsa haaraa dabaluun gahumsa isaanii akka cimsataniifi akkaataa barnootni fedhii barattoota baratanii guutuu danda'uun kan dhiheessuu; akkasumas barsiisaan adeemsa addunyaa haala qabatamaa keessa jirtuun barnoota walsimsiisuufi gilgaala yookaan gocha daree barnootaa keessatti shaaakalsiisuun, barnoota afaanii ga'umsa qabuufi kaayyoo barbaadame fiixaan baasuu danda'u dhiheessuu akka qabu kallattii kan kennuudha. Meeshaaleen sirna barnootaa qophaa 'ee haala baruu barsiisuu keessummeessuuf mijataa ta'uufi dhiisuu isaa ilaalamuu qaba jechuudha (Cunningsworth, 1984).

Meeshaaleen sirna barnootaa kanneen jedhaman baruu barsiisuu keessatti, barnootni kennamu sun akka galma barbaadame gahuuf kanneen gargaaran jechuudha. Meeshaalee barnootaa kan jedhaman kitaaba barnootaa, silabasiifi qajeelcha barsiisaati. Kuni baruufi barsiisuu geggeessuuf dirqama barbaachisoodha.

### 2.1.2. Faayidaa Meeshaalee Sirna Barnootaa

Meeshaaleen sirna barnoota baruu barsiisuu keessatti faayidaa hedduu qabu. Baruu barsiisuu geggeessuuf murteessaan meeshaalee sirna barnootaati. Gochaalee baruu barsiisuu toora galchuudhaan kamtu yoom eessatti akkamitti baratama kan jedhuuf deebii kenna.

Heinichfi kanneen biroo (1989) faayidaa isaa yemmuu ibsan, faayidaa meeshaalee sirna barnootaa inni ijoon muuxannoo barnootaa kanneen qabatamaa ta'aniifi qabatamaa gidduu madaalli jiru fooyyeessuun walsimsiisee dhiheessu qofa osoo hintaane barattoonni muuxannoo duraan qabaniin akka walfudhachiisaniif nigargaara. Kanaaf mataduree kana keessatti meeshaalee barnootaa qabatamummaa barnootaa dhugoomsuuf daran faayidaa waan qabaniif itti dhimma ba'uun akka barbaachisu ibsa. Meeshaaleen barnootaa, barnoota afaaniin kennamu deeggaruu bira darbuun waantoota afaaniin ibsuun hindanda'amnellee ibsuudhaan qabatamaa taasisuuf akka oolan Walkin (1994) ibse jira. Meeshaaleen kun ogummawwan afaanii barattootaaf kan fooyyeessan, cimsaniifi guddisan ta'uu biratti waaltinaafi guddina afaanichaa keessatti ga'ee olaanaa qabu. Barattoonnis fuula duratti dandeettii waliigalaa akka qabaataniifi qorannoo sadarkaa adda addaarratti isaan quunnamuuf akka of qopheessan gargaaruu; keessaayyu, barattoonni sadarkaa tokkoffaa afaanicha sirriitti akka baratan, waa'ee afaanichaas akka hubatan meeshaaleen barnootaa ga'ee qaba. Haaluma kanaan, meeshaaleen barnootaa barsiisonni afaanicha haalan akka barsiisan, barattoonni isaanii beekumsa waliigalaa akka qabaatan taasisuufi ofii isaanitii dubbisuun hubannoo akka argatan, qorannoofis akka ofqopheessan taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Asaayyee (2007) Allwright (1990) afaan baruufi barsiisuu keessaatti ga'ee meeshaalee sirna barnootaa qabu ilaalchisee akka ibsanitti, meeshaaleen barnootaa barattoonni akka caalaatti baratan, barsiisonni waan barsiisan caalatti hubatanii akka barsiisan taasisa. Itti dabaluun kitaabni baratаa wantoota murtaa'oo qofarratti hunda'uun gahaa waan hintaaneef meeshaalee barnootaaf oolan itti faayadamuun barnoota bu'aa qabeessa taasisa.  Kun kan agarsiisu barnoota afaanii keessatti waan barnooticha qabatamaa taasiisan meesahaalee hunda itti gargaaramuun akka barbaachisu nu hubachiisa. Akka Cunningsworth (1984) jedhutti meeshaalee barnootaa meeshaalee barnoota afaanii kaayyoo baratttonni afaan sana barataniif fiixaan baasuufi dhiisuu isaanii kan ittiin adda bahee beekamuu qabudha. Kana jechuun, jalqabuma bifa kaayyoo yaadame galmaan gahuu danda'aniin qophaa'inii jiru moo hinqophoofnee kallattii jedhuun ilaalamuu qabu jechuudha.

Meeshaalee barnoota yeroo qophaa'uu ogummaan afaanii barsiifamuufi caasaalee afaanii kitaaba barnootaa keessatti barsiifamuu qaban hunda isaanii boqonnaadhaa gara boqonnaatti

walitti fufiinsaan akkaataa hariiroo waliin qabaachuu danda’anii akka dhiyaatuuf gargaara. (Cunningsworth, 1984).

Walumaagalatti meeshaaleen barnootaa waantoota olitti tarreeffamaniif kan gargaaruudha. Akka yaada olirraa hubannutti meeshaaleen barnootaa baruu barsiisuu geggeessuuf bu’uura kan ta’eefi waan baratamu sana fiixaan baasuuf murteessaa ta’uu agarsiisa.. Meeshalee barnootaa baruu barsiisuu kunis kanneen akka silabasii, qajeelcha barsiisaafi kitaaba barataati.

### 2.1.2.1. Silabasii

Meeshaalee sirna barnootaa keessaa tokko silabasiidha. Silabasiin adeemsa qophii sirna barnootaa keessatti sadarkaa koorsiin kaayyolee qabatamaatti haala madaalamuu danda'uun caccabee dhiyaatudha. Mata-duree yookiin qabiyyee yeroo beekame keessatti hammatamu, mala baruu-barsiisuu kan barbaachisummaan koorsiifi haalli qorumsaa keessatti ibsamu qabata. ‘Syllabus, on the other hand, refers to that subpart of curriculum they will be taught, which is a matter for methodology.’ Allen (1984: 61). *S*ilabasiin qaama sirna barnootaa ta’ee, waanta barsiisuu kan of keessatti qabateedha. Kanaaf yaada kanarraa waanti hubatamu silabasiin karoora baruu barsiisuu isa guddaafi mala baruu barsiisuu kan ofkeessaa qabuufi gochawwan daree keessatti raawwatan kan haammateedha.

Stern (1984) gama isaatiin akka ibsetti, silabasiin tarreeffama karooraa ta'ee kaayyoon sirna barnootaatiin wixinneeffamee eenyuun akka hojjetamu, akkamittiifi yoom akka hojii irra oolu namatti mul'isa.Tarreeffama karoora raawwiiti. Garaagarummaan sirna barnootaafi silabasii gidduu jirus kanuma qaamaafi kutaati. Sirni barnootaa cuunfaa yookaan yaada walii galaa yommuu ta'u, Silabasiin yaadicha bal'isee dhiyeessuun karoora raawwii tokko tokkoon kan of keessaa qabudha. Sirna barnootaa tokkicha irraa silabasonni hedduunis qophaa'uu danda'u. Yaada haayyota kanaa irraa waanti hubatamu inni guddaan, Silabasiin kitaaba barataatiif bu'uura ta’uufi bifa karoora raawwiitiin tarreeffamee qophaa'uun kan hojii irra oolu, caalmaan babal'ifamee kitaaba barataatti erga jijjiirameen booda yaadawwan silabasii keessatti gabaabinaan dhiyaatan babal'atanii gara firiitti kan jijjiiraman kitaaba barataa keessattidha. Kanaafuu, qophiin kitaaba barataa kallattiin silabasii wajjiin kan walqabateefi, qabiyyeen kitaaba barataa sana keessatti qophaa’u immoo akkaataa fedhii, dandeettiifi

sadarkaa barataa wajjiin walsimee qophaa'uu qaba. Akkasumas, qabiyyeewwan barnootaa qophaa'aniifi shaakala gilgaalotaaf yeroon ga'aan kennamuudhaa yoo baate kaayyoofi galmi yaadame hin milkaa'in hafa. Walumaa galatti, kaayyoon barnootaa kan sirna barnootaa keessatti wixinneeffame silabasii, qajeelcha barsiisaanfi, kitaaba barataatiin hojiirra oola.

### 2.1.2.2. Qajeelcha Barsiisaa

Qajeelchi barsiisaa meeshaalee sirna barnootaa keessaa tokko ta'ee kan kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuurratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'e kennuun haala baruufi barsiisuuf tumsa godhan keessaa tokkoodha. Akkasumas gilgaalotaafi shaakaloota garagaraa dhiyeessuufi meeshaalee deeggarsa barnootaa eeruun kaayyoo barumsichaa galmaan ga'uurratti hojii baruufi barsiisuu kan tumsu akka ta"e qajeelchi barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa (1995:v) ni ibsa. Kana malees qajeelchi barsiisaa waantoota inni of keessatti haammate qophaa'uu qabu Brown yoo ibsu,

- ❖ Qajeelchi barsiisaa mala baruu barsiisuu gahumsa kan qabuudhaa?
- ❖ Qabiyyee kitaabichaan haalaan kan walsimeedhaa?
- ❖ Gilgaaloota dabalataa kennee jiraa? (Brown 2000) isaan kana of keessatti haammate immoo hin hammanne kan jedhu ilaalamuutu irra jira. Kanaaf qajeelchi barsiisaas yoo qophaa'u waantoota akka gaaffitti olitti ka'aan kana hammatee dhiyaachuu akka qabu nu hubachiisa.

### 2.1.2.3. Kitaaba Barataa

Kitaabni barnootaa kitaabilee baru barsiisuuf jedhamee qophaa'u ta'ee bifa ittiin barsiisuun danda'amuun kan qophaa'uudha. Kitaabni barnootaa yoo qophaa'u qabiyyee, gilgaalli bifa walmadaalaa ta'een boqonnaalee hunda keessatti dhiyaachuu qaba. Kitaaabni barnoota Afaanii immoo yoo qophaa'u waantoota baruu barsiisuu Afaanii tumsan yookaan gargaaran hunda hammatee qophaa'uu qaba. Kunis qabiyyees ta'e gilgaalli qophaa'u salphaarra gara cimaatti, kan beekaman irraa gara hin beekamneetti tartiibessuun qophaa'uu qaba.

Meeshaalee baruu barsiisuu kaayyoo barnootaa galma akka ga'u gahee taphatan keessaa kitaabni barnoota Afaanii isa tokkodha. Richards (2001: 251) kitaabni barnoota Afaanii meesahaalee baruu barsiisuu akka galma gahu milkeessan keessaa isa olaanaadha. Daree

barnootaa keessatti kaayyoo barnootichaa dhugoomsuuf qabiyyeewwan tartiibaan qindoomanii kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatan irratti hunda'a.

Akka Brown (2000), hiika itti kennetti kitaabni barnootaa kitaaba sirna barnootaa keessaatti tajaajila kennudha. Cook (2001) kitaabni barnootaa barataan karaa garagaraa akka baratu gargaara. Ogumman afaanii baratamuu qaban unkaa ittiin to'atamuu danda'anitti caccabsuudhaan haala itti baratamuuf qophaa'an; salphaa irraa gara cimaatti, beekamaarraa gara kan hinbeekamneetti tarreessuun dhihaachuu akka qaban ibsa. Kana malees, akka beektonni jedhanitti kitaabni barnootaa barsiisota muuxannoo barsiisummaa gahaa hinqabne qajeelchuudhaan gahee leenjistummaas nitaphata.

Kitaabni barnoota Afaanii galma gahiinsa barnoota Afaaniif gahee olaanaa qaba. Richards (2001:251) kitaabni barnoota afaanii meesahaalee baru barsiisuu galma barbaaadameen gahan keessaa isa gahee guddaa qabuudha. Kunis daree barnootaa keessatti kaayyoo barnootichaa dhugoomsuuf qabiyyewwanfi gilgaalli tartiibaan qindoomanii kitaaba barnootaa keessatti yoo dhiyaateedha. Kitaabni barnoota afaanii dandeettiwwan afaanii arfan barattootni sirritti akka shaakalaniif baayyee murteessaadha. Ogummawwan afaanii kun bu'aa barbaadame fiduu kan danda'an, akkaataa gilgaalonni barnoota afaanii keessatti qindaa'ee dhiyaateen yoo hojiitti hiikame akka ta'e Richards (2001: 69) yoo ibsu 'Implamentation consists of the process of putting in to practice, an idea, program or set of activities and structures new to the people attemting or expected to change' jedha.

Brown (2000) Robinet (1978) eerudhaan, kitaaba barnoota afaanii keessatti gilgaalonni dhihaatan lakkoofsi isaanii hanga kana ta'uu qaba jechuudhaan kaa'uudhaa baatuyyuu, hangi isaanii kan walgiteefi gilgaala gosa garaagaraa kan dhiheessu ta'uu akka qabu ibsee jira. Gilgaalonni kitaaba barnoota Afaanii keessatti dhiyaatan lakkoofsaan kan hin daangeffamnefi gosi garaagaraa kan dhiyaatu ta'uusaa nu hubachiisa.

Jain (2008) waa'ee kitaaba barnootaa yoo ibsu, kitaabni barnootaa tokko ulaagaawwan gaariidha jechisiisan keessaa barnoonni kitaabichaan dhihaatu beekumsa haaraa barattootaaf kan dabalu ta'u akka qabu ibsee jira. Kanaaf kitaabni barnootaa yoo qophaa'uu galma barbaadame bira gahamuu akka danda'amuttii ilaalcha keessa galuu qaba. Karaa biraan immoo qabiyyeen salpharra gara cimaatti, waan beekamurraa gara waan hin beekamnetti

tartiiba'ee qophaa'uu qaba. Qabiyyewwan kitaaba barnoota Afaanii keessatti dhiyatan kan beekumsa haaraa barattootaaf dabalan jijjirama amalaa barattoota irratti fidan yoo ta'ee filatama.

Walumaagalatti,gaheen kitaabni barnootaa, barnoota afaanii keessatti qabu daran olaanaadha. Beektonni addaddaa kanneen armaan gaditti tarreeffaman bu'aawwan kitaaba barnootaati jedhu, (Richrds and Renandya, 2002).

A. **Caasaa sagantaa sirna barnootaa dhiheessuu**: kitaaba barnootaa malee sagantaa barnootaa wiirtuu qabaachuu hindanda'u. Kitaaba barnootaan ala barattoonni sirna barnootaa haala bu'aqabeessa ta'een qindaa'ee argachuu hindanda'an. Kana jechuun, kaayyoon afaan baratamuuf duraa duubaan qindaa'ee kitaaba barnootaatiin waan dhihaatuuf; barattootaaf caasaa sirna barnootaa bifa sirna qabuun dhiyeesuuf kitaabni barnootaa gahee bakka bu'insa hinqabne kan qabu ta'uusaati.

B. **Barnoota walfakkeessuuf gargaara**: Kitaabni barnootaa barattoonni qabiyyee barnootaa walfakkaataa akka baratan gargaara. Kana jechuun, barattoonni naannoo walirraa fagoo jiraatanillee qabiyyeen barnootaa kutaa sanaaf ta'u kitaabaa barnootaatiin hammatamee waan dhihaatuuf, sadarkaa barnoota isaaniitiin barnoota walfakkaataa akka baratan taasisa jechuudha.

C. **Qulqullina barnootaa eeguuf gargaara**: kitaabni barnootaa akkaataa gaariidhaan qophaa'e yeroo hojiirraa oolu barattoonni meeshaa barnootaa madaalameefi sadarkaasaa eeggateen barachuuf carraa argatu. Qabiyyee barnootaa barumsa tokkoof ta'u dhiheessuu qofaan osoo hindaangeeffamiin gilgaalotaafi gaaffiileen madaallii addaa addaa qabiyyee baratamu giddugaleessa godhachuun qophaa'uu qaba. Qabiyyee gilgaalotaafi gaaffilee giddugaleessa godhatan kitaaba barataa keessatti dhihaachuun; kun ammoo, qulqullina barnootaa fiduu keessatti shooraolaanaa qaba.

D. **Barnootaaf deeggarsa addaddaa dhiheessa**: Barsiisaafi barattoonni meeshaalee dabalataa akkamitti gargaaramanii beekumsa dabalataa akkaataa itti argachuu danda'an eeruudhaan ciicaata dabalataa kennuudhaaf gahee guddaa qaba. Meeshaalee barnootaa dabalataa kanneen akka teeppii, fakkiiwwanii, chaartii kkf, yoom fayyadamuun akka isaanirra jiru qajeelfama barbaachisaa kennuudhaan kitaabni barnootaa gahee olaanaa taphata.

E. **Yeroo qusata**: Barsiisaan meeshaalee barnootaa ofiin qopheessuudhaan yeroon isaa osoo hinqisaasa'in qophii barnootaa qofa irratti akka xiyyeeffatuuf gargaara. Kana jechuun, qabiyyeen barnootaa barsiifamuu qabu, duraa duuba akkamiitiin dhihaachuu akka qabu, kitaabaa barnootaa keessatti dhihaata. Kanamalees, fakkeenyota addaa addaafi gilgaalota shaakallii dabalatee kitaabota barnootaa keessatti waan dhihaatuuf barsiisan tooftaalee addaa addaatti gargaaramee barsiisuu malee maalan barsiisa karaa jedhuun hanqinni isa hinmudatu jechuudha.

F. **Dandeetti barsiisaa cimsu:** Barsiisaa muuxannoo gahaa hinqabne qajeelchuun karaarra buusuuf fayyadu. Akkuma olitti eerame barsiisaan akkaataa kitaabni barnootaa qajeelchuun qabiyyee barnootaa dhiheessuu irraa kan hafe waan haaraa lafaa qopheessee barsiisuuf waan hindhiphanneef kitaabichumaan qajeelfamee barsiisuu danda'a jechuudha. Qabxileen kanaan olitti dhihaatan bu'aa kitaabilee barnootaa sagantaa barnootaa keessatti qabaniifi faayida inni baru barsiisuu keessatti qabu kan bal'inaan ibsaniidha. Kanaafuu kitaabileen barnootaa gahuumsaafi qulqullinaan qopheessuun barattoota fayyadamoo taasisuuf yeroo yerootti kitaabban barnootaa xiinxaluu fooyyeessuun babaachisaadha. Karaa biraatiin, kitaabileen barnootaa miidhaa akka qabaachuu danda'an hayyuuleen adda addaa ibsu. Miidhaaleen kitaabileen barnootaa geessisanis kanneen gaditi: Qabiyyee barnootaa dabsuun dogoggora uumuu danda'u. Gilgaaiota fedhii barattootaatiin walsiman dhiheessuu dhiisuu danda'u. Barsiisaan kitaaba barnootaa qofarratti akka hirkatuufi dubbisudhaan, dandeettiisaa akka hin gabbifanne taasisuu danda'u.

#### 2.1.2.3.1. Ulaagaalee Filannoo Kitaaba Barnootaa Gaarii

Richardsfi Renandyaan (2002) kitaabni barnootaa, kan barsiisuu qofa osoo hintaane; kan madaaluus ta'uu qaba; jedha. Bu'uuruma kanaan, kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee armaan gadiitin filatamuu qaba.

- Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa kan giddu galeessa godhate, Barnoota haala jiruufi jireenya barattootatiin walsimsiisuun haala gaariidhaan kitaaba dhiheesse, Kitaabichi kaayyoo barnootaa hunda ofkeessatti kan hamate ta'uu qaba.

- Gilgaalota shaakalchiisuufi dalagaalee addaddaa xumura boqonnaatti kan keessatti dhihaate, Kitaabichi kan hamilee barattootaa ijaaruu ta'uu, hawwataafi dogoggora maxxansaarra bilisa ta'uu qaba.

Karaa biraatiin, ulaagaa kitaabni barnootaa guutuu qabu bifa gabaabina qabun kanneen dhiheessanis jiru. Kunis, kitaabilee barnootaa adeemsa baruu barsiisuuf dhihaatan caasaafi qabiyyeewwan afaanii addaa addaa haala ittiin barsiisuudhaaf dhiheessaniidha. Dhihaannan caasaafi qabiyyee isaaniis salphaarraa gara cimaatti kan deemudha McDonough and Shaw (1993). Haaluma walfakkaatuun, ulaagaa kitaabni barnootaa dhihaatu guutuu qabu ilaalchisee, haala itti aanuun ibsanii jiru.

- Daangaa qabaachuu
- Iftoomaa qabaachuu
- Salphummaa qabaachuu
- Yaadrimee qabaachuufi barbaachisummaa qabaachuu qaba jechuun ibsu.

Baru barsiisuu barnoota afaanii keessatti gochaalee akkamii of keessatti qabaatufi baratamuu akka qabu kan agarsiisu silabasii barnootaati. Silabasiin barnootaa gochaalee kitaaba barataa keessatti shaakalamuu qaban hunda karaa ifa ta'een Barnoota Afaan oromoo kutaa barnootichaan walsimanii dhiyaachuun murteessaadha. Yaada kanas hayyuun Nunan yoo ibsitu, "Gochaalee daree barnootaa raawwataman kun immoo silabasii bu'uureffachuun kitaabilee barnootaa afaanii keessatti maaltu akka barsiifamuu qabu duraa duubaan taa'uu qabu (Nunan,1988).

Gilgaalonni (gochaaleen) qopha'aan kitaaba barnoota keessatti walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee hin qaban taanaan gocha boqonnaa tokko keesatti shaakalanii boqonnaa itti aanu keessatti yoo walitti fufiinsa dhabee yookaan walfakkaachuu dhabe waanta shaakalan sun boqonnaa boqonnaatti haaraa waan itti ta'uuf barattootni rakkachuu danda'u. Haaluma walfakkaatuun gilgaalli (gochi daree keessaa) akkuma walitti fufiinsa qabaachuun qopha'uu qaban, dagaaginas qabaachuu qabu. Dagaagina yoo jedhamu immoo gilgaalli qophaa'uu boqonnaa tokko irraa gara boqonnaa biraatti salphaarraa gara walxaxaatti deemuu qaba. Kunis, gochi boqonnaa tokko keessatti shaakalan qabiyyeen isaa dabalaa yookaan cimaa deemuu qaba jechuudha. Kanaaf meeshaaleen barnootaas ta'e, kitaabni yeroo qophaa'u

walitti fufiinsaafi dagaaginni qabiyyee gilgaala xiyyeeffannoo keessa galee qophaa'uu baayyee barbaachisaadha. Kanaaf, gilgaalonni salphaa irraa gara cimaatti, yaada ifaa ta'e irraa gara yaada walxaxxaatti, yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qindaa'uu qabu (Nunan,1989).

### 2.1.3. Maalummaafi Faayidaa Gilgaalotaa

#### 2.1.3.1. Maalummaa Gilgaalaa

Gilgaalli adeemsa baruu barsiisuu keessatti tooftaa qabiyyeen kitaabilee barnootaa keesatti barsiifaman kan ittiin shaakalsiifamudha. Qabiyyeen barsiifamu kun barattootni haaala gaariin shaakalanii akka hubataniif gilgaalonni gahee guddaa qaba.

Gilgaala ilaalchisee Nunan yoo ibsitu,

> *A task is"a piece of classroom work which involves learners incomprehending manipulating, producing or interacting in the target language while their attention is principally focused on rteaning rather than on form". A Task provides a purpose for the use and learning of language other than simply learning language (Nunan, 1989: 10)*

Akka yaada hayyuu kanaatti gilgaalli hojiiwwan kutaa keessatti raawwataman keessaa isa tokko ta'eefi kan barattootni gargaarsa barsiisaan waan baratan gadi fageenyaan afaan waligalteef itti fayyadamniidha. Kanamalees gilgaalli hojii kutaa keessatti dalagamu/ raawwatamu/ ta'ee kan sadarkeeffame ta'uu qaba. Akkasumas hayyyuun Nunan fi Bygate gochaalee daree keessaa yoo ibsan: 'Task is a classroom activity which involves learners with the help of the teacher in comprehending, manipulating, producing or interacting in the target language with a communicative goal.'(Nunans and Bygates1989). Akka yaada kanarra hubatamuutti gilgaalonni (dalagaalee) hojiiwwan daree barnootaa keessatti raawwatu ta'ee kan barattootni barsiisaan gargaaramanii /deggeramanii/ raawwataniida. Kunis gilgaalota kanatti gargaaramuun barattootni daree keessatti qabiyyeewwan baratan kan ittiin shaakalan, dandeettiiwwan afaanii hunda afaan walii galteef kan ittiin dhimma bahaniidha. Akka Nunan ibsitetti, gilgaalonni barnoota afaanii keessatti ogummaan afaanii barnootaf dhihaate kan ittiin shaakalamu waan ta'eef, bakka guddaa qaba. Gilgaalonni kun ammoo, haala barataan shaakaluu danda'uun dhihaachuun isaanii amala gilgaala gaarii isaan jechisiisu akka qabaatan yaada armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama. Akkasumas haala dhiyaannaa isaa

ilaalchistee dhiyaannaan gilgaalaa akkaataa dandeettiifi ga’umsa barattootaan akka dhiyaatu ibsiti (Nunan, 1985).

Haaluma walfakkaatuun, akka Richardsfi Renandyan (2001) Prabhu (1987) wabeeffachuun ibsanitti, gilgaaloonni (dalagaaleen) gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan arga tangargaaramuun waan barataniin milkaa’uuf raawwatanidha. Adeemsi barnoota afaanii kun immoo, gochaalee gilgaalaan dhihaatan dalaguufi shaakaluu irraatti kan xiyyeeffatedha. Meeshaalee barnootaa afaan barsiisuuf qophaa’an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagaawwan gilgaalotaaf xiyyeeffannaa kennu. Sababnisaa, unka afaanii barnootaaf dhihaatu gilgaalotan shaakalamuun baratama. Kanaafuu, haalli gilgaalli itti qindaa’ee shaakalamu adeemsa barnootaa mul’isuu danda’a jechuudhaan ibsanii jiru. Akka yaada hayyoota kanaarraa hubachuun danda’amutti, gilgaalli dalagaa barnoota afaanii keessatti raawwatamu ta’ee; kitaaba barnootaatiin qindaa’ee kan dhihaatudha.

Nunan (1989) akka ibsiteetti gilgaalli dalagaa barattoonni ciicata barnootaa argataniin haala qabatamaa keessaatti dalagaan kan murteessu gaaffiilee adda addaa waan ta’eef, gilgaalonni barnootaaf dareetti dhihaatan haala qabatamaa dhugaan walfakkaachuu qabu. Akkuma beekamu malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru, mala afaan waliigalteef barsiisuuti. Kun immoo barattootni seera qofaarrtti kan xiyyeeffatan osoo hin taanee waligalteerratti akka xiyyeeffatan godha. Kanaaf gilgaalonni barattootni afaan waligaltee shaakalan kun haala gaariin dhiyaachuun murteessaadha. Gochaaleen yookaan gilgaalonni haala gaarii bifa walitti hidhatiinsa qabuun hin dhiyaatu taanaan shaakalli isaan qabiyyee sana hubachuuf taasiisan addaan ciccitaa ta’ee kaayyoo barbaadamee galmaan gahuurratti gufuu ta’a. Qabiyyeen isaan shaakalan sun yeroodhaa gara yerootti dabalaa deemuu qaba.

### 2.1.3.2. Faayidaa Gilgaalli Baruu Barsiisuu Keessatti Qabu

Gilgaalli lafee dugdaa baruu barsiisuuti. Kitaabni barnootaa tokko yoo qophaa’u, qabiyyee kitaabicha keessatti barsiifamuu barbaadame tokko sirritti akka hubatamu gochuuf gilgaalli ittiin qabiyyee sana shaakalan jiraachuun dirqama. Kanaaf kitaaba barnootaa tokko keessatti gilgaalli baayyee murteessaadha. Akkasumas gahee isaa olaanaa ba’achuufi immoo kitaabni barnootaa gilgaalaan walitti hidhata cimaa qaba. Kunis kitaaba

barataa keessatti waanti barsiifame barattootni hubachuufi dhiisuu isaanii waanti ittiin adda baafannu gilgaala. Qabiyyeen kitaaba barataarraa barsiifame barattootni hubachuufi dhiisuu isaanii kan ittiin adda baafannu yoo kitaabicha keessatti gilgaalli qapha'ee barattootni akka shaakalan shaakalan ta'e qofaadha. Kanaaf immoo kitaabni qophaa'ee yoo gilgaala hin qabaatiin qabiyyeen barsiifame sun hubatamuu hin danda'u. Akka Nunan (1989) ibsetti, mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti, dhihaannaan dalagaa irratti hundaa"e gilgaalaaf bakka guddaa qaba. Dhihaannaa kana keessatti, adeemsi barachuufi barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hundaa"edha. Gochi ammoo, gilgaala adda addaa dalaguudha. Dhihaannaa afaan waliigalteef barsiisuu kanaan barsiisuuf, barsiisaan qaama afaan baratamuuf gilgaalota qindaa'an dhiheessa; barattoonni ammoo, gilgaalota dhihaatan dalaguu keessa afaan baratu jedha. Yaada kanarra waanti hubatamu barsiisuun jiraatee jennaan gilgaalli jiraachuun dirqama akka ta'e nama hubachiisa. Sababiin isaas waan baratan hubachuuf gochi jiraachuu qaba; gochi kun immoo bifa gilgaalaan kitaaba barnootaa keessatti dhiyaata qabiyyee baratan sana shaakalsiisa waan ta'eefiidha.

### 2.1.3.3. Gahee Gilgaalonni Afaan Barsiisuu Keessatti Qaban

Gilgaalonni barnoota Afaanii, dandeettiwwan Afaanii dabalatee seerlugaa, hiika jechoota kan of keessa qabu ta'ee, qabiyyee kitaaba afaanii keessatti dhiyaatan hunda kan shaakalsiisan ta'anii dhiyaachuu qabu. Richards (2001:161) gahee gilgaala barnoota afaanii yoo ibsu, 'A task is an activity or a goal that is carried out using language such as giving direction or reading a set of instruction & assembling a toy' jedhee ibsa. Kanarra wanti hubatnu gilgaalli barnoota afaanii gocha yookaan galma kan of keessaa qabuufi kallattii kan kennu yookaan qajeelfamoota kan of keessaa qabuudha. Hayyoonni akka Harmer gahee gilgaalli afaan barsiisuu keessatti qabu yoo ibsu, Gilgaalonni barnoota afaanii keessatti dhiyaatan dandeettiwwan afaanii walitti qindeessuun barsiisuun barbaachisaa yookaan bu'a qabeessa akka ta'e ibsa (Harmer 1991:152).

Kitaabilee barnoota afaanii keessatti gilgaalonni dhiyaatan kaayyoon gilgaalonni kunniin qaban ifatti yoo beekkame mala dhiyaannaa gilgaalotaa, gosa gaaffiileefi amalli gaaffiileen ittiin qophaa"an of eeggannoo guddaa barbaada. Kun ammoo barattoonni dandeettiiwwan afaanii hunda akka gonfatan isaan gargaara. (Nuttall, 1982:132). Qabiyyeewwan gilgaalota

kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan immoo dandeettiwwan afaanii: dhaggseeffachuu, dubbisuu, barreessuu, hiika jechootaa hubachuufi seerluga afaanichaa barsiisuuf gilgaalota qophaa‟an keessatti dhuunfaanis ta‟ee gareedhaan daree barnootaa keessatti shaakaluun dandeettiiwwan afaanii kanneen akka gonfatan barattoota gargaara. (Ur,1996:21) Akkuma hiika shaakala gilgaalotaa irraa hubannutti gilgaalonni barnoota afaanii kaayyoowwan barnoota afaanii kitaaba barataa keessatti hammataman barattoota shaakalchiisuun galma gaha. (Ur,1996:19).

Daree barnootaa keessatti gilgaalonni barnoota afaanii karaalee shaakalaman keessaa tokko af-dubbiitti fayyadamuudhan. Ijoolleen yadaafi muuxannoo isaanii ibsachuuf af-dubbiin hunda caalaa baay‟ee barbaachisaafi yeroo baay‟ee kan irra deddeebi‟ee dhiyaatuudha.Kun ammoo waa‟ee mataa isaaniis ta‟ee addunyaa kanaa ittiin ibsachuuf gargaara jechuun (Ur,1996:21, Cregan,1998) wabeeffachuun ibsee jira.

Akka Nunan (1989) ibsiteetti, mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti dhihaannaan dalagaa irratti hundaa’e gilgaalaaf bakka guddaa qaba. Dhihaannaa kana keessatti adeemsi barachuufi barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hundaa’edha. Gochi ammoo, gilgaala adda addaa dalaguudha. Dhihaannaa afaan waliigalteef barsiisuu kanaan barsiisuuf barsiisaan qaama afaan baratamuuf gilgaalota qindaa’an dhiheessa; barattoonni ammoo, gilgaalota dhihaatan dalaguu keessa afaan baratu. Nunan,(1989) gilgaalota kana bakka gurguddaa sadiitti qooduun ibsiti. Isaanis:

#### 2.1.3.3.1. Gilgaalota Odeeffannoo Hir’ate Guutuuf Dhihaatan

Gilgaalonni gosa kanaa odeeffannoo nama tokko irraa nama biraatti yookiin bakka irraa bakka biraatti qaxxaamursuu kanneen danda’anidha. Sababiin isaas, odeeffannoo barataan tokko beeku, barataan biraan beekuu dhiisuu waan danda’uuf wanta beekaniifi muuxannoo akka waljijjiiran taasisa. Kunis gilgaala akka hojii cimdii hojiichisutti ilaala. Hojii cimdii keessatti ammoo, barattoonni hundi waliin dubbachuun, odeeffannoo barbaadame kennuu keessatti qooda fudhatan qabu. Fakkeenyaaf, fakkii hinxumuramne tokko dhiheessuun ergaa isaaa akka afaaniin ibsan taasisuudha.

#### 2.1.3.3.2. Gilgaalota Sababa Ibsuu Barbaadan

Gosni gilgaalaa kun ammoo, odeeffannoo dhihaaterratti hundaa'uudhaan odeeffannoo haaraa akka maddisiisan taasisuuf sababa qabatamaa dhiheessuudha.

#### 2.1.3.3.3. Gilgaala Yaada Ofii Ibsuu Gaafatan

Gaaffiilee gilgaalota gosa kanaatiin dhihaatan haala dhihaate keessatti deebii fedhii, miiraafi ilaalcha kan adda baasanidha. Kan ammoo, odeeffannoo qabatamaa fayyadamuun yaadaa ofii ibsuuf gargaara. Haata'u malee, bu'aan isaa sirrii ta'uu yookiin sirrii ta'uu dhabuu kan mul'isu adeemsa tokko ta'e hinqaba.

Karaa biraa immoo amaloota gilgaala gaarii isaanii ilaachisee Nunan, (1989) yoo ibsitu,

- Barattootni ogummaa afaanii brataniin hojjechuufi shaakaluu akka danda'an kan taasiisu
- Haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun kan dandeettii waliigaltee daree barnootaa keessatti shaakalsiisu,
- Barattootni rakkoo akka furan kan taasiisu,
- Waanta qabatamaa dhugaarratti kan hundaa'u
- Barattootni akka irrra deebi'anii shaakalan kan taasiisu ta'uu akka qabu ibsa.

### 2.1.4. Maalummaa Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalota

Akka caasaa sirna barnootaa keessatti, gilgaaloonni kitaaba barnootaa keessatti barnootaaf oolan kutaa murtaa`aa keessattis ta'ee, kutaawwan itti aanan keessatti bifa walitti fufiinsa qabaniin ijaaramuu qabu. Sababi isaas, barataan tokko yaada sana irra deddeebiin yoo shaakale qabiyyicha gadi fageenyaan akka hubatu isa taasisa. Kanaafuu, kitaaba tokko keessatti gilgaalonni filataman haala walitti fufinsa qabuun dhiyaachuu qaba. Akkasumas, kutaa itti aanu faanas walitti fufinsi jiraachuu qaba. Maalummaa walitti fufiinsa gilgaala hayyuun Nunan yoo ibsitu. 'Task continuity refers to the chaining of activities together to form a sequence, in which the successful completion of prior activities is a prerequisite for succeeding ones'(Nunan,1989). Yaada kanarra waanti hubatamu walitti fufiinssi gilgaalaa, gilgaaloota /gochaalee/ itti aananii dhufaniif bu'uura kan ta'eefi gilgaalonni kun immoo walqabatanii kan waliin deeman ta'uu agarsiisa. Qabiyyeen gilgaalotaa kitaaba barnootaa

keessatti dhiyaatan walitti fufiinsa qabaatanii inni boqonnaa jalqabaa keessatti dhufe, isa boqonnaa itti aanuuf wal kan utuban yookaan bu'uura kan waliif ta'aan ta'uu qabu.

Nunan (1989) gilgaalonni, yoo qophaa'u akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun qindaa'ee sadarkeeffama. Adeemsa tartiibeessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hundaa'an irraa ka'uun gara gilgaalota to'annaan dalagamaniitti adeemama. Dhuma irratti ammoo, gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattoota hirmaachisanitu dhihaata. Akka yaada Nunan kanarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli barnoota dareetti barataaf dhihaatu sadarkeeffamuun qindaa'uu qaba. Haallii ittiin sadarkeeffamuu ammoo, hubannoofi dandeettii barattootaarratti kan hundaa'ee ta'uu qaba. Innis, sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa xiyyeeffannaa keessa kan galche ta'ee; yaada kamtu dura dhufuufi kamtu itti aanee dhufuu qaba kan jedhuun kan walqabatedha. Karaa biraa, gilgaalonni salphaa irraa gara cimaatti, yaada ifaa ta'e irraa gara yaada walxaxaatti, yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qindaa'uu qabu (Nunan, 1989).

Yaada kana Tasfaayeen (1981) yoo ibsu, walitti fufinsi qabiyyee muuxannoo barnootaa sirriifi filatamaa ta'een sirna barnootaa gahumsa qabu hundeessuu keessatti gahee inni qabu olaanaadha. Walitti fufiinsa yeroo jennus gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee gilgaalaa deddeebi'ee kan dhufu ta'ee; garuu gaddachaa kan deemu ta'uu qaba jedha.

#### 2.1.4.1. Kitaaba Barataa Keessatti Barbaachisummaa Walitti Fufiinsa Gilgaalaa

Walitti fufiinsi gilgaalaa kitaaba barataa keessatti baayyee barbaachisaadha. Kunis gilgaaalli qophaa'u yoo yaa'isa hin qabaanne, hubannoo barattootaa hirrisa. Boqonnaa tokkorraa boqonnaa biraatti akkaataan itti qophaa'u walitti fufiisa qabiyyee qabaatee, gocha boqonnaa tokko keessatti dalagan itti fufiinsaan boqonnaa itti aanu keesattis akka barattootni irra deebi'anii shaakalaniif yookaan akkaataa itti gilgaala shaakalanfi qabiyyee baratan sana bilcheesanii beekuudhaan dandeetti afaanii shaakalaniif isaan gargaara. Nunan waa'ee walitti fufiinsa gilgaalaa yoo ibsitu: 'Task continuity refers to the chaining of activities together to form a sequence, in which the successful completion of prior activities is a prerequisite for succeeding ones' (Nunan 1989). Yaada kanarraa wanti hubatnu walitti fufiinsa gilgaalaa yoo jennu walitti hidhatiinsa gochaalee kitaaba barnootaa keessatti argamuun ta'ee gochaaleen kunis kan tartiibessamanfi gochaalee walirratti hundaa'uun kan dhiyaatan ta'uu akka qaban

ibsa. Kanaaf wlitti fufiinsi gilgaala kitaaba barnoota keessatti yoo jiraate barattootni waan shaakalan sana sirriitti bilcheessanii akka hubatan isaan taasiisa.

Akkasumas Tasfaayeen waaa'ee walitti fufiinsaa yoo ibsu,'**ተካታታይነት ስባል በአንድ የትምህርት አይነት ዉስጥ እየደገ ግን በተደጋጋም የሚመጠ ኣላማ ነው'** (**ተስፋዬ**፣1981፥ 41) ። jedha. Yaada kun akka jedhutti walitti fufiinsa yoo jennu gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee kitaabichaa irraa deddeebi'ee garuu guddachaa kan dhufu akka ta'e ibsa. Kitaaba barnootaa keessatti walitti fufiinsa gilgaala yoo jennus, gilgaalli qabiyyee kitaabaa sana shaakalsiisuuf dhufe sun irra deddeebi'ee dhufuun qabiyyeen gilgaalichaa dabalaa, dagaagaa dhufuu qabaadha. Kitaaba barnootaa keessatti bifa kanaan gilgaalli yoo dhiyaate barattootni qabiyyee shaakalan sana sirritti irra deddeebi'anii akka hubatan isaan taasiisa.

Haaluam kanaan Nunan barbaaachisummaa gilgaalaa yoo ibsitu, ' Developing interlinked sets of activities in which succeeding steps are dependent on those which come before (either in terms content or skills)will esure greater coherence and consistency for your language programme 'jetti (Nunan,1989). Yaada kanarraa waanti hubatamu gilgaalota daree keessatti shaaaklsiifaman tuuta gochoota walitti hidhannaa qabaniin fiixan bahinsi issaanii tartiiba gochaawwan duraan dhiyaatan irratti hundaa'uufi sadarkaa milkaa'ina qabiyyee yookaan dandeettii barnoota afaaniif tokkoon tokkoon isaanii haala walitti hidhatiinsa qabaniin kan dura dhiyaate bu'uureffachuun qopheessuun baruu barsiisuu afaanii dhugoomsuu yookaan mirkaneessuu akka danda'uu ibsa.Kanaaf walitti fufiinsi gilgaalota yookaan gochawwanii kitaaba barnoota afaanii keessattis ta'e daree barnoota afaanii keessatti baay'ee murteessaa akka ta'e agarsiisa. Barbaachisummaan walitti fufiinsaa gilgaalaa barnoota afaanii keessatti, gochoota shaakalan sana walitti fufiinsaan shaakalaa, gilgaala shaakalan sana immoo bifa walitti hidhatiinsa qabuun kan duraa waliin wal qabsiisanii beekumsa isaanii cimsataa akka deeman gargaara.

### 2.1.5. Maalummaa Dagaagina Qabiyyee Gilgaalotaa

Dagaaginni qabiyye gilgaalaa walitti fufiinsa qabiyyee gilgaalaan kan walitti dhufeenya qaban yoo ta'eyyuu bakka itti adda ta'an qabu. Kunis, sirna barnooticha keessatti gilgaalli

dhihaatu sadarkaa isaatiin dabalaafi gadi fageenyaan cimaa akka deemu kan taasisuudha. Tasfaayee yaada kana yoo ibsu,

> *ተሳጣጣቂነት ከተካታታይነት የሚዛመድ ብሆንም የሚለይበት ባህሪይ አለው፡፡ ይኸውም በስርዓተ ትምህርት ውስጥ የሚቃርብ የትምህርት ጉዳይ በየደራጃው ስፋትና ጥልቀት እያገኘ እንድሄድ የሚመራ ነው፡፡ ተሳጣጣቂነት የጉዳዩን ተዳጋጋሚነት ሳይሆን እያደገና እየሰፋ ማሄድ የሚጠይቅ ነው (ተስፋዬ, 1981) ። jedha.*

Yaada kanarraa waanti hubatamu dagaaginni walitti fufiinsaa waliin walqabatanii kan deeman yoo ta'eeyyuu, meesahaalee barnootaa keessatti dhimma qabiyyeen sun dagaagaa, guddachaa, bal'achaa kan deemu akka ta'e nu hubachiisa. Kanaaf dagaaginni dhimma gocho tokko irra deddeebiin dhiyaatuu osoo hin taanee, dhimma qabiyyeen sun guddachaaa bal'achaa deemuu waliin walqabata. Gilgaalli qabiyyee barnootaa waliin walitti hidhata. Kunis qabiyyeen kitaaba barnoota sun walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee qabaatee jennaan, qabiyyeen gilgaalaa kitaaba barnootaa sana keessatti dhiyaates walitti fufiinsaafi dagaagina qabaachuu agarsiisa.

Walitti fufiinsi qabiyyee gilgaalaa qofaasaa ga'aa miti. Kanaaf, walitti fufinsa keessa gabbinni yaadaa yookaan dagaaginni gilgaalootaa jiraachuu qaba. Sababi isaas walitti fufinsasana keessa salphaatii gara walxaxaatti akkasumas dame horachaa deemuu qaba. Sana ta`u bannaan barataan gilgaala keessatti wanta haaraa hinarganneef, barumsicha ninuffa; nituffata; nijibbas. Kanaaf, akkuma kutaa tokko keessatti boqonnaarraa boqonnaatti walitti fufinsi gilgaala barbaachisuu; bakka lamaanittu walitti fufiinsa keessatti dagaaginni gilgaalaa ni barbaachisa. Walittifufinsa yoo jedhamu qabiyyeen tokko gosa barnootaa tokko keessatti haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaalltudha. Walduraa duuba dhufiinsi kun immoo tokko tokkorratti bu'uureeffachuufi guddachaa deemuu isaa agarsiisa (Tashoomaa,1998). Yaada kanarraa waanti hubannu qabiyyee tokko walitti fufuiinsa qaba jechuun gilgaallis walitti fufiinsa qabaachuu agarsiisa. Sababiin isaas qabiyyeen deddeebi'ee dhufe sun gilgaalaan shaakalama waan ta'eefiidha. Qabiyyeen jiraatee jennaan gilgaalii qabiyyeen sun ittiin shaakalamu jiraachuun dirqama.

#### 2.1.5.1. Kitaaba barnootaa keessatti barbaachisummaa dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa

Meeshaaleen barnootaaa yeroo qophaa'u gilgaalli xiyyeeffannoo guddaa barbaada. Sababiin isaa qabiyyee barsiifamu sana kan ittiin shaakalsiifamu gilgaala waan ta'eefiidha. Kana malees dandeettiwwan afaanii, seerlugafi kanneen biroo kan ittiin shaakalsiifamuudha. Kanaaf immoo gilgaalli qophaa'u dagaagina qabaachuun murteessaadha. Dagaagina gilgaalaa yoo jennu immoo, qabiyyeen isaa salphaa irraaa gara walxaxaatti, yaada murta'aa irraa gara yaada bal'aatti gabbachaa deemuu waliin walqabata. Kanaaf gilgaalli qophaa'u dagaagina qabaachuun murteessaadha. Kitaabni barnootaa qophaa'e tokko dagaagina gilgaalaa hin qabu taanaan waanti baratamu sun irra deddeebii dhabuudhaan akka barattootni qabiyyee sana hin gabbifanne taasiisa. kanaaf walumaagalatti qabiyeen gilgaalaa yeroo dhiyaatu,

- ❖ Qabiyyeen gilgaalaa duraan dhiyaate boqonnaa itti aanee dhufu keessattis dhiyaachuu qaba. Sababiin isaan waan boqonnaa duraa keessatti shaakalan boqonnaa isa kana keessatti gabbifachaa dagagfachaa deemu waan ta'eef

- ❖ Qabiyyeen gilgaalichaa gabbataa deemuu qaba. Kun immoo qabiyyeen boqonnaa duraa keessatti shaakalan boqonnaa itti aanutti immoo qabiyyeen isaa salphaarraa gara cimaatti fooyy'aa deemuu qaba jechuudha.

- ❖ Qabiyyee gilgaalaa dhiyaatu nuffisiisaa ta'uu hin qabu. Qabiyyee gilgaalaa boqonnaa duraa keessatti shaakalan kallattiin dhiyaachuu osoo hin taane qabiyyeedhuma sana bifa biraan akka dhiyaatu gochuu qaba. Fakkeenyaaf. Hiika jechoota shaakalsiifna yoo ta'e, boqonnaa duraa keessatti hiika jechoota kallattiin gilgaalota shaakasiinee, boqonnaa itti aanutti immoo hiika jechaa galumsaan qabiyyee jalqabarra kan fooyya'ee shaakalsiiuu jechuudha.

- ❖ Qabiyyeen gilgaalaa jalqaba shaakalsiifne qabiyyee gilgaalaa itti aanee dhufuuf bu'uura ta'uu qaba. Kunis qabiyyeen gilgaalaa dhiyaatu walutubuu qaba jechuudha.

- ❖ Duraa duubummaan bifa walitti fufeen qabaachuu qaba. Duraa duubummaa yoo jedhamu immoo salphaarraa gara cimaatti tartiibessuun walqabata.

### 2.1.6. Sababa Hanqina walitti Fufiinsaafi Dagaagina Qabiyyeetiin Mudannoo Uumaman

Walitti fufiinsaafi dagaaginni qabiyyee gilgaalotaa meeshaalee sirna barnootaa keessatti baayyee murteessoodha. Gilgaalonni kun ammoo yoo haalaan qinda'aanii qophaa'uu baatan qabiyyeen barsiifamu sun haala barbaadameen akka barataan irraa deddebi'ee hin shaakalle taasisa. Kana malees walitti fufiinsa hin qabu taanaan boqonna gara boqonnaatti waanta haaraa (gilgaala) haaraa argaa waan deemaniifi hubachuufi isaan rakkisuu danda'a. Tasfaayeen yaada kana yoo ibsu **'በአንድ የመስተማሪያው መሳሪያ ውስጥ ባሉ ልዩ ልዩ ምህራፎቹ መካከል የመስተማሪያ መሳሪያው ተለጣጣቂነት እንድኖር ያስፋልጋል።'** (ተስፋዬ፣ 1981፡ 95). Yaada kanarraa waanti hubatamu kitaaba barnootaa tokko keessatti boqonnaalee garaagaraa gidduu dagaaginni jiraachuutu irra jira. Kun yoo hinjiru ta'ee barnootni kennamu sun harca'aa ta'a. Qabiyyeen barattootni shaakalan sun guddachaa hin deemu; laafaarraa gara cimaatti hin deemu taanaan waan baratan sanarratti beekumsa haaraa dabalachaa akka hin deemne isaan taasiisa. Gilgaalli shaakalamu sun immoo qabiyyee waliin hidhata cimaa qaba. Sababiin isaas yoo qabiyyee jiraate malee gilgaalli jiraachuun hin danda'u waan ta'eef qabiyyee barnootaafi gilgaalli hidhata cimaa qabu. Yoo qabiyyee dagaagaa deemu yookaan salphaarraa gara cimaatti gabbachaa deemu, gilgaalli qabiyyee sana shaakalsiisuuf kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatuus dagaagaa, gabbachaa, deema.

Dagaaginni qabiyyee gilgaalootaas, gilgaalli dhiyaatu boqonnaa gara boqonnaatti gabbachaa bal'achaa deemuu qaba. Dagaagaa (gabbachaa) deemuun gilgaalaa kun immoo akka barattootni sammuun isaanii salphaarraa gara cimaattifi gilgaaloota salphaarra gara walxaxaa ta'ee akka shaakaluu danda'anitti dagaagaa akka deemu taasisa waan ta'eef dagaaginni qabiyyee gilgaalaa murteessaadha. Haala kanaan meeshaaleen barnootaa yoo qophaa'uu baate barachuu barattootaa irratti dhiibbaa qaba. Dhiibbaan kunis akka barattootni beekumsaa haaraa qabiyyee sanaan walqabatu hin arganne taasiisa; beekumsi isaanii akka ijaaramaa hin deemne taasiisa; waanta baratan dagachaa akka deeman taasiisuu danda'a.

kana malees qabiyyee barnootaa sun akka wal hinutubne nuffisiisaa akka ta'u, duraa duubummaa akka hin qabneefi walkeessa akka dha'amu taasiisa.

### 2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti barruulee dhiyaannaa gilgaalaatiin hariiroo yookiin walitti dhufeenya qabaniifi, dhiyaannaa gilgaalaatiin walqabatanii /fakkeenya/ qabantu hojjetamaniitu dhiyaata. Meeshaaalee barnootaa yeroo qopha'an immoo bifa saayinsawaa ta'ee ta'uu waan qabaniif Saayinsiin kun immoo barnoota afaanii keesatti adeemsa meeshaalee barnootaa kun ittiin qopha'aniifi yeroo qopha'aniis waantoota of keessatti haammachuu qabantutu dhiyaata.

Dirribaa Dabalee (2008 ) Xiinxala qabiyyee caasluga kitaaba barataa kutaalee 11fi12: Walitti fufiinsaafi dagaaginarratti xiyyeeffachuun qorannoo geggeesse keessatti, gilgaalonni caaslugaa bifa walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee qabuun dhiyaachuufi dhiisuusaa adda baasuurratti xiyyeeffaten, gilgaalonni caaslugaa boqonnaaraa gara boqonnaatti maal akka fakkaatu dhiyeeseera. Kunis kallattiidhaan walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalaarratti kan xiyyeeffate miti.Waanti qorannoo kanaan wal fakkeessu gilgaala waliin hidhata qabaachuufi yaada rime walitti fufiinsaafi dagaagina waliin walfakkaachuudha.

Eebbisaa Abdetaa (2009) Qaaccessa dhiyaannaa ga'umsa gilgaalootaa kitaaba barnoota Afaan oromoo kutaa 9ffaa jedhurratti qorannoo geggeesseen gilgaalonni kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kutaa 10 keessatti ga'umsaa qabaachurratti maal akka fakkatu adda baaseera. kallattiin walitti fufiinsaafi dagaagina waliin kan ilaalame miti. Kutaa10 qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun garuu kallattiin walitti fufiinsaaafi dagaagina gilgaalaa irratti xiyyeeffata.

Obsaa Maammoo (2007) Qaaccessa gilgaalootaa qalbeeffannaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 irratti qorannoo geggeessen gilgaalota qalbeeffannaa waliin walqabsiisee ilaalee jira. Qoratichi gilgaalota qalbeeffannaan walqabsiisee malee haala dhiyaannaaa waliin wal hinqabsiifne. Kanaaf qorannoo kun kallattiin walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalotaa waliin tokko miti.

Sulxaan Qaasim (2009) sakatta'aa dhiyaannaafi ga'umsa gilgaalotaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa jedhurratti qorannoo geggeesseen, akkaataa gilgaalonni barreessuu

ittiin dhiyaataniifi ga’umsi isaan maal akka fakkaaturratti xiyyeeffate. Kallattiin walitti fufiinsafi dagaagina gilgaalaa waliin tokko miti. Sababiin isaas walitti fufiinsa gilgaalaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti maal akka fakkaatu waliin walqabata.

Makonnin Balchaa. (2010). xiinxala walsimannaa qajeelfamoota gilgaalootaafi qabiyyee silabasii barnoota afaanii irratti qorannoo geggeesseen, qajeelfamoonni gilgaala barnoota afaanii keesatti murteesaa akka ta’e adda baaseera. Qorannoon kun kallattiin qorannoo kanaa waliin wal hinfakkaatu. Sababiin isaas qorannoon kun kan inni irratti xiyyeeffatu walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaati.

Kidaanee Wadajoo (2015) Qorannoo qaaccessa dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa KBAO kutaa 12 kan jedhu irratti kan geggeesseen dhiyaannaa gilgaala jechootaa maal ta’uu akka qabu kan ibse yoo ta’u kallattiin walitti fufiinsaafi dagaaginaan kan walqabatu miti. Qorannoon kun kallattiidhaan walitti fufiinsaafi dagaagina gilgalarratti kan xiyyeeffate miti. Kanaaf waanti barruu kanaan walfakkeessu gilgaala barnoota afaanii waliin hidhata waan qabuufiidha.

## Boqonnaa Sadii Saxaxaafi malleen qorannichaa

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorataan qorannoo kana geggeessuuf qorannoo makaatti dhimma ba'e. Kunis kan inni irratti hundaa'ee filate amala gaaffilee gilgaalaa kitaabicha keessaa gilgaalota yookaan madden odeeffannoo irraa odeeffannoo funaanuuf qopha'an irrattidha. Sababiin isaas qorqnnoo kana geggeessuuf sakatta'aa dookumeentiitti waan fayyadameef, mala odeeffanno karaa sakatta'aa dookumeentiin argamuu danda'uuf malaa akamtaatiinfi ammamtaan gargaarameera. Kunis kanneen jechaan argamaniif mala akkamtaan, kanneen dhibbantaatiin argame immoo mala ammamtaatti gargaaramuun xiinxalee qaaccesse. Qorataanis mala qorannoo ibsaatti gargaaramuun odeeffannoowwan madda ragaalee sakatta'a dookumeentii irraa bifa jechaafi lakkoofsaan argaman hunda xiinxaluun qaaccessuufi ibsuudhaan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf kaayyeffate. Malli qorataan odeeffannoo sakatta'aa kitaabaa irraa funnachuun itti gargaarame, gigaaloota kitaabicha keessaa boqonnaa, gilgaala, fuula gigaalichi irratti argamuufi ajaja gilgaalichaa bu'uura godhachuun. Kanas gabateetti gargaaramuun dhibbantaatti erga deebisee booda qaaccessuun xiinxale.

### 3.2. Madda Ragaalee

Qorataan kun qorannoo kana geggeessuuf madda raga taokkoffaatti gargaarameera.. Akka madda raga tokkoffaatti kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 gargaarame. Sababiin isaas mata duree qorannoo kanaa wajjin hariiroo sirrii waan qabuuf walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalootaa xiinxaluuf Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$ irraa fuula fuulatti gilgaaloonni barattootni akka shaakalan qophaa'erraa kallattiidhaan fudhatee waan sakatta'ee xiinxaleefiidha.

### 3.3. Tooftaa Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuuf ragaalee barbaachisoo ta'aan haala gaariin argachuufi toftaalee murteessoodha. Ragawwan kitaaba kana sakatta'ee xiinxaluuf isa gargaaran gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessa jiran gosa isaaniin walitti guuruun gabateetti galche. Dhihaannaa gilgaalaa walitti fufiinsaafi dagaaginaan kitaaba kana keessatti mul'atan ilaalchisee, qoratichi ragaa funaanuuf kitaaba barataatti fayyadame. Gama kanaan ragaalee barbaachisuufi quubsaa ta'an argachuuf qabixiilee mirkaneessa sakatta'insa walitti fufiinsaafi

dagaagina dhiyaannaa gilgaalaa agarsiisan qopheeffachuun sakatta'insi akka geggeeffamu taasiise. Qabxiilee mirkaneessa kun kan qophaa'e gilgaalli kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9 walitti fufinsaafi dagaaginni boqonnaa gara boqonnaatti qabuu bu'uura godhachuuni. Kunis, dhihaannaan gilgaaalaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kutaa 9 boqonnaalee jiran keessatti walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaa bifa qabuun dhihaachuufi dhiisuu isaanii agarsiistuu bifa gabatee fayyadamuun kaawwate. Qabxiileen xiinxala gilgaalaa kitaabaa geggeessuuf guuraman kun gosa qabiyyee gilgaalaa, boqonnaa gilgaalichi keessatti argamuufi ajaja gilgaalichaa waliin kan dhiyaateedha. Qabxiileen mirkaneessa kitaabicha ittiin sakatta'ee xiinxalu kunis, osoo hojiirra hinoolin dura qorataan hiriyoota isaafi gorsaa isaa ilaalchisuun mirkaneessa.

### 3.4. Mala Iddatteessuu

Qorataan kun qorannoo kana gaggeessuuf mala iddattoo akkaayyoo dhimma bahee jira. Kun ammoo, odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa hubannoo dhimmichaa ofiisaa qaburraa kallattumaan waan argateefidha. Mala kana Cohen (1994:89) yoo ibsu, 'In purposive sampling, researchers hand pick the case to be included in the sample on the bases of their judgement of their typicality. In this way, they build up a sample that is satisfactory to their specific needs,'jechuudhaan ibseera. Akkuma waraabbii kanarraa hubatamutti, mala iddatteessuu kaayyeffataa keessatti qorattoonni iddattoowwan odeeffannoo qorannichaatiif murteessadha jedhee itti amananeefi kanneen kaayyoo qorannichaa guutuu danda'aan akkaataa yaada murtee isaaniitiin filata.

Qorataan kunis, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa mala iddatteessuu mit-carraa keessaa akkaayyoo iddattoo qorannichaa taasifachuun kan filateedha. Kanaaf, qoratichi haala salphaa ta'een mala iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun iddattoo qorannichaaf bakka bu'an filachuu danda'e jechuudha. Haaluma kanaan mala iddatteessuu akkayyoo fayyadamuu keessatti qoratichi itti yaaduudhaan maddeen odeeffannoo filachuun ragaalee dhugummaa qabaniifi amansiisaa ta'an walitti qabuuf isa gargaarera. Sababa mala kana filateefis, mala iddatteessuu akkaayyoon beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u ykn gaaffilee qorannoo isaa deebisuu danda'u murteessuufiidha. kunis, qorannoo kana hunda caalaa kallattiin galmaan nigaha jedhee waan amaneefi.

Qorataan kun mala iddattoo mit-carraatti fayyadamuun kitaaba jiran keessaa itti yaade gorsaa waliin mari'achuun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii filachuun walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalota kitaabicha keessatti argaman xiinxaluuf akka qabxii mirkaneeffannaatti gilgaalota kitaaba kanaa keessatti kennaman gosa isaanii waliin kan funaanaman irratti hundaa'uun qorannoo isaa gaggeesseera. Haaluma kanaan qorataan gilgaalota kitaabicha keessatti argaman hunda sakatta'uun kanneen dhibbantaa olaanaan dhiyaatan filachuun xiinxaluun qaaccesse.

## 3.5. Meeshalee Funaansa Ragaa

Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramuun gaggeeffama. Ragaan ykn odeeffannoon immoo bu'uura qorannooti. Kana ilaalchisuun, Girmaa (2014:34)' The research tools provides the input in to a study and there fore the quality and validity of the output (the findings) are solely depending on it.' jedha. Yaada kanarraa hubachuun akka yaalametti qulqullinnifi bu'a qabeessummaan yookiin fudhtamummaan qorannoo odeeffannoofi meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannamu irratti akka hundaa'uudha. Haaluma kanaan qorataan kun qorannoo kana gaggeessuuf meeshaalee funaansa ragaaf sakatta'aa dookumeentii fayyadamee jira.

### 3.5.1. Sakatta'a Duukumeentii

Meeshaalee funaansa ragaa odeeffannoo funaanuuf gargaaran keessaa tokko sakatta'a dookimeentii dha. Haaluma kanaan qorataan, qorannoo isaatiif ragaa sirriifi qabatamaa ta'e argachuuf kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaa sakatta'ee jira.

Qorataan kun yeroo qorannoo kana gaggeessu ragaa quubsaafi amansiisaa ta'e argachuuf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannaman keessaa sakatta'a dokumantii fayyadamee ragaa walitti qabate. Sakatta'a dokumantii keessatti walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalota Kitaaba barumsa Afaan Oromoofi qabiyyeewwan gilgaalaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa tokko tokkoon fuulaa fuulatti sakatta'uun akkaataa walitti fufiinsaafi dagaaginni gilgaalaa kitaabilee kanneen keessatti ibsaman ilaaluudhaan raawwate. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 kana keessaa gilgaaloota funaanaman gosa isaanii adda baasuun gabateetti ergaa galchee booda, boqonnaa kam keessatti akka argamu, gosa gilgaalichaa, irra deddeebii inni kitaabicha keessatti argameen adda basee barreessuun

ibsameera. Odeeffannoon funaanaman kan irra deddeebii isaa irratti hundaa’uun dhibbantaati erga gedderamee booda, kan dhibbantaatti gedderame irratti hundaa’uun kanneen jechaan argaman akkamtaan kanneen dhibbantaatti deebi’amanii dhiyaatan ammoo ammamtaan xiinxaluun qaaccesseera.

### 3.6. Tooftawwan Xiinxala Ragaalee

Odeeffannoowwan meeshaalee odeeffannoo garaagaraatiin madden odeeffannoo gubbaatti eeraman irraa walitti qabamu kunniin qorannoo bifa odeeffannoo akkamtaafi ammamtaan hiikni itti kennameera. Kanas gabateetti gargaaramuudhaan dhibbeentaatti geeddaruun himootaan ibsameera. Kunis iddattoonni ragaa barbaachisaa ta’e kennuufi dhiisuu isaanii mirkaneeffachuu, qabiyyeewwan Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$f dhiyaatan sakatta’uun xiinxalu, walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalota kanneen shaakalsiisan sakatta’uun xiinxaluu, odeeffannoowwan argaman keessaa kan walitti dhiyeenya qabaniifi hinqabne addaan qooduu, ragaalee gareetti qoqqooduu, gabateetti galchuufi dhibbeentaatti geeddaruun hiikuufi ibsa itti kennuun gara goolabaafi yaada furmaatatti deemameera.

# Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxalaa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti xiinxalaafi ibsa ragaalee qorannichaatu taasifamee jira. Adeemsi xiinxalaafi ibsi ragaa kun kan geggeeffame, raga sakatta'a kitaabaa irraa argame gabatee madaallii kitaabaa keessatti qindaa'ee xiixaluudhaan raawwatame.

Malli ragaaleen ittiin qaaccesamuun xiinxalamanis ragaaalee sakatta'aa kitaabaan argaman mala akkamtaafi ammamtaan gargaaramuudhaan raawwatame. Kunis ragaalee kitaabicha keessaa argaman tokkoo tokkoo gosa gilgaalaaf, gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaatan walitti qabuun raawwate. Gilgaaloonni gosa isaaniin erga walitti guuramanii booda, Sanarratti hundaa'uun, walitti fufiinsaafi dagaaginni qabiyyee gilgaalichaa kitaabicha keessatti dhiyaate sakatta'uun xiinxaluun qaacceffame. Kunis kanneen lakkoofsaan argaman gara perseentiitti deebisuufi kanneen himaan argaman immoo jechaan ibsuudhaan raawwata.

## 4.1. Xiinxalaa Ragaalee Dookumeentii

Qoratichi ragaaalee argachuuf jecha gosoota gilgaalaa boqonnaalee kudha saddettan (18) jala jiran hunda ilaaleera. Kitaaba barataa AO kutaa 9$^{ffaa}$ kana keessatti gosootni gilgaalaa boqonnaalee kudha saddettan (18) keessatti argaman saddet yoo ta'an, tokko tokkoon baay'inaa isaanii erga adda baasee booda, dhibbantaatti deebisuudhaan isaan dhibbantaan isaanii guddaa ta'e ja'aan fudhachuun xiinxale.

### 4.1.1. Xiinxala Gilgaala Caaslugaa

Kitaaba barnoota afaanii keessatti gilgaalii qabiyyewwan kitaabicha keessatti dhiyaatan shaakalsiisuuf gahee guddaa qabu. Gilgaalli caaslugaa ammoo isaan keessaa isa tokko yoo ta'u, qabiyyee caaslugaa kennamee sirritti shaakalsiisuuf kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatuudha.

#### 4.1.1.1. Hojiwwan Gilgaala Caaslugaa Akka Waliigalaatti KBAO Kutaa Sagalii Keessatti dhiyaatan

Caaslugi gilgaalota kitaaba barnootaa Afaan oromoo kutaa 9 kana keessatti dhiyaatan keessaa isaa tokkoofi bal'inaan kan dhiyaateedha. Gilgaalonni caaslugaa akka waliigalatti kitaaba kana keessatti dhiyaatan maal akka fakkaatu gabateen gadii ni mul'isa. Akkasumas haalii isaan ittiin dhiyaatan gama walitti fufiinsaafi dagaaginaan maal akka fakkatu mul'isa.

**Gabaee 1: xiinxala gosoota gaaffilee caaslugaa KBAO kutaa 9**

| T/L | Gosoota gilgaala caaslugaa | Boqonnaa keessatti argamu | Baay'ina gilgaalaa | Dhibbantaan(%) |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Birsaga | 2 | 1 | 5.55% |
| 2 | Jechoota tishoo | 2 | 1 | 5.55% |
| 3 | Garee jechootaa | 2 | 1 | 5.55% |
| 4 | Gaaleefi gosoota gaalee | 4 | 1 | 5.55% |
| 5 | Gosoota maqaalee | 4 | 1 | 5.55% |
| 6 | Fufiilee | 5 | 1 | 5.55% |
| 7 | Maqaafi maqibsa | 5 | 1 | 5.55% |
| 8 | Hennaa ammeennaa | 5 | 1 | 5.55% |
| 10 | Hennaa amsiiqaa | 6 | 1 | 5.55% |
| 11 | Gosoota maqaalee | 7 | 1 | 5.55% |
| | Henna raawwima ammeennaa | 7 | 1 | 5.55% |
| 12 | Bamaqa | 8 | 1 | 5.55% |
| | Hennaa darbeennaa | 8 | 1 | 5.55% |
| 13 | Gochima | 9 | 1 | 5.55% |
| | Henna keesa tarsiiqaa | 9 | 1 | 5.55% |
| 14 | Firoomsee | 10 | 1 | 5.55% |
| | Henna raawwima darbeennaa | 10 | 1 | 5.55% |
| | Gochibsa | 10 | 1 | 5.55% |
| 15 | Matima,antimafi gochibsa | 11 | 1 | 5.55% |
| | Henna murannaa | 11 | 1 | 5.55% |
| 16 | Henna murannaa | 12 | 1 | 5.55% |
| 17 | Walqabsiituu | 13 | 1 | 5.55% |

Gosooti gilgaalaa gabatee olii keessatti dhiyaatan kun haala faca'Akkuma gabatee 1 keessatti ibsame gilgaalonni caaslugaa lakkoofsaan kudha torba guutamee KBAO kutaa salgaffaa keessatti dhiyaatanii jiru. Gilgaalota dhiyaatan kanneen keessaa boqonnaa boqonnaatti irra deddeebi'anii kan dhiyaatan muraasa. Akkasumas deddeebii keessatti dabalaa deemuun qabiyyeen gilgaalaa baayyee muraasa. Fakkeenyaaf agarsiistuu olii yoo ilaaallu gilgaalonni caaslugaa kanneen 5.5% ta'an kitaabicha keessatti si'a tokko qofa kan dhiyaatan yoo ta'u, kanneen 11.11% ta'an ammoo kitaaabicha keessatti si'a lama deddeeb'anii kan argaman, akkasumas kanneen 38.88% ta'an ammoo kanneen kitaabicha keessatti si'a torba kan deddeebi'anii dhiyaatan akka ta'e ibsa. Isaan kunis irra deddeebi'anii kan argaman gilgaala qabiyyee henna shaakalsiisuuf dhiyaatan boqonnaalee 5, 6, 7, 8, 9, 10, 11,fi12 keessatti kan argamu yoo ta'u gilgaalonni gosoota maqaalee shaakalsiisuuf dhiyaatan ammoo boqonnaa 4fi 7 keessatti deddebianii argamaniiru.

Dhiyaannaan gilgaalota caaslugaa kana keesatti qopheessitootni kan isaan xiyyeeffannoo itti laatan gosoota hennaa, fi maqaaleefi gosoota isaanii ti. Akka qoratichi sakatta'aa kitaabarraa mirkaneeffateetti, KBAO kutaa salgaffaa keessatti gilgaalota caaslugaa bifa walitti fufiinsafi dagaagina qabuun dhiyaate henna, maqaafi gosoota isaati. Isaan hafan walitti fufiinsaan boqonnaalee hunda keessatti akka dhiyaatanii hin jiran. Kana jechuun boqonnaalee kitaabichaa keessatti yoo xiqqaate si'a tokkoo ol yoo argamani carraa qabiyyee gilgaalaa sana irra deebiin shaakaluu argatu waan ta'eef gaariidha. Boqonnaalee 14, 15, 16, 17fi18 keessatti gilgaalli waa'ee caaslugaa shaakalsiisu tasuma hin dhiyaanne. Kun ammoo walitti fufiinsaan kitaabni kun rakkina qabaachuu agarsiisa. Kanaaf immoo walitti fufiinsi rakkina qabaatee jennaan dagaaaginni gilgaalichaas hanqina qabaata. Sababiin isaas dagaaginni dabalaa deemuun kan mul'atu achi keesatti waan ta'eefiidha. Kuni qabiyyeen gilgaalaa dabalaa /guddachaa/ deemuun hanqina akka qabu namatti agarsiisa. Kanas fakkeenya kenname irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf KBAO kutaa salgaffaa kana keessatti qoratichi kan ilaale baay'inni gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaatanii osoo hin taane, deddebi'anii boqonnaalee hunda keessatti kan mul'ataniifi ciminni qabiyyee gilgaalichaa dabalaa deemuurratti yookaan salphaarraa gara cimaatti deemuurratti xiyyeeffata. Tasfaayeen yaada kana yoo ibsu, boqonnaalee kitaaba barumsaa tokko keessa jiran gidduutti dagaaginni jiraachuun barbaachisaadha jedha; akkasumas dagaagina yoo jennu immoo irra deddeebii

waantichaa osoo hin taane, babal’achaa deemuu waantichaa kan gaafatuudha (Tasfaayee 1981).

#### 4.1.1.2. Bu’aa Xiinxala Gilgaala Caaslugaa

Gilgaalonni caaslugaa kitaaba barumsaa Afaan Orommoo kutaa kana keesstti dhiyaate boqonnaalee hunda keessatti maal akka fakkaatu adda baasuuf gabatee agarsiistu kennaman irraa ilaaluun ni danda’ama.

**Gabatee 2: Walitti fufiinsaa gilgaalaa caaslugaa boqonnaarraa gara boqonnaatti**

| T/L | Mataduree gilgaala caaslugaa | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra deebii | Dhibbnta aaa(%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| 1 | Birsaga | | √ | | | | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 2 | Jechoota tishoo | | √ | | | | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 3 | Garee jechootaa | | √ | | | | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 4 | Gaaleefi gosoota gaalee | | | | √ | | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 5 | Gosoota maqaalee | | | | √ | | | √ | | | | | | | | | | | | 2 | 11.1% |
| 6 | Fufiilee | | | | | √ | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 7 | Maqaafi maqibsa | | | | | √ | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 8 | Hennaa | | | | | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | | | | | | | 8 | 38.8% |
| 9 | Bamaqa | | | | | | | | √ | | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 10 | Gochima | | | | | | | | | √ | | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 11 | Firoomsee | | | | | | | | | | √ | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 12 | Gochibsa | | | | | | | | | | √ | | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 13 | Matima,anti mafi gochibsa | | | | | | | | | | | √ | | | | | | | | 1 | 5.5% |
| 14 | Walqabsiituu | | | | | | | | | | | | | √ | | | | | | 1 | 5.5% |

Walitti fufiinsa boqonnaa gara boqonnaatti KBAO kutaa salgaffaa keesatti caasluga ilaalchisee, boqonnaalee kudha sddettan kana keessatti gosoonni qabiyyee gilgaala caaslugaa walqabatanii dhiyaatan akaakuu 12 qofa. Kunis qabiyyee gilgaalichaa ilaalchisee boqonnaa 1fi4 akkasumas boqonnaalee 15-18 keessatti tasuma hin mul'atu. Kun immoo walitti fufiinsa boqonnarraa gara boqonnatti hanqina qabaachuu agarsiisa. Kunis boqonnaalee hunda keessatti dirqama dhiyaachuu qaba jechuun osoo hin taane yoo xiqqaate si'a tokkoo oli dhiyaachuu qaba jechuudha. Gabateen (2) kanarraa akka hubanutti qabiyyewwan gilgaalaa dhiyaatan kanneen keessaa hennaafi maqaaleefi gosoota isaa lamaan isaanii hanga tokko walitti fufiinsa kan agarsiisan yoo ta'u, kan hafan hundi boqonnaa tokko qofaa keessatti si'a tokko qofaa kan dhiyaataniidha. Gilgaalota kitaaba barnootaa kana keessatti dhiyaatan keessaa dhibbetaan yoo ilaallu qabiyyeen gilgaalaa hennaa shaakalsiisan 38.8% yoo ta'u, kanneen maqaafi gosoota isaa shaakalsiisan immoo 11.1% ta'uu. Kanaaf qabiyyee gilgaalaa hennaafi maqaa shaakalsiisan kun hanga tokko walitti fufiinsaa kan qaban yoo ta'u, kanneen hafan hundi isaanii dhibbantaan 5.5% tu dhiyaate. Gilgaalonni hafan hundi isaanii walitti fufiinsaan hanqina qabaachuu agarsiisa.

Hayyuun Nunan (1989) Waa'ee walitti fufiinsaa gilgaalaa yoo ibsu, 'Task continuity refers to the chaining of activities to gether to form asequence, in which the successful completion of prior activities is a prerequisite for succeeding ones.' Jedha.Yaada kanarraa kan hubannu walitti fufiinsa gilgaala yoo jedhamu, walitti hidhatiinsa gochawwan kitaabicha keessatti argamaniin gilgaalicha tartiibessuuf gargaaraniin walqabata. Kanaaf kitaaba kana keessatti gilgaalonni caaslugaa bifa walitti fufiinsa qabuun dhiyaatee qabiyyeen gilgaalichaa cimaa yoo deemuurratti rakkoo qaba.

#### 4.1.1.3. Walitti Fufiinsa Gilgaalaa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa Caaslugaa Boqonnaa Boqonnaatti

Dagaagina gilgaalaa jechuun boqonnaalee kitaabichaa keessatti bifa irra deddeebiin argamuu qabiyyeen gilgaalaa waliin kan walqabatu ta'ee,qabiyyeen gilgaalaa sun dabalaa, dagaagaa, guddachaa deemuun walqabata. Kitaabi barnootaa Afaan Oromoo kutaa sagalii kana qabaachuufi dhiisuusaa addda baasuuf gabatee armaan gadii irraa hubachuun danda'ama.

**Gabatee 3: Dagaagina qabiyyee gilgaalaa caaslugaa boqonnaa gara boqonnaatti agarsiisu**

| Kutaa | Mataduree gilgaalaa | Gosa gilgaalaa boqonnaa keessatti dhiyaatan |
|---|---|---|
| 9 | Gosoota maqaalee | $B_4$ Gosoota maqaalee shananiif, maqaa sadi sadi barreessi<br>$B_7$ maqi ibsoota jala sararuu |
| | Hennaa | $B_5$ Himoota henna ammeennaatiin barreeffaman adda baasi<br>$B_6$ Himoota armaan gadii keessaa, himoota henna amsiiqaatiin barreeffame adda baasi.<br>$B_7$ Himoota armaan gadii keessaa kan raawwima ammeennaatiin barreeffame adda baasi.<br>$B_8$ Himoota hennaa darbeennaatiin gaditti barreeffaman hima kamtu kam akka ibsu adda baasi.<br>$B_9$ keeyyata gadii keessaa jechoota henna keessa tarsiiqaa agarsiisan addaan baasii barreessi.<br>$B_{10}$ Himoota armaan gadii keessa gocha raawwima darbeennaa kan agarsiisu adda baasi barreessi.<br>$B_{11}$ Waan fuuldurratti hojjechuuf karoorfatte shan barreessi. |

Akkuma gabatee (3) kanarraa hubatamutti dagaaginni qabiyyee gilgaalaa KBAO kutaa salgaffaa kana yoo ilaallu, qabiyyeewwan gilgaala caaslugaa gabatee olii keessatti dhiyaatan keessaa, boqonnaa 18 jiran keessatti deddeebi'ee kan mul'ate gosa lama qofaadha. Agarsiistuwwan olii irraa waanti hubatamu qabiyyewwan gilgaalaa dhiyaatan keessaa dagaaginni gilgaalotaa kan keessatti mul'ate gosoota gilgaala henna, maqaafi gosoota isaa qofa keessatiidha. Kunis qabiyyewwan gilgaala caaslugaa gosoota dhiyaatan keessaa boqonnaalee jiran keessatti deddeebi'ee kan hindhiyaatiin gosa kudha lama ta'u. kana jechuun gosooti gilgaalaa henna, maqaafi gosoota isaa irraa kan hafan boqonnaalee keessatti deddeebi'anii deddeebi'anii hin mul'anne. Dagaagina yoo jennu immoo qabiyyeen gilgaala sun boqonnaalee kitaabichaa gidduutti cimnii isaa dabalaa dagaagaa yoo deeme akka ta'e Tasfaayeen ibseera( Tasfaayee, 1981). Gama kanaan yoo ilaallu KBAO kutaa sagalii kun dagaagina gilgaalaan hanqina qabaachuu agarsiisa.

Walitti fufiinsa gilgaalaa keessatti dagaagina gilgaalaa yookaan qabiyyeen gilgaalaa dabalaa guddachaa cimaa deemuun, dandeettii barattootaa cimsuuf yookaan milkaa'ina hubannoo barattootaaf shoora guddaa qaba.

### 4.1.2. Dhiyaannaa Qabiyyee Gilgaaloota Ogummaa Dhaggeeffachuu, Dubbachuu, Dubbisuu, Barreessuufi Hiika Jechootaa.

Dandeettiwwan Afaanii bu'aa yaadamee fiduu kan danda'an akkaataa gilgaalota barnoota Afaanii keessatti qindaa'ee dhiyaateen yoo hojiitti hiikame akka ta'e Richaard yoo ibsu, 'Implementation consists of the procces of putting in to practice an idea program or set of activities & structures new to the people attempting or expected to change'(Richards, 2001:69) jedha. Adeemsi hojiirra oolmaa gilgaalota dandeettii afaanii bifa qindaa'ee akkaata galma barbaadame bira gahuu ittiin dandeenyutti dhiyaatee hojiitti hiikamuu akka qabu hubachiisa.

**Gabatee 4: Gilgaalota ogummawwan dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi hiikafi faalla jechoota agarsiisan.**

| T/L | Gosoota qabiyyee gilgaalaa | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra deebii | Dhibbantaan (%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| 1 | Ogummaa dhaggeeffachu | √ | √ | - | - | - | - | - | - | - | - | - | - | - | - | - | - | - | - | 3 | 16.6 |
| 2 | Ogummaa dubbachuu | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | - | √ | | | | 14 | 77.7 |
| 3 | Ogummaa dubbisuu | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | 18 | 100 |
| 4 | Ogummaa barreessuu | √ | √ | √ | √ | - | √ | - | - | - | √ | - | √ | - | √ | - | √ | √ | √ | 11 | 61.1 |
| 5 | Hiika jechootaa | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | - | √ | - | 16 | 88.8 |
| 6 | Hiika faallaa jechootaa | - | - | - | - | - | √ | √ | - | √ | - | - | - | - | - | - | - | - | - | 3 | 16.6 |

Gabatee olii kun haala dhiyaannaa gilgaalota Ogummaawwan Afaaniifi hiika jechootaa KBAO kutaa 9 keessatti dhiyaatanii kan agarsiisuudha. Kunis qabiyyeen gilgaalotaa kun

boqonnaalee kam keessatti akka argamaniifi kam keessatti akka hin argamne kan agarsiisu ta’ee, haala argama isaanii boqonnaa 18 keessatti yoo ilaallu dhibbentaan meeqa akka ta’an ibsa.

#### 4.1.2.1. Bu’aa Xiinxala Qabiyyee Gilgaalota Ogummaa Dhaggeeffachuu

Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti ogummaa barreessuu shaakalsiisuuf qabiyyewwan gilgaalaa dhiyaatan walitti fufiinsaafi dagaagina qabaachuu isaanii sakatta’uuf gabatee gadii yaa ilaallu.

##### 4.1.2.1.1. Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dhaggeeffachuu KBAO Kutaa Sagalii Boqonnaa Boqonnaatti

Ogummaa dhaggeeffachuuogumawwan afaanii keessa tokko ta’ee barataan osoo mana barumsaa hingaliin maatiifi naannoorraa kan shaakalan yoo ta’u, karaa saayinsawaata’ shaakaluun kan dagaagfatan mana barumsaatti. Kanaaf ammoo kitaaba barnootaa keessatti haalaan dhiyaachuu qaba. Sababiin isaa yoo haalaan hindhiyaanne, kaayyoon barbaadame galmaan gahuu hin danda’u. Barattootni sirritti shaakalanii dandeetticha dagaagfachurratti gufuu itti ta’a.

**Gabate 5: Walitti fufiinsa gilgaala ogummaa dhaggeeffachuu boqonnaa boqonnatti agarsiisan.**

| T/L | Gosoota qabiyyee gilgaalaa | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irraa deebii | Dhib. % |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| 1 | Ogummaa dhaggeeffachuu | √ | √ | - | - | - | - | - | - | √ | - | - | - | - | - | - | - | - | - | 3 | 16.6 % |

Gabatee(5) kun akka mul’isutti KBAO kutaa sagalii kana keessatti gilgaaloonni ogummaa dhaggeeffachuun walqabatanii dhiyaatan boqonnaaalee hunda keessatti yoo ilaalle, boqonnaalee kudha saddet jiran keessaa ogummaa dhaggeeffachuu boqonnaa sadii keessa duwwaa keessatti dhiyaate. Kitaaba kana keessatti dhibbantaan yoo ilaalle, gilgaala ogummaa dhaggeeffachuun % 16.67% qofatu dhiyaate. Kun immoo kitaabicha keessatti

walitti fufiinsa gilgaala ogummaa dhaggeeffachuun hanqina qabaachuu agarsiisa. Kunis Ogummaawwan afaanii kannen kaan waliin walqixa dhiyaachuu qaba. Haala dhiyaannaa gilgaalaa kana yoo ilaalle boqonnaalee 1 keessatti, gilgaala 1Afi 1B tu dhiyaate; boqonnaa 2 keessatti immoo gilgaala 2fi 3tu dhiyaate; boqonnaa 9 keessatti immoo 1A, 1b, gilgaala 2fi 3 keessattii dhiyaatee jira. Kun kan agarsiisu boqonna keessatti dhiyaate keessatti walitti fufiinsa kan qabu ta'ee, boqonnaa boqonnaatti garuu, walitti fufiinsaan hanqina qbaachuu agarsiisa.

#### 4.1.2.1.2. Dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dhaggeeffachuu Boqonnaa Boqonnaatti

Dhaga'uufi dhaggeeffachuun hiikaa garaagaraa qabu. Dhaggeeffachuu yoo jennu, sagalee gara gurra keenyaatti dhufeef hiika kennuu yoo ta'u, kun immoo irra caalaa kan dagaagu mana barumsaa keessattiidha. Gabatee (5) olitti dhiyyaterraa qabiyyee gilgaaloota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa sagalii dhiyaate kana yoo ilaalle boqonnaalee kudha saddettan kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa boqonnaa 1, 2, fi 9 keessatti qofa dhiyaate. Dagaagina yoo jennu ammoo boqonna  boqonnaatti walitti fufiinsa qabaatee, walitti fufiinsa kana keessatti ammoo qabiyyeen gilgaalichaa guddachaa bal'achaa dabalaa deemuu kan qabudha. Qabiyyeen gilgaalaa ogummaa dhaggeeffachuu shaakalsiisuuf dhiyaate dagaagina gilgaalaan kun Kitaaba kana keessatti hanqina qabaachuu agarsiisa. Gilgaalli dandeettii dhaggeeffachuu shaakalsiisuf dhiyaate boqonnaa hunda keessattii irra deddeebi'ee hin dhiyaanne. Irra deeddeebii hin qabu taanaan qabiyyee gilgaalichaa guddachaa dabalaa bal'achaa deemuusaa adda baasuu rakkisaa waan ta'eef KBAO kutaa sagalii kun dagaagina qabiyyee gilgaala ogummaa dhaggeeffachuu shaakalsiisuun hanqina qabaachuusaa agarsiisa. Gilgaalonni dhiyaatan kun qabiyyee isaanii yoo ilaalle, boqonnaa keessatti dhiyaatan keessatti dagaagina qabu. Kunis boqonnaa tokko keessatti gilgaalonni dhiyaatan 1A, 1B ,yoo ta'uu lamaan isaaniiyyuu barreeffama barsiisaan dubbisuuf irratti hundaa'ee qophaa'e. Boqonnaa lama keessatti kan dhiyaate immoo gilgaala 2fi 3 yoo ta'an isaanis barreeffama barsiisaan dubbisuuf irratti hundaa'u. Akkasumas boqonnaa sagal keessatti kan dhiyaate immoo 1A, 1B, 2fi 3 keessatti dhiyaatee kan jiru yoo ta'u, isaanis barreeffama barsiisaan dubbisurratti hunda'u. Kanaaf gilgaalonni ogummaa dhaggeeffachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan boqonnaalee keessatti argaman giddutti walitti fufiinsaafi dagaaginni isaanii

fooyya'a ta'eyyuu, boqonnaa boqonnaatti garuu dagaagina qabiyyee gilgaalan haalaan kan dhiyaate miti. Boqonnaalee sadan keessatti qabiyyeen sun barreeffama barsisaan dubbisu qofaarratti xiyyeeffatee waan jiruuf kun immoo akka barattootni barreeffama barsiisaan dubbisuuf dhaggeeffachuu qofarratti daanga'aan taasiia. Kun immoo qabiyyicha akkan inni gabbataa dagagaa hin deemneef gufuu ta'uu danda'a. Sababiin isaas akka barattootni barreeffama barsiisaan dubbisuufiin ala sagalee biraa kanneen akkaa sagalee kaasetta yookaan teeppii dhaggeeffatanii shaakaluun hiika waan meeshaa kanarraa dhaggeeffataiif hiika kennuu hin shaakalle taasiisa waan ta'eefiidha. Kanaaf gama kanaan yoo ilaallu qabiyyeen gilgaalota dandeettii dhaggeeffachuu shaakalsiisuuf dhiyaate hanqina qabaachuu agarsiisa.

### 4.1.2.2. Bu'aa Xiinxala Qabiyyee Gilgaalota Ogummaa Dubbaachuu

Ogummaa dubbachuu ogummaawwan osoo mana barumsaa hin galiin manatti shaakalan yoo ta'u, erga mana barumsaa dhufanii yookaan galanii karaa saayinsawa ta'een gabbichuun murteessaadha. Kunis ogummaa dubbachuun kan walqabatan, dandeettii nama baayyee fuula duratti bahanii dubbachuu, waanta dubbatan toora yookaan tartiiba galchanii dubbachuu, dubbatanii sababa dhiyeessuun nama amansiisuu danda'uu gabbifachuun barbaachisaadha. Kun ammo bakki itti shaakalan mana barumsaatti yoo ta'u qabiyyeen gilgaalaa dandeettii dubbachuu shaakalsiisan kun ammoo kitaaba barataa Afaan Oromoo keessatti haalaan yoo qophaa'ee dhiyaachuun murteessaadha. Gilgaalonni KBAO kutaa sagalii keessatti dhiyaatan bifa walitti fufiinsa qabuufi boqonnaa boqonnaatti dagaaga, gabbachaafi cimaa deemuufi dhiisuusaa isaa gabatee armaan gadiirraa ilaaluu yaalla.

#### 4.1.2.2.1. Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dubbachuu Boqonnaa Boqonnaatti

Walitti fufiinsa gilgaala ogummaa dubbachuu boqonna boqonnaatti jiru adda baasuuf gabatee gadiin ibsamanii jiru. Gabateen kunis ogummaan dubbachuu kun boqonnaalee kitaabichaa keessaa, boqonnaa kam keessatti akka argamuufi irra deddeebiin isaa meeqa akka ta'e kan agarsiisuudha.

**Gabatee 6: Gilgaalota Ogumma Dubbachuu Boqonnaa Boqonnatti Agarsiisu**

| T/L | Gosoota gilgaalaa | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irraa deebii | Dhibbentaan(%. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| 1 | Gilgaala Dandeettii dubbachuu | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | - | √ | - | - | - | 14 | 77.7 |

Walitti fufiinsa gilgaaloota gabatee (6) armaan olii yoo ilaalle dandeettiin dubbachuu boqonnaalee kudha saddet jira keessaa boqonnaa 1-13 fi boqonnaa 15 keessatti kan deddeebi'ee dhufe yoo ta'u, boqonnaalee 14,16, 17 fi 18 keessatti ammoo tasuma kan hin jirre ta'usaa raga oliirraa adda baasuun ni danda'ama. Kun ammoo gara dhibbantaatti deebisnee yoo ilaalle walitti fufiinsaan gilgaalli ogummaa dubbachuu dhiyaate 77.7% yoo ta'u, boqonnaalee hafan keessatti kan hin dhiyaanne ammoo 22.22% dha. Dhibbantaa kana yoo ilaallu garri caalu bifa walitti fufiinsa qabuun kan dhiyaate yoo ta'u boqonnaalee muraasa keessatti garuu osoo hin dhiyaatin hafeera. Gilgaaloota ogummaa dubbachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan walitti fufiinsa boqonnaa boqonnaatii kan qabuudha. Boqonnaalee 14,16,17, 18 keessatti osoo hidhiyaatin haafuyyuu malee barattootni qabiyyee gilgaalaa boqonnaa tokkoo hanga kudha sadiitti irra deddeebi'anii shaakaluuf carraa guddaa qaba. Boqonnaalee itti aanaanii dhufan keessatti addaan haacitu iyyuu malee, dandeettii dubbachuu bifa walitti fufiinsa qabuun barattootni shaakalaa akka jiran nama hubachiisa.

### 4.1.2.2.2. Walitti Fufiinsa Gilgaalaa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dubbachuu Boqonnaa Boqonnaatti

Gabatee 6 oliirraa boqonnaalee warren qabiyyeen gilgaalaa dubbachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan yoo ilaallu immoo irra caalaan isaanii hojii garee waliin kan walqabatan yoo ta'u, kunis gareen ta'aanii kan dubbachuu shaakalan malee barataan of danda'ee gara fuula duratti bahanii kan isaan shaakalsiisu miti. Gilgaalota ogummaa dubbachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan keessaa kanneen barataa fuula duratti bahanii leexaa isaanii akka shaakalan taasisu lama qofa. Gilgaalonni dhiyaatan kan gareen kan hojjetan malee dhuunfaan kan hojjechiisu miti. Kanaafis agarsiistuun gilgaalonni hundi gareen irratti mari'adhaa deebisaa jedha waan ta'eef. Gareen mari'achuu keessatti waantootni yeroo baayyee danqaa ta'u ammoo barattootni walqixa waan kennameef irratti dubbachuu dhabuudha. KBAO kutaa sagalii kun akka

barattootni ogummaa dubbachuu qofa qofa bahanii hin shaakalleefi dandeettii dubbachuu irra caalatti akka hin gabbifanneef danqaa itti uuma. Kun immoo KBAO kutaa sagalii kun dagaagina gilgaalaa irratti hanqina qabaachuusaa agrsiisa. Kunis qabiyyee gilgaala tokkoo jechuun garee qofaan akka shaakalanii daangessee jira.

#### 4.1.2.3. Bu'aa Xiinxala Qabiyyee Gigaalaa Ogummaa Dubbisuu.

Gilgaalonnii tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalsiisuuf kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti dhiyaatan gama walitti fufiinsaafi dagaaginaan maal akka fakkaatan gabatee itti aanee dhufe ilaaluun ni danda'ama**.** Walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaaloota dandeetti dubbisuu adda baasuuf qorataan kun tooftaalee dubbisuu sadan isaanis: suuta /gadfageenyaan/ dubbisuu, saffisaan dubbisuufi sakatta'an dubbisuu waliin walqbsiifnee gabatee gadiirratti hundaauun qaaccesseera.

##### 4.1.2.3.1. Walitti Fufiinsa Qabiyyee Gilgaalaa Ogummaa Dubbisuu Boqonnaa Boqonnaatti

Gilgaalonni ogummaa dubbisuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti dhiyaatan gama tooftaalee dubbisuu sadaniin maal akka fakkaatufi yoo kitaaba barumsaa keessatti bifa walmadaalee dhiyaachuu baate beekumsa gama tooftaalee dubbisuu kana walqixa shaakalanii dandeetticha gonfachiisurratti hanqina qabaachhuufi dhiisuusanii gabatee gadiirratti hundaa'uun qaacceffameera.

**Gabatee 7: Bu'aa sakatta'a gilgaalota ogummaa dubbisuu agarsiisan.**

| Gosoota gigaaala dubbisuu | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra deebii | Dhibba.% |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| Suuta | - | - | - | √ | - | √ | √ | - | - | - | - | - | - | √ | - | - | - | - | 4 | 22.2% |
| Saffisa | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | - | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | - | 16 | 88.9% |
| Sakatta'aa | - | - | - | - | √ | √ | √ | √ | | - | - | - | - | - | - | - | - | - | 4 | 22.2% |

Gabatee (7) olii akka mul'isutti KBAO kutaa salgaffaa kana keessa gilgaalonni tooftaalee ogummaa dubbisuu barattootaa shaakalsiisuuf dhiyaatan boqonnaawwan kitaabichaa

keessatti argaman kudha saddettan keessaa kudha torba keessatti deddeebi'anii argamaniiru. kunis tokko tokkoon boqonnaalee kudha torbanuu dubbisa waan qabuuf, gilgaalonni sanaan walqabatan dubbisa duraa yeroo dubbisaafi dubbisa booda jedhamee dhiyaatee jira. Kun kan agarsiisu ogummaa dubbisuu kitaaba kana keessatti dhiyaate walitti fufiinsa kan qabuufi gilgaaloota kaan irra haalaan kan dhiyaateedha.

Tooftaalee dubbisuu sadan shaakalsiisuun walqabsiifnee yoo ilaalle garuu, ogummaa dubbisuuf shaakalsiisuuf gilgaalonni dhiyaatan keessaa tooftaalee dubbisuu keessaa, tooftaa /tarsiimoon/ suuta yookaan gadifageenyaan dubbisuun dhibbantaan yoo ilaalle 22.2% qofaadha. Kana jechuun walitti fufiinsarratti hanqina qabaachuu agarsiisa. Tooftaalee dubbisuu kun yoo haala gaariin dhiyaatan barattoota qabiyyeen dubbisan sana gadi fageenyaan hubachiisuurratti gahee guddaa qaba. Nuttal (1982), akka ibsetti, tooftaan kun daree keessatti kan raawwatamu yoo ta‟u, gaaffileen barattoonni hojjatan jiraachuu qabu. Akkasumas, kan adda (cimaa) ta'aniif ogummawwan biroo kan shaakalsiisan ta'uutu irra jiraata jedha. Tooftaan dubbisuu akkanaa odeeffanno gadi fagoon argachuuf, hubannoo gahaafi saffisa murtaa'aa kan gaafatu yoo ta‟u, gaaffilee yookaan gilgaalota hojjachuuf xiyyeeffannaan tarsiimoo ittiin dubbifamuudha. Gaaffileen dubbisa keessaa ba‟an wajjin xiinxalaa dubbisuufi yaadolee dubbisa keessaa akka xiinxalaniif hubannoon akka dubbisan gaafata jedha. Kanaaf immoo sadan isaanii haala walqixa ta'eefi walitti fufiinsa qabuun bifa shaakalsiisuun dhiyaatee hin jiru. Raga kanarraa akka hubanutti suuta dubbisuun boqonnaalee kudha torban keessaa boqonnaalee afur qofa keessatti argama. Kun immoo harka afur keessaa harka tokko qofaadha. Kanaaf walitti fufiinsa qabiyyee gilgaalaa tooftaalee dandeettii dubbisuurratti hanqina qabaachuu nu hubachiisa. Gilgaalonni ogummaa dubbisuu shaakalsiisuuf dhiyaatan kun addaan ciccitee dhiyaate jennaan akka barattootni dandeettii dubbisuu tooftaalee dubbisuun walqabsiisanii hin gabbifanne isaan taasiisa.

Tooftaalee dubbisuu keessaa ogummaa saffisaan dubbisuu shaakalsiisu boqonnaalee kudha ja'a keessaatti walitti fufiinsaan dhiyaateera. Kunis dhibbantaan yoo ilaallu 88.9% ta'a. kanaaf gosootni dandeetti dubbisuu shaakalsiisuuf dhiyaata isaan kaan waliin walbira qabnee yoo,ilaale gaariidha. Tooftaa saffisaan dubbisuu ilaalchisee Nuttal, (1992) akka ibsetti, tooftaan saffisaan dubbisuu kun, odeeffannoo waliigalaa barreeffama dubbisaaf dhiyaate keessaa argachuuf haala itti dubbisaniidha. Tooftaa kana keessatti dubbisaan

yaadota gurguddoo dubbisa keessa jiran irratti xiyyeeffate isaanii adda baasuuf dubbisa. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii kana keessatti bifa waalitti fufiinsa qabuun tooftaa kanatti fayyadamee jira. Tooftaalee ogummaa dubbisu shaakalsiisuuf gargaaran kana keessaa tootaan sakatta'aan dubbisuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti dhiyaate immoo boqonnaalee kudha saddet jiran keessaa, boqonaalee afur qofa keessatti argama. Kun gara dhibbantaatti deebisnee yoo ilaallu 22.2% yoo ta'u, dandeetti sakatta'aan dubbisuu walitti fufiinsaan shaakalsiisuurratti hanqinni jiraachuusaa agarsiisa. Gabateen (6) kanarra waanti hubatamu qabiyyeen gilgaaloota dandeetti sakatta'aan dubbisuu walitti fufiinsaa hanqina qabaachuu agarsiisa. Sakatta'aan dubbisuun ariitii ga'umsa qabuun odeeffannoo baraadame tokko dubbisa dubbisanii karaa itti argataniidha. Kana ilaalchisees, Nuttal (1982) yoo ibsu, dubbisuu akka kanaa odeeffannoo murtaa'aa ta'an fakkeenyaaf, maqaa namootaa, guyyaa, baraa, biyyaa yookaan immoo kaayyoo barreeffameef irratti hundaa'ee yaadota dubbisa sana keessaa barbaadan haala ittiin dubbisaniidha jedha. Kanaaf kitaaba barumsaa Afaan Oromoo kutaa sagalii kana keessatti bifa kanaan dhiyaatee barattoota shaakalsiisuurratti hanqina qabaachuusaa gabateen (6) nu hubachiisa. Akka waliigalaatti gabateen (6) kun gilgaalonni ogummaa dubbisuu boqonnaalee hunda keessatti bifa walitti fufiinsa qabuun tooftaaleen dubbisuu sadaniin dhiyaatee akka hinjirre agarssia.

#### 4.1.2.3.2. Walitti Fufiinsa Keessatti Dagaagina Gilgaala Ogummaa Dubbisuu Boqonnaa Boqonnaatti.

Dagaagina gilgaalota ogummaa dubbisuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan haala dubbisa dhiyaaterratti hund'aanii kan qopha'aan yoo ta'uu haalli qophii isaanii kun ammoo dubbisichaan waan walqabatuuf fooyya'aadha. Tooftaalee dubbisuun walqabsiisnee yeroo ilaallu, walbuusee dhiyaateera.

Gabatee (7) olii irraa akka ilaallutti gilgaalonni ogummaa dubbisuu shaakalsiisuuf KBAO kutaa sagalii keessatti dhiyaatan keessaa tooftaalee saffisaan dubbisuun irra caalaa dhibbantaa olaanaan dhiyaatee jira. Kunis dhibba keessaa 88.9% saffisaan dubbisuu shaakalsiisuuf dhiyaate. Karaa biraan immoo suuta dubbisuufi sakatta'aan dubbisuun dhibbantaan yoo ilaallu, 22.2%dha. Kan yoo ilaallu qabiyyeen gilgaalaa dandeetti saffisaan dubbisuu, Sakatta'aan dubbisuufi suuta dubbisuu bifa walqixa ta'een dhiyaatee hin jiru. Gilgaalonni kun bifa walqixa ta'een boqonnaalee hunda keessatti dhiyaachuu dhabuun isaa,

kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa sagalii kun gama dagaagina gilgaalaa tarsiimolee dandeettii dubbisuu hanqina qabaachuu agarsiisa. Kunis gilgaalli ogummaa dubbisuu shaakalsiisuuf kitaabicha keessatti dhiyaatan qabiyyeen isaa osoo walirraa hin citin dagaagaa, dabalaa gabbachaafi cimaa deemuu qaba ture. Kitaaba kana yoo ilaalle garuu gama qabiyyee gilgaalaa dandeetti suuta dubbisuufi sakatta'aan dubbisuu bifa kanaan dhiyaatee hin jiru. Dagaaginni kan jiraatu yoo qabiyyeen gilgaala sun boqonnaa boqonnaatti deddeebi'ee dhiyaatedha (Tasfaayee 1981).

#### 4.1.2.4. Bu'aa Xiinxala Gilgaala Dandeetti Barreessuu

Walitti fufiinsa gilgaalaaogummaa barreessuu jechuun, ogummaa barreessuu KBAO kutaa sagalii kana keessatti, boqonnaalee hunda keessatti bifa walitti fufiinsa qabuun jiraachuufi dhiisuusaa jechuu yoo ta'uu, KBAO kutaa sagalii kun ammoo walitti fufiinsa gilgaalaa kana qaba moo hinqabu kan jedhu adda baasuuf gabatee armaan gadii yaa ilaallu.

##### 4.1.2.4.1. Walitti Fufiinsa Gilgaala Dandeettii Barreessuu Boqonnaa Boqonnaatti

Walitti fufiinsa gilgaalaa ogummaa barreessuu boqonnaalee KBAO kutaa 9 keessatti dhiyaatan boqonna boqonnaatti agarsiisu gabatee gadii dhiyaateera.

**Gabatee 8: Gilgaalota ogummaa barreessuu boqonnaa boqonnatti agarsiisu.**

| T/L | Gosoota gilgaalaa | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra dee. | Dhib.(%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| 1 | Gilgaala Dandeettii barreessuu | √ | √ | √ | √ | - | √ | - | - | - | √ | - | √ | - | √ | - | √ | √ | √ | 11 | 61.1 |

Gabatee (8) oliirraa akka hubatamutti ogummaa barreessuu barsiisuuf gilgaalli dhiyaate boqonnaalee kudha saddettan KBAO kutaa salgaffaa keessaa boqonnaalee 11 keessatti dhiyaateera. Gilgaaloonni ogummaa barreessuu boqonnaa kudha saddet keessaa boqonnaa kudha tokko keessatti deddebi'ee dhiyaachuunsaa, KBAO kutaa 9 kun gama dandeetti barreessuun sadarkaa gaarii irra jiraachuusaa agarsiisa. Haalli dhiyaaannaa gilgaaloota

ogummaa barreessuu shaakalsiisan kun fooyya'aa ta'eyyuu boqonnaalee torba keessatti garuu hin dhiyaatin hafeera. Boqonnaalee torba keessatti hin dhiyaatin hafuun kun ammoo addaan ciccitiinsi gilgaala barreessuu KBAO kutaa sagalii kana keessatti akka jiru agarsiisa. Addaan ciccitiinsi gilgaalaa kun ammo, dandeetti kana shaakalsiisuurratti dhiibbaa fiduu danda'a. akka waliigalaatti yoo ilaalle kitaaba kana keessatti dhibba keessaa harki 61.1% walitti fufiinsa waan qabuuf, fooyya'aadha. ogummaa barreessun ammoo, ogummaa irra deddeebiin shaakallii barbaadudha.

#### 4.1.2.4.2. Walitti Fufiinsa Gilgaalaa Keessatti Dagaagina Gilgaalaa Dandeettii Barreessuu Boqonnaa Boqonnaatti

Gilgaalonni ogummaa bareessuu KBAO kutaa sagalii keessatti shaakalsiisuuf qopha'aan boqonnaalee kudha saddettan jiran keessaa boqonnaalee kudhan keessattii dhiyaateera. Boqonnaaleen KBAO kutaa salgaffaa keessattiogummaa barreessuu shaakalsiisuuf dhiyaatan kana hunda yoo ilaalle, KBAO kutaa sagalii boqonnaa 1 gilgaala 9 fakkiwwan ilaalanii keeyyata tokkoo akka barreessan ajajuudhaan; boqonnaa 2 gilgaala sagal irratti ammoo barruu keeyyata sadii qabu barreessi jedha. Gilgaalota kana lamaan yoo ilaalle keeyyata tokko irraa gara keeyyata sadii hanga shaniitti walguddachuu agarsiisa. Kanaaf gilgaalichi dagaagaa deemuu agarsiisa. Kitaabuma kana boqonnaa sadii gilgaala 5 keessatti ,keeyyata jechoota 150-200 qabu barreessi jedha; boqonnaa 4 gilgaala 6 irratti immoo keeyyata jechoota 100-150 qabuun barreessi jedha. Boqonnaa jalqabaa keessatti keeyyata jechoota 150-200 jedhu ture irraa gadi bu'ee boqonnaa itti aanutti ammoo 100-150 gadi bu'ee ajajee jira. Agarsiistuun kun kan agarsiisu gilgaalonni kun guddachaa, cimaa dagaagaa deemuun kan irra ture gad deebi'uusaa agarra. Kun ammo gilgaalli boqonnaalee kan keessatti dhiyaatan hanqina dagaagina qabiyyee gilgaalaa qabaachuu agarsiisa. Sababiin isaas raga kana irra akka hubannutti keeyyanni jalqabaa jechoota 150-200 jedha waan ta'eef gilgaalli inni lammataa keeyyata jechoota 200 oli irra ijaaramuutu irra ture waan ta'eefiidha. Akkasumas kitaaabuma kana keessatti boqonnaa lama gilgaala sagal keessatti barruu keeyyata 3-5 qabu barreessi jedhee ajaja. Boqonnaalee 3,4,5,6 keessatti gilgaalonni dhiyaatan immoo keeyyata tokko tokko akka barreessan ajaja. Kanarra waanti hubatamu boqonnaalee 1-6tti gilgaalonni dandeettii bareessuu shaakalsiisan qabiyyeen isaa guddachaa, dabalaa kan deemu miti.Boqonnaalee 7,8,9,10fi 11 keesatti ammoo gilgaalii dandeettii barreessuun

walqabate tasumaa hin jiru. Dagaagina qabiyyee gilgaalaa yoo jennu, qabiyyeen gilgaalichaa deddeebi’ee boqannaalee hunda keessatti argamuufi qabiyyeen gilgaalichaa dagaagaa, guddachaa, bal’achaa deemuu qaba. (Tasfaayee 1981).

KBAO kutaa salgaffaa kana keesattii boqonnaa 12 gilgaala 5A keesatti keeyyata sadii akka barreessan ajaja. Boqonnadhuma kana gilgaala 5B keesatti amma 3-5 akka barreessan ajaja. Ragaan kun kan agarsiisu keeyyatni barreesan dabalaa, guddachaa deemuu kan agarsiisu yoo ta,u, boqonnaa kana keessatti gilgaalli 5C ammoo keeyyata sadii akka barreessan gaafata. Akkasumas boqonnaa 17 gilgaala 7A keessatti keeyyata tokko akka barreessan ajaja. Boqonnaa kana  keessatti walitti fufiinsi gilgaalaa yoo jiraateyyuu, keeyyata 3-5 irraa gara keeyyata sadiitti gadi xiqqeesseefi boqonnaa 17 keessatti ammo gara tokkotti gadi deebi’ee jira. Kanarra kan hubannu qabiyyeen gilgaalaa sun guddachaa dabalaa cimaa kan deemu miti. Kanaaf KBAO kutaa sagalii kana keessatti dagaahinni qabiyyee gilgaalaa kan hin jirre ta’uu mul’isa.

#### 4.1.2.5. Bu’aa Xiinxala Gilgaalaa Hiikaafi Faallaa Jechootaa

Gilgaalonni hiika jechootaafi faalla jechootaaa shaakalsiisuuf kitaaba barnootaa Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan boqonnaa boqonnatti walitti fufiinsaan osoo walirraa hincitin yookaan ciccitanii dhiiyachuusanii adda baasuuf, akkasumas boqonnaa boqonnaatti qabiyyeen isaa dagaagaa, guddachaaa, cimaa deemuufi dhiisuusaa adda baasuuf gabatee armaan gadii yaa ilaallu.

##### 4.1.2.5.1. Walitti Fufiinsaa Gilgaala Hiikafi Faallaa Jechootaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti

**Gabate 9: Walitti fufiinsaa gilgaalota hiikaa jechootaafi faallaa jechootaa ibsan.**

| Gosa gilgaalaa | Boqonnaaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra deebii | Dhib.(%)> |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| Hiika jechootaa | - | √ | √ | √ | √ | √ | - | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | √ | - | √ | √ | 15 | 83.3 |
| Faallaa jechootaa | - | - | - | - | - | √ | √ | - | √ | - | - | - | - | - | - | - | - | - | 3 | 16.7 |

Gabatee (9) olii yoo ilaalle gilgaalli hiika jechootaa KBAO kutaa salgaffaa keessa jiran agarsiisu. Kunis hiika kallattii, galumsaafi hiika faallatu argama. Hiikni jechootaaafi kennaman ku hiika galumsaafii kallattii yoo ilaalle boqonnaalee kudha saddet jiran keessaa boqonnaalee kudha afur keessatti walitti fufiinsaan kan argamaniidha. Boqonnaalee 1,7, 16fi 18 keessatti hiikni jechootaa tasumaa hin jiru. KBAO kutaa sagalii kana keessatti gilgaalonni hiika jechootaa galumsaafi hiika kallattiin barattoota shaakalsiisuuf dhiyaate gama walitti fufiinsaan gaarii ta'uusaa agarsiisa.

Nunan (1989) akka jedhetti, gilgaalota keessatti , walitti hidhatiinsa gochaalee dagaagina kan uumu ta'ee inni duraa isa itti aanee dhufuuf bu'uura kan ta'uudha jedha. Kanaaf KBAO kutaa sagalii kana keessatti akkaataa dhiyaannaa isaa boqonnaa sadii irra kan hafe hunda keessatti bifa walfakkaatuun waan dhiyaanneef walitti hidhatiinsi isaa gaariidha. Gilgaalli hiika jechootaan walqabatuu bifa garaagaraan dhiyaatee waan jiruuf walitti fufiinsa qabaachuu agarsiisa.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kanaa keessatti gilgaalonni faallaa jechootaa barsiisuuf dhiyaatan ni jiru. Gabatee  olii irratti akka ilaalluutti boqonnaalee kudha saddettan keessaa boqonnaa sadii keesatti dhiyaatee jira. Raga kanarraa waanti hubatamu harki ¼ boqonnichaa gadii dhiyaachuusaati. Walitti fufiinsa gigaalaa keessatti KBAO yoo qophaa'uu gilgaalonni boqonnaalee kitaabichaa keessatti dhiyaatan walitti hidhatiinsa qabaachuu akka qaban, akkasumas deddeebi'ee dhiyaachuu akka qabu yoo ta'u, KBAO kutaa salgaffaa kun gama gilgaaalota hiika faallaa jechootaan kana kan guute miti. Kanaaf kitaabni barnootaa kun walitti fufiinsa gilgaalaa hiikaafi faallaa jechootaan hanqina guddaa qabaachuu agarsiisa.

#### 4.1.2.5.2. Walitti Fufiinsa Keesatti Dagaagina Gilgaalaa Hiikaa Jechootaa

Gabatee (9) oliirraa yoo ilaallu, KBAO kuataa salgaffaa kana keessatti boqonnaalee kudha saddettan jiran keessaa gilgaalli hiika jechootaa galumsaafi kallattiin barattoota shaakalsiisuuf dhiyaate boqonnaalee afur keessatti tasuma hin jiru. Dagaaginni gilgaalaa yoo jedhamu ammo gilgaalli sun boqonnaalee jiran keessatti deddeebi'ee dhiyaatee, qabiyyeen gilgaalichaa ammo dabalaa, cimaa guddachaa deemuu akka ta'e, (Tasfaayee1981). Kitaaba kana keessatti ammoo boqonnaalee hunda keessatti bifi inni ittiin dhiyaate ajaja walfakkaataatti waan fayyadamee darbee darbee irra deddeebii qabaachuu agarsiisa.

#### 4.1.2.5.3. Walitti Fufiinsa Keessatti Dagaagina Gilgaalaa Hiika Faallaa Jechootaa

Dagaaginni gilgaala yoo jennuu qabiyyeen gilgaalichaa guddacha, bal'achaa, dabalaa deemuu akka qabu agarsiisa. Dagaagina gilgaala KBAO kutaa sagalii kana yoo ilaalluu ragaa olii akka ibsutti gilgaalonni faallaa jechootaa barsiisuuf kitaabicha keessattti dhiyaatan boqonnaalee kitaabichaa kudha saddettan jiran keessaa boqonnaa sadii qofa keessatti dhiyaate. Boqonnaalee hunda keessatti dhiyaatee, boqonnaa boqonnaatti qabiyyeen gilgaalichaa guddachaa, dabalaa, deemuuf walitti fufiinsaan boqonnaalee hunda keessatti argamuun murteessaadha. Kun ammoo kitaabicha fi silabasiicha keessatti hin mul'atu. KBAO kutaa sagalii kana keessatti gama dagaagina gilgaala faaallaa jechootaan hanqina guddaa qabaachuu isaa agarsiisa.

### 4.1.2.6. Bu'aa Xiinxala Gilgaalota Afoolaa

Gilgaalonni Afaoola waliin walqabatan kitaaba barnootaa Afaaan Oromoo kutaa sagalii keessatti dhiyaatan walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaa qabaachuufi dhiisuu isaanii agarsiistuu armaan gadii irraa ilaalla.

#### 4.1.2.6.1. Walitti Fufiinsaa Gilgaala Afoola KBAO Boqonnaa Boqonnaatti

**Gabatee 10:Walitti fufiinsa gilgaala afoolaa boqonnaa boqonnaatti agarsiisan**

| Gosoota gilgaala afoolaa | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra deebii | Dhibb .(%) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | | |
| Mammaaksa | √ | | | | | | | | | | | | | √ | | | √ | | 3 | 16.7% |
| Hibboo | | | | | | | | | | | | | | √ | | | | | 1 | 5.55% |
| Geerarsa | | | | | | | √ | | | | | | | | | | | | 1 | 5.55% |
| Tapha ijoollee | | | | | | | | √ | | | | | | | | | | | 1 | 5.55% |
| Durdurii | | | | | | | | | √ | | | | | | | | | | 1 | 5.55% |
| Sheekkoo/oduu durii/ | | | | | | | | | √ | | | | | √ | | | | | 2 | 11.1% |
| Faaruu loonii | | | | | | | | | | | | | | | | | √ | | 1 | 5.55% |
| Faaruu daa'immanii | | | | | | | | | | | | | | | √ | √ | | | 2 | 11.1% |
| Jechamoota | | | | | | | | | | | | | | | | | √ | | 1 | 5.55% |
| Malleen dubbii | | | | | | | | | | | | | | | | | √ | | 1 | 5.55% |

Gabatee kanarraa wanti hubatamu gilgaalonni afoola KBAO kutaa sagalii kana keessatti dhiyaatan gosoota kudhan yoo ta'uu, isaan keessaa mammaaksi si'a sadii, sheekkoon si'a lamafi faaruu daa'immanii si'a lama kan deddeebi'anii dhufan yoo ta'u, gosoonni afoola warren hafan hundi boqonnaalee kudha saddettan keessatti si'a tokko tokkoo qofaa kan argamaniidha. Haala dhiyaanna isaanii kana dhibbentaan yoo ilaallu mammaaksi 16.6%, sheekkoon 11.1%fi faaruun daa'immanii 11.1%n dhiyyataniiru. Kana irraa waanti hubatamu qabiyyee gilgaala dandeettii afaanii afoolaan shaakalsiisuuf dhiyaatan mammaaksi, sheekkoonfi faaruun daa'immanii hanga tokko walitti fufiinsa kan qaban yoo ta'u, kan hafan hundi immoo walitti fufiinsaan hanqina kan qabaniidha. Dhibbentaan yoo ilaalle harka dhibba keessaa harka 5.55% waan ta'eef hanqina walitti fufiinsaa qabaachuu agarsiisa. Kana jechuun gosoota qabiyyee gilgaala afoolaa KBAO kutaa sagalii keessatti dhiyaatan keessaa mammaaksa, sheekkoofi faaruu daa'immanii irraan kan hafee warren kaan kitaaba kana keessatti si'a tokko qofa dhufan. Kun kan agarsiisu gilgaaloonni afoolaa dandeettiwwan afaanii shaakalsiisuuf KBAO kutaa salgaffaa keessatti dhiyaatan walitti fufiinsa gilgaalaan hanqina qabaachuu agarsiisa. Qabiyyeen gilgaalaa afoolaa kun deddeebi'ee kitaabicha keessatti argamuu dhabuun immoo barattooti hubannoo afoolaa gadi fageenyaan akka hin hubannee taasiisa. Sababiin isaas deddeebi'ee boqonnaalee jiran keessatti hin dhiyaatu yoo ta'e barattootni akka sirriitti hin shaakalle taasisa.

#### 4.1.2.6.2. Walitti Fufiinsa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Gilgaala Afoolaa Boqonna Boqonnaatti

Gilgaalonni afoola kitaaba kana keessatti dhiyaatan gabatee (10) olii kun akka mul'isutti irra deddeebi'anii dhiyaatanii hin jiran. Dagaaginni ammoo boqonnaalee kitaabichaa keessatti irra deddeebi'anii dhiyaachuun qabiyeen gilgaalichaa ammoo guddachaa, dabalaa deemuu qaba ture. Kitaaaba kana keessatti garuu gosoonni gilgaala afoola dhiyaatan mammaaksaa, sheekkoon fi faaruu daa'immaniin dagaagina hanga tokko qabaataniyyuu akka waligalaatti garuu hanqina dagaaginaa qabaachuu agarsiisa. Kunis boqonnaa tokko keessatti si'a tokko qofa argamee achumaan waan baduuf dagaaginni qabiyyee gilgalichaa guddachaa dabalaa deemuurratti rakkoo uuma. Kanarra waanti hubatamu KBAO kutaa sagalii kun walitti fufiinsaa boqonnaalee keessatti gosoonni qabiyyee gilgaala afoolaa yaa argaman malee dagaagina qabiyyee gilgaala afoolaarratti hanqinatu mul'ata.

## 4.2. Walitti Fufiinsaafi Dagaaginni Qabiyyee Gilgaalaa Kitaaba Barumsaa Keessaa Dhibuun Dhiibbaa Inni Baruu Barsiisurratti Qabu.

Qoratichi dhiibbaan walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessa yoo hin jirre fiduu danda'u gabateewwan olitti gosoota gilgaalaan qaaccessrratti hundaa'uu dhiibbaa isaaan fidan ilaaluu yaaleera. Qaaccessa gabatewwan olii keessatti agarsiifameen qabiyyee gilgaalaa tokko boqonnaa tokko keessatti dhufe, osoo gilgaallicha irra dedeebi'anii hin shaakaliin qabiyyee gilgaala biraatti darba. Kun immoo qabiyyee gilgaalaa sana gad fageenyaan akka hin shaakalle waan taasiisuufi, barnoota sana irratti  hubannoo hin argatin qabiyyee gilgaalaa birootti darbu. Kanaaf qabiyyeen barsiifame tokko kan inni galma barbaadame gahuu danda'u gilgaalaan irra deddeebi'amee shaakalameedha. Kanaaf gilgaalli tokko irra deddeebiin shakalamuu qaba. Gosoota qabiyyee gilgaalaa olitti qaaacceffame hunda keessatti walitti fufiinsaafi dagaaginni qabiyyee gilgaalaa bakka inni itti hin jirreetti dhiibbaa inni fiduu danda'u bifa armaan gadiittiin qaacceffameera. Walitti fuiinsaafi dagaaginni qabiyyee gilgaala kitaaba barumsaa Afaan Oromoo kutaa sagalii barsiisuu keessatti dhiibbaan inni fidu:

### 4.2.1. Hubannoon Qabiyyeen Barnootaa  Ijaaramaa Akka Hin Deemne Taasiisa

Odeeffannoo gabatee oliirraa arginu akka agarsiisutti qabiyyeen gilgaalotaa kitaabicha keessatti dhiyaate walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaan walqabatee iddoo tokko tokkotti hanqina akka qabuun ni agarsiisa. Gabatee 3, 6, 8fi 10 akka agarsiisutti hanqinaaleen gama walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaan ni mul'atu. Kunis gabatee 3 yoo ilaalle, odeeffannoon gabaticha keessatti dhiyaate waa'ee gosoota gilgaala caaslugaa yoo ta'u, gosoonni qabiyyee gilgaala caaslugaa gabaticha keessatti dhiyaatan gosoota qabiyyee gilgaala hennaafi maqaalee irraa kan hafe warren hafan hundi boqonnaa kitaabichaa keessatti si'a tokko tokko qofa kan dhiyaataniidha. Gama gilgaalota hennaafi maqaaleen walitti fufiinsaafi dagaaginaan gaarii yaa ta'u malee kanneen hafanii hanqina qaba. Qabiyyeen gilgaalota kun boqonnaa tokko keessatti qofa dhiyaachuu qofa osoo hin taane, gilgaala tokko qofaan dhiyaatee jira. Kun ammoo akka barattooti walitti aansanii qabiyyee tokko irra deddeebi'anii hin shaakalle taasiisa. Qabiyyee kenname tokko irra deddeebiin hin shaakalle taanaan beekumsi qabiyye sanaan qaban ijaaramaa hin deemu. Kaanaf beekumsa duraan qaban irratti waa'ee qabiyyee sanaa beekumsa haaraa akka itti dabalachaa hin deemne

taasiisuu danda'a. Kun immoo beekumsa qabiyyee sanaa gabbifachaa dagaagfachaa deemuurratti gufuu ta'a.

Haaluma kanaan odeeffannoo gabatee 6 keessa jirus yoo ilaalle, gilgaalota dandeettii dubbisuun walqabatannii dhiyaatan boqonnaalee hunda keessatti dhiyaatera. kitaabicha keessatti walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaakan agarsiisuu yoo ta'eyyuu, gama tarsiimolee dubbisuu sadaniin garuu hanqinatu keessatti mul'ata. Tooftaalee dubisuu sadan keessaa saffisaan dubbisuun boqonnaalee kudha saddettan kitaabicha keessa jiran keessaa kudha jaha keessatti dedeebi'ee dhiyaateera. Tooftaalee /suuta/ gadfageenyaan dubbisuufi sakstta'aan dubbisuu shaakalsiisuun qabiyyeen gilgalaa dhiyaate, saffisaan dubbisuu walbira qabnee yoo ilaallu baay'ee gadi bu'aadha. Kunis qabiyyeen gilgaalaa harka afur keessa harka tokko qofaatu suuta dbbisuufi sakatt'aan dubbisuu shaakalsiisuuf dhiyaatee jira. Kanarraa waanti hubatamu, barattootni dandeetti dubbisuu kitaabicha keessatti yeroo shaakalan irra caalaa dandeettii saffisaan dubbisuu qofarratti akka xiyyeeffataniifi beekumsa gama dandeetti suuta dubbisuufi sakatta'an dubbisuurrattiqaban akka dagaagfachaa cimsachaa hin deemne isaan taasiisa. Bifu walfakaatuun gabatee 8fi 10 yoo ilaalle, gabateen 8 kan agarsiisu hiika jechoota faallaa shaakalsiisuufi qabiyyeen gilgaalaa dhiyaate hanqina waliti fufiinsaa kan qabuufi irracaalaa barattootni hiika jechoota kallattifi galumsaa qofaarratti akka xiyyeeffatan kan taasiisuudha. Kun immoo hiika faallaa jechootaarratti beekumsa dabalchaa akka hin deemne isaan taasiia. Gabatee 10 yoo ilaallu immoo, dandeetti afaanii keessaa qabiyyee dandeetti dhaggeeffachuu hanqina qaba. Kunis boqonnaalee kudha saddettan kiaabichaa keessaa sadii qofa keessatti dhiyaatee jira. Daandeetti Afaanii warren kaan waliin walbira qabnee yoo ilaalle baayyee kan nama yaachisu ta'ee, qabiyyee gilgaala dhiyaate sunuu dubbisa dhaggeefachuu qofaan daanga'ee jira. Bifa kanaan dhiyaachuun qabiyyee gilgaalaa kun akka barttootni beekumsa dandeeti gamasanaan qaban dagaagfachaa hin deemne taasiisa.

### 4.2.2. Dandeettii Barattoota Bakka Tokko Qofaarratti Daangessa

Gabtewwan 3,6, 8fi 10 keessatti gilgaalonni dhiyaatan walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalan hanqina qabaachuun isaanii akka barattootni qabiyyee baay'inaan irra deddebi'ee dhuferratti xiyyeeffatanii, isaan dagatn taasiisa. Gabtee 6 irraa waanti hubannu irra caalaa qabiyyee gilgaala hennafi maqaarratti akka xiyyeeffatan, gabatee 6 keessatti dandeettii

saffisaan dubbisuu, gabtee 8 keessatti hiika jechootaafi gabatee 10 keessatti immoo gilgaalota dandeettii dubbachuu, dubbisuufi barreessuurratti irra caalaa akka xiyyeeffatan isaan daangessee jira. Kun immoo qabiyyeewwan gilgaalaa kitaabicha keessatti dhiyaatan biro walqixa akka hin shaakalee waan isaan taasiisuuf dandeettii/gahumsi isaanii qabiyyee murtaa'ee qofaarratti akka daanga'u taasiiseera. Kun immoo qabiyye hunda walqixa hubachiisuurratti gufuu waan ta'eef baruufi arsiisurratti gufuu ta'a.

### 4.2.3. Qabiyyee Baratan Dagachaa Akka Deeman Taasiisa

Kitaaba brumsaa keesatti walitti fufiinsifi dagaaginni qabiyyee gilgaalaa jiraaachuu dhabuun akka barattootni beekumsa duraan qabiyyee sanaan qabanrratti beekumsa haaraa ijaarrachaa hin deemne taasiisuu danda'a. Gabatewwan 3, 6, 8fi 10 irratti akka dhiyaate jirutti qabiyyee jalqaban osoo irra deddebi'aanii sirritti hin shaakaliin qabiyyee biraa shaakalutti darbu waan ta'eef, beekumsa duraan qaban akka dagachaa deeman taasiisa. Kana jechuun boqonnaa boqonnaatti qabiyyeen gilgaalaa dhiyaatu haaraa waan ta'eef qabiyyee boqonnaa duraa keessatti shaakalan dagataa deemu jechuudha. Fakkeenyaaf qabiyyeen gilgaalaa birsaga shaakalsiisuuf kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii boqonnaa lama gilgaala 7A qofa keessatti dhiyaatee jira. Qabiyyee gilgaalaa kana yoo ilaalle boqonnaa kana jalatti gilgaala tokko qafaan wayittii tokko qofatti shaakalu waan ta'eef , irra debi'anii shaakaluuf kitaabicha keessatti carraa hin qaban. Kun immoo waa'ee birsagichaa dagataa akka deeman issaan taasiisa. Bifu kanaan issan gabatee 3, 6, 8fi 10 keessaa rakkoo akkasii baruuf barsiisuu keessatti dhiibbaa uumuu danda'u.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

## 5. Cuunfaa fi Yaada Furmaataa

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun xiinxala walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalotaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii jedhu irratti geggeeffame. Barnoota Afaanii keessatti yeroo ammaa qabiyyewwan gilgaalaa dhiyaatan dandeettiwwan Afaaniiti; Kaan immo caasluga, hiika jechootaafi faallaa jechootaa, afoolaafi ogbarruu ni mula'atu. Gilgaalonni kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kana keessatti haala dhiyaachuu qabaniin akka dhiyaatan gahee olaanaa kan qabu meeshalee sirna barnootaati. Meeshaleen sirna barnootaa kitaabichaaafi bu'uura waan ta'eef gilgaalonni hundi haala madaalawaan ta'een akka dhiyaatuuf shoora guddaa taphata. Kunis meeshalee sirna barnootaaa keessaa tokko kitaaba barnooaata qajeelcha barsiisaafi silabasii waan ta'eef, Silabasii, qajeelchi barsiisaafi kitaabni barnootaa sirritti qophaa'ee jennaan dhiyaannaan gilgaalaa kitaabichaa keessatti dhiyaatuus haala gaariin waan qophaa'uuf baru-barsiisuuf haala mijaawaa uuma; akkasumas barumsicha galma barbaade gahee ni milka'a.

Qophii meeshalee sirna barnootaa keessatti ammoo gilgaalli xiyyeeffannoo guddaa barbaada. Sababiin isaas baru barsiisuu milkeessuuf meeshaleen kitaabicha keessatti barbaachisuufi qabiyyee barsiifamu shaakalsiisuuf gargaaramnu gilgaala waan ta'eef. Gilgaalli kitaabicha keessatti qabiyyee sana shaakalsiisuuf qophaa'ee sun immoo boqonnaa hunda keessatti bifa walitti hidhatiisa qabuufi dagaagina qabuun dhiyaachuun, akka barattootni qabiyyee baratan sana boqonnaa boqonnaatti shaakalaa deeman; qabiyyeen baratan sun immoo dabalaa, cimaa, guddachaa kan deemu yookaan salphaa irraa gara cimaatti tartiiba'ee kan dhiyaate ta'uu qaba. Sababiin isaas qabiyyeen gilgaalaa tokko boqonnaa hunda keessatti walitti fufiinsaan shaakaluufi qabiyyee shaakalamu sun immoo ciminni isaa dabalaa yoo deeme dandeettii isaanii cimsuuf gargaara waan ta'eefiidha. Kana ta'uu baatee qabiyyeen gilgaalaa tokko walitti fufiinsa boqonnaalee kitaabichaa gidduutti hin qabu taanaan, barattootni waan boqonnaa tokko keessatti baratanii shaakalan carraa irra deebiin shaakaluu akka hin arganne taasiisa. Kun immoo qabiyyeen gilgaalaa sun walitti fufiinsa hin qabu taanaan waan baratanii shaakalan sana dagachaa deemuu qofa osoo hin taane waan baratanii shaakalan sana gadifageenyaan akka hin hubanne taasisa. Waan baratan sana hubannoo gad fageenya hin

qaban taanaan kaayyoo barnootichaa galmaan gahuuf danqaa uuma. Kanuma bu’uureffachuun qorataan kunis wlitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaa KBAO kutaa 9 kana xiinxale. Qorataan kun qorannoo kana geggeessuuf ka’umsa godhatee kan ka’e, komee barattootni gilgaala kitaabichaan walqabsiisanii kaasan yoo ta’u, kaayyoon isaas KBAO kutaa 9 kana keessatti walitti fufiinsifi dagaaginni qabiyyee gilgaalotaa jiraachuusaafi dhiisuunsaa ibsameera. Qoannoo kana geggeessuuf mala qorannoo makaatti kan gargaarame yoo ta’u, kan jechaan argaman akkamtaa, kan dhibbantaan argaman immoo ammamtan iddattoo mit-carraa akkaayyootti gargaaramuun xiinxale ibseera. Walumaagalatti, gosoota gilgaala muraasaan hanga tokko fooyya’aa ta’eyyuu kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti hanqinni walitti fufiinsaafi dagaaginni qabiyyee gilgaalaa jiraachuusaa argannoo gadiirraa ni mul’ata.

## 5.2. Argannoo

Argannowwan akka waliigalaatti qorannoo kanaan qorataan kun argate haala armaan gadii ka’amaniiru.

Haalli qophii Kitaabni barnootaa Afaaan Oromoo kutaa 9ffaa gama walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeen gilgaalaan hanqina qaba. Kunis haalli qophii isaa akkaataa gilgaalonni kitaabicha keessatti dhiyaatan yoo ilaalamu, qabiyyeen gilgaalaa tokko bifa walitti fufiinsa qabuun boqonnaalee keessatti hin dhiyaanne. Gama biraan immoo qabiyyeen gilgaalaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti dhiyaate kun dagaagaa, dabalaa salphaarraa gara cimaatti tartiiba’ee kan deemurratti hanqina qaba. Haaluma kanaan tokkoo tokkoo gilgaaloota sakatta’aan irratti geggeeffame xiinxaluun yoo ilaallu

- ❖ Gilgaaloota ogummaa afaanii keessaa dubbachuu, dubbisuufi barreessuun haala qophii qabiyyee gilgaalootaan walitti fufiinsa kan qaban ta’ee, dagaagina qabiyyee gilgaalaan garuu hanqina qabu. Gilgaalonni qabiyyee gilgaala ogummaa barreessuu yoo ilaalle salphaarra gara cimaatti dagaagaa dabalaa deemurratti hanqinatu mul’ata. Kunis haalli qophii kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 kun kan nama yaachisudha. Gilgaaloota ogummaa dhaggeeffachuun shaakalsiisuuf dhiyaate immoo walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaan hanqina qaba.

- ❖ Gilgaaloonni qabiyyee gilgaala caaslugaa shaakalsiisuuf dhiyaaatan qabiyyeen gilgaalaa tokko keessatti shakalsiifame bifa walitti fufiinsas ta'e dagaagina qabuun dhiyaachurratti hanqina qaba.
- ❖ Hiika jechoota shaakalsiisuuf gilgaaloonni kitaabicha keessatti dhiyaate walitti fufiinsafi dagaagina kan qabu ta'ee hiika faalla shaakalsiisuuf gilgaalonni dhiyaatan walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaan  hanqina qabu.
- ❖ Gilgaalonni qabiyyee afoolaan waliin walqabatanii dandeettii afaanii shaakalsiisuuf dhiyaatan walitti fufiinsa hin qabu. Kunis gosoota afoolaa KBAO kutaa kanaa keessatti dhiyaatan hundi irraa deddeebi'ee boqonnaa hunda keessatti hin mul'atu. Qabiyyeen gilgaalaa dhiyaate sunis irra deddeebi'ee mul'atee dagaagaa dabalaa cimaa kan deemu miti. Dagaagina qabiyyee gilgaalaanis hanqina qaba.
- ❖ Kitaaba kana keessatti walitti fufiinsiifi dagaaginni dhibuun kun immoo baruu barsiisuurratti dhiibbaa uuma. Kunis baruu barsiisuu keessatti akka barattootni walitti fufiinsaafi dagaaginaan beekumsa qabiyyee gilgaala sanaa deddeebi'anii shaakalaanii dagaagfachaa akka hin deemne akka taasiisu xiinxalli kun ni ibsa.
- ❖ Qophiilee kitaabichaa hanqina qaba waan ta'eef, gara fuula duraatti bifa walitti fufiinsaafi dagaagina qabuun qophaa'uu akka qabuu xiinxalli qorannoo kanaa ni ibsa.

## 5.3. Yaboo

Qorataan kuni  hanqinoota qorannoo kanaan adda bahan irratti hundaa'uun yaadi furmaataa armaan gadii kennamee jira.

1. Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti gilgaalonni qophaa'an gama walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalaan xiyyeeffannoo iddoon barbaadan jiru. Kunis gilgaalonni dhiyaatan boqonnaalee hunda keessatti bifa walitti fufiinsafi dagaagina qabuun osoo dhiyaate, barattootni waan baratan sana sirriitti bilcheessanii akka hubatan taasiisa waan ta'eef, ogeyyonni qophii meeshaalee sirna barnoota irra jiraniin osoo itti yaadamee qophaa'ee gaarii ta'a. Kana jechuun qabiyyeen gilgaalaa boqonnaa tokko keessatti dhiyaate, sadarkaa sadarkaan cimni isaa dabalaa deemee boqonnaalee itti aananii dhufan keessatti yoo dhiyaate irra caalaa bu'aa gaarii buusa jechuudha.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii kana keessatti qophiileen gilgaala dandeettiwwan afaanii ittiin dhiyaatan xiyyeeffannoo argachuu qabu. Dandeettiwwan afaanii waliigalaa kitaabicha keessatti dhiyaatan hunda yoo ilaallu

1. Ogummaaan dubbachuu qophii meesahaalee barnootaa keessattii adda bahanii xiyyeeffannoon itti kennamee osoo qopha'aanii gaarii ta'a. Kunis gilgaalli qophaa'uu kan dandeetti dubbachuu haalaan hojii dhuunfaan hojjetanii of danda'anii dandeettii sana karaa hundaa shaakalsiisan ta'anii osoo qopha'ani gaariidha. Ogummaan dhaggeeffachuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti xiyyeeffannoo osoo argate gaarii ta'a. Kunis kitaabicha keessatti bifa walitti fufiinsa qabuun boqonnaalee hunda keessatti osoo wal irra hin citin xiyyeeffannoo argatee osoo qophaa'ee gaariidha. Akkasumas waantoota isaan dhaggeeffatanii dandeetticha shaakalan dubbisa qofaatu dhiyaate jira waan ta'eef, meeshaaleen akka raadiyoofi kaasetta sagalee dhaggeeffatanii ittiin shaakalan osoo qabiyyee gilgaala kitaabichaatti hammatamee dandeettii dhaggeeffachuu irra caalaa akka gabbatu waan godhuuf xiyyeeffannoo osoo argate gaariidha.
2. Ogummaa dubbisuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti dhiyaate osoo tooftaalee dubbisuu hunda /sadden/ walqixa hammatee bifa walitti fufiinsaafi dagaagina qabuun osoo qophaa'ee gaariidha. Ogummaa barreessuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti dhiyaate haala walitti fufiinsaafi dagaagina qabuun boqonnaalee hunda keessatti osoo qophaa'ee gaarii ta'a.
3. Gilgaalonni caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti dhiyaatan bifa walitti fufiinsa qabuun osoo dhiyaate gaarii ta'a. Kunis gilgaalonni qopha'aan walitti fufiinsaan boqonnaa hunda keessatti osoo dhiyaate; kana jechuun qabiyyeen gilgaala tokkoo boqonnaaalee keessatti deddeebi'ee osoo dhiyaate; akkasumas gilgaalli walitti fufiinsaan dhiyaatu kun ammoo dagaagaa, cimaa dabalaa bifa deemuun osoo qophaa'ee gaariidha.
4. Gilgaalonni hiika faalla jechootaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti dhiyaatan baayyee muraasa waan ta'aniif osoo boqonnaalee hunda keessatti bifa walitti fufiinsaafi dagagina qabuun dhiyaatee gaariidha.
5. Gilgaalonni afoola Oromoon walqabatanii dhiyaatan xiyyeeffannoo osoo argatee gaariidha. Kunis gilgaalonni afoolaan dandeettii dubbachuu, dhaggeffachuufi hiika

jechootaa shaakasiisuuf dhiyaatan boqonnaalee hunda keessatti bifa walitti fufiinsa qabuun osoo qophaa’ee gaariidha. Kunis qabiyyeen gilgaalaa sun irra deddeebi’ee qabiyyeen dagaaga, cimaa osoo dhiyaatee irra caala kaayyoo barbaadame bakkaan ga’uu danda’a.

Walumaagalatti kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 kun irra deebi’ee bifa qabiyyeen gilgaalotaa kitaabichaa kun walitti fufiinsaafi dagaagina qabuun osoo qophaa’ee gaariidha.

**Wabii**


Adunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa* .Yaadrimee Qorannoo Hujoo : Finfinnee.

Allen J.P.B., *General–Purpose Language Teaching*: a Variable Focus Approach in Brumfit, C.J. General English Syllabus Design (ELT Documents 118), Perga-mon/The British Council, London 1984 (Ed.), pp. 3–24.

Allen, Uf, (1984). *Teachniques In Teaching Vocabulary*: Hong Kong: Oxford University.

Allwright, R.L. (1990). *What Do We Want Teaching Materials For Currents In Language Teaching?* Oxford: Oxford University Press.

Bareen M. (1987) *learner contribution to task.*In Candlin and Murphy.

Berg B.L. (2001). *Qualitative Research Methods For Social Science*. Boston :Allyn And Bacon.

Asaayyee Baqqalaa. (2007). *Argamisaafi Itti Fayyadaminsa Sagantaa Barnoota Afaan Oromoo Raadiyyoorraa: Kutaa 1-4 Irratti Kan Xiyyeeffate.* Qorannoo Eebba Booda Yuunivarsiitii Finfinnee. (Kan Hinmaxxaffamne)

Bygate.M.(1996). *Effects Of Task Repetition*: Appraising. The Development Of Secound Language Learners. Inj.Willis &D.Willis (Eds.),Challenge And Chage In Language Teaching: Heinemann.

Bygate M Skehan P, Swain M .Eds.( 2001). *Researching Pedagogic Tasks*:Secound Language Learnig ,Teaching &Testing .London Longman.

Breen, M. (1989). *The Evaluation Cycle For Language Learning Task. In R.K. Johnson.(Ed). The Second Language Curriculum.* Cambridge: Cambrige Univrsisity Press.

Brown Douglas.(2000). *Teaching By Principles. An Interactive Approach To Language Pedagogy Second Edition:*Longman.

Brown, Et. Al. (1989).*Curriculum And Instruction: An Introduction Into Method Of Teaching*. London Macimillan Company.

Brown, J. (1995). *The Elements Of Language Curriculum.* Boston, Ma: Heince&Cohen.

Candlin.C.N. (1984) *Applied Asystem Approach To Curriculum Innovation* . In The Publicsector. In Read, J,A, S,(Ed.) Trend In Language Syallbus Design.Singapor.

Cohen, L. Manion, L, And Morrison K. (2000). *Research Methods In Education. Fifth Edition*, London And New York: Routledge.

Cook, V. (2001). *Second Language Learnig And Language Teaching*. (3rd Ed.). New York:Oxford University Press.

Cunningworths, A. (1984). Evaluating And Selecting Etl Teaching Materials. Uk: Athenaeum Press Ltd.

Cunningworths, A. (1995). *Choosing Your Course Book*. Oxford Heinemann.

Dastaa Dassaaleny. (92013). *Bu'uura Qorannoo.*Far.East Trading Plc.

Dirribaa Dabalee.(2008).*Xiinxala Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Kutaalee 11fi12: Walitti Fufiinsaafi Dagaagina Irratti Xiyyeeffachuun*. Qorannoo Eebbaa Boodaa Yuunversitii Fifinnee ( Kan Hin Maxxanfamiin).

Dublin, Fraud & Olshtain, Elite, (1986). *Course Design:* Developing Programs And Materials For Language Learning. Cambridge: Cambridge University Press.

Girma Tadesse .(2014). *Methodology And Writing up Research A Hand Book For students and Supervisors.*Addis Abeba: Mega Publishing and Distribution PLC.

Johan Dewey. (1938, P. 52) *Expriance And Education.* New York: The Macmillan Company.

Johason, K. (1995). *Language Teaching And Skill Learnig*.Oxford: Basil Blackwell.

Harmer, J. (1991).The Practice Of English Language Teaching. London: Longman.

Heinich, R. (1989). *Instructiona Media*. New York: Macmillan Publishing Company.

Heinich,R. (1993*).Instructional Design Models*. New York: Macmillan Publishing Company.

Jain, M. And Peter. (2008*). English Languaga Teaching*. Sunrise Publishing.

Kidaanee Wadaajoo. (2015)."*Qaaccessa Dhihaanna Gilgaalota Hiika Jechootaa Kitaabaa Afaan Oromoo Kutaa 12:* Qorannoo Eebba Boodaa Yuunversitii Finfinne (Kanhinmaxanfamin).

Mc Donough, J. And Shaw, C. (1993). *Materials And English Language Teaching*. Oxfor: Blank Well Published Ltd.

Ministeera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 9ffaa*: Kampala Uganda. Mk Publishers Ltd.

_____ .(2005). *Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 9ffaa*: Kampala Uganda. Mk Publishers Ltd.

Nunan.D.(1985). Content Familiarity And The Perception Of Texual Relationships In 2nd Language Reading .Relc.Journal,16

______. (1988).*Syllabus Design*.Oxford:Oxford University Press.

______.(1989) *Designing Tasks For The Communicative Class Room*. Cambridge: Cambrige. Oxford University Press.

______. (1990). *Second Language Teaching Education*. Cambrige: Cambrige Univrsisity Press.

______.(1991). *Language Teaching Methodology* :Abook For Teachers , New York:Pritice Hall International.

______. (1998). *Syllabus Design*. Oxford University Press.

______. (2004). Task Based Language Teaching, Cambrige: Cambrige Univrsisity Press.

Nuttall, C. (1982).*Teaching Reading Skills In A Foreign Language.* Heinemann.

Prabhu, N.S.(1987). *Second Language Pedagogy*. Oxford: Oxford University Press.

Richards, J .C. (2001).*Curriculum Development In Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press

Richards & Rogers. (2001). *Approachs & Methods In Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Richard & Renandya. (2002). *Methodology In Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

Robinet, (1978). *Teaching English To Speakers Of Other Languages*. Minnesota: MinnesotaUniversity.

Roinsan P.( 2007b). *Criteria For Classifining And Sequencing Pedagogic Tasks.* Inm.P.Garcia-Mayo (Ed.). Investgating Tasks Informallanguage Learning (Pp.7-27).Clevedon, Uk Multilingual Matters.

Stern, H.H.(1984). *Fundamental Concept Of Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press.

Tomlinson, B.(1998). *Materials Development For Language Teaching*. London: Cromwell Press.

Ur, P. (1996). *A Course In Language Teaching:* Practice And Theory. Cambridge: Cambridge University Press.

Walkin' Cane Mark. (1994). *Walk-In' The Talk : Employee Hiv Educational Materials.* Washington, Dc: U.S. Department Of Energy.

Willis J. (1996). *Aframe Work For Task Based Learning*. Harlow: Longman.

**ተስፋዬ ሽዋዬ (1981) ፡፡ *ስና ልሳንና ቋንቋን ማስተማር፡፡ አድስ አበባ፡፡***

# Dabalewwan

## Dabalee A

### Yuunivarsiitii Finfinneetti  Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi SabqunnamtiiMuummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookiloorii

### Sagantaa Eebba Booda

Qabxiilee Gilgaalota Caaslugaa Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 9 xiinxaluuf Guutaman.

| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Gosoota qabiyyee gilgaalaa | Ajaja |
|---|---|---|---|---|
| 2 | 7A | 20 | Birsagaafi jecha | Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa |
| | 7B | 20 | Jechoota diigalaa/tishoo | Dubbisa armaan olitti dubbiste keessaa jechoota tishoo baasiitii hiika isaanii akka galumsaa isaanitti kennuun gareen irratti mari'adha. |
| | 7D | 21 | Garee jechootaa | Jechoota 7C jalatti hiika kenniteef kanneen garee jechoota kam kam keesaa akka walitti dhufan himi |
| | 8B | 22 | Birsaga | Jechoota armaan gadii birsagatti addaan qooduun birsaga meeqa akka qaban agarsiisi. |
| 3 | 4AB | 38 | Gaalee | Himoota armaan gadii keessaa gaalewwan adda baasuun gosoota isaanii ibsi. |
| | 5 | 39 | Gosoota maqalee | Gosoota maqaalee shananiifi maqaalee sadi sadi barreessi. |
| 5 | 4 | 49 | Fufiilee | Jechootarraa fufiilee adda baasuun fufii duree ykn fufii duubee ta'uu ibsi. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | 5 | 50 | Mqaafi maqibsa | Gaalewwan armaan gadii keessatti maqaalee akka maqibsaatti tajaajilan dda baasii akkamitti akka maqibsa ta’an ibsi |
| | 6A | 50 | Henna ammeennaa | Himoota 65enna ammeennaatiin barreeffaman adda baasii.Himoota mataa keetiin henna ammeenna barreessi. |
| | 5 | 60 | Hennaa | Himoota gadii keessaa himoota henna amsiiqaatiin barreeffame adda baasi. |
| | 5 | 73 | Maqaafi gosootasaa | Maqibsoota jala sararuun gosoota isaanii himi. |
| | 6 | 74 | Raawwima ammeennaa | Himoota armaan gadii keessaa kan raawwima ammeennaatiin barreeffame adda baasi. |
| 8 | 4 | 81 | Bamaqa | Himoota armaan gadii keessatti bamaqaalee jala sarari. |
| | 5 | 82 | Hennaa darbeennaa | Himoota 65enna darbeennaaatii gaditti barrreffaman hima kamtu hima kam akka ibsu adda baasi. |
| 9 | 9 | 89 | Gochima | Gochima adda baasii barreessi |
| | 10 | 90 | Gochima | Gochima kennameerratti mathima Qeenxeefi danuu fayyadamuun hima ijaari. |
| | 11A | 91 | Henna keessa tarsiiqaa | Keeyyata gadii keessaa jechoota henna keessaa tarsiiqaa agarsiisan adda baasii barreessi. |
| | 11B | 91 | | Garaagarummaa himoota gadii gareen mari’adhaa. |
| 10 | 6A | 101 | Firoomsee | Himoota kanaa gadii keessaa firoomsee adda baasii barreessi. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | 6B | 102 | Firoomse | Firoomsee gaditti dhiyaatan keessaa filachuun keeyyata guuti. |
| | 7A | 104 | Gochibsa | Gochibsa himoota kanaa gadii keessatti argaman addaan baasuun dabtara kee irratti barreessi. |
| | 7B | 104 | Gocibsa | Keeyyata kanaa gadii kennamee keessaa gochibsa addaan baasuun barreessi |
| | 7D | 105 | Gochibsa | Gochibsoota kanaa gadiirratti himoota mataa keetii ijaari. |
| | 8A | 105 | Raawwima darbeennaa | Himoota armaan gadii keessaaa gocha raawwima darbeennaa kan agarsiisu adda baasii barreessi. |
| | 8B | 106 | Raawwima darbeennaa | Gochawwan cimdii cimdiin kanaan gaditti keennaman fayyadamuun himoota raawwima darbeennaa barreessi. |
| | 8C | 106 | Raawwima darbeennaa | Hima raawwima darbeennaa kan agarsiisu kan mataa keeti shan barreessi. |
| 11 | 4A | 111 | Matima antima gochima | Himoota armaan gadii irra debitee erga dubbistee booda sirreessi barreessi. |
| | 4B | 112 | Matima antima gochima | Himoota armaan gadii keessatti matima, antimafi gochima walsimsiisii barreessi. |
| | 5A | 113 | Murannaa | Waan fuulduratti hojjechuuf karoorfatteshan barreessi. |
| | 7A | 123 | Henna murannaa | Waan fuulduratti hojjechuuf raawwachuu kee shakkitu shan barreessi. |
| 13 | 4A | 129 | Walqabsiistoota | Walqabsiistoota kanaa gadiitti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa himoota kanaan gadii keessa galchi. |

# Dabalee B

## Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii NamoomaaQo'annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi Sabqunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookiloorii

## Sagantaa Eebba Booda

Qabixiilee gilgaala dandeetti dhaggeeffachuu xiinxaluuf guutaman.

Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa **9**

| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Gosa gilgaalaa | Ajaja |
|---|---|---|---|---|
| 1 | 1A | 1 | Dhaggeffachuu | Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan kee sii dubbisu dhaggeeffachuun deebisi |
| | | | Dhaggeffachuu | Jechoota armaan gadii dhaggeeffannaa keessatti gufuu akka sitti hin taaneef hiika isaanii tilmaami. |
| | 2 | | Dhaggeffachuu | Barsiisaan kee barreeffama "amaloota afaanii" siif dubbisa. Ati ammo dhaggeeffachaa bakkaa duwwaa guuti. |
| 2 | 2 | 14 | Dhaggeffachuu | Barreeffama barsiisaan kee sii dubbisuu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa guuti. |
| | 3 | 14 | Dhaggeffachuu | Gaaffiwwan armaan gadii mata duree dhaggeeffachuurratti hundaa'uun barreeffamaan deebisi. |
| | | | | |
| 9 | 1A | 83 | Dhaggeffachuu | Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan keessan dubbisan dhaggeeffachuun dura gareen irratti mari'adha. |
| | 1B | 84 | Dhaggeffachuu | Jechoota armaan gadii dhaggeeffachuu keessatti gufuu akka sitti hintaaaneef hiikaa isaanii tilmaami. |
| | 2 | 84 | Dhaggeffachuu | Barsiisaan keessan barreeffama 'silmii "jedhu siif dubbisa. Ati immoo bakka duwwaa siif kenname dhaggeeffachaa guutaa. |
| | 3 | 84 | Dhaggeffachuu | Gaaffiwwan armaan gadii gaafatamteen deebii afaaniin kenni. |

# Dabalee C

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii NamoomaaQo'annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi**

**Sabqunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookiloorii**

**Sagantaa Eebba Booda**

Qabxiilee Gilgaalota Dandeettii Dubbachuu Kbaoxiinxaluuf Guutaman.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9

| Boqonnaa | Gilgaaala | Fuula | Gosa gilgaalaa | Ajaja |
|---|---|---|---|---|
| 1 | 4 | 3 | Shaakala dubbisa duraa | Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan kanaa gadii gareen irratti mari'achuun afaaniin dareef gabaasi. |
| 2 | 4 | 15 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii osoo gara dubbisuutti hin seeniin dura fakkiwwan olii ilaaluun irratti mari'adha. |
| | 6 | 19 | Dubbachuu | Gaaaffiwwan armaan gadii haala naannoo keessaniin walqabsiisuun gareen irratti mari'adhaa |
| 3 | 1 | 23 | Dubbachuu | Fakkiilee armaan gadii ilaaluun gaaffiwwan kanneen gareen irratti mari'achuun deebisaa. |
| 4 | 1 | 31 | Dubbachuu | Barreeffama armaan gaditti siif dhiyaate dubbisuun dura gaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa. |
| | 3 | 36 | Dubbisuun booda | Hubannoo barreeffamicharraa argatteefi muuxannoo kee itti dabalii gareen mari'achuun dareef gabaasi. |
| 5 | 1 | 41 | Dubbachuu | Osoo barreeffama armaan gadii hin dubbisiin gaaafffiwwan kannee gareen irratti mari'achuun deebisi. |
| 6 | 1 | 51 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii osoo hin dubbisiin dura gaaffiwwan itti aanan gareen irratti mari'adha. |
| 7 | 1 | 63 | Dubbachuu | Osoo dubbisa Jeneraala Taddasaa Birruu jedhu hin dubbisin gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adha. |
| | 3 | 70 | Dubbachuu | Hubannoo dubbisicharrra argatte irratti hundaa'uun gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adha. |
| 8 | 3 | 80 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo barreeffamicharraa argattefi beekumsa keessan itti dalaatii gareen irratti mari'adha. |
| | 6 | | Dubbachuu | Faayidaa beeladoonni armaan gadii hawaasa keessatti qaban irratti mari'adhaa. |
| 9 | 1A | 83 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan keessan dubbisan dhaggeeffachuun dura gareen irratti mari'achuun deebisaa |
| | 6A | 86 | Dubbachuu | Faayidaa beeladoonni kanaa gadii hawaasa keessatti qabanirratti mari'adhaa. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | 6B | 87 | Dubbachuu | Dubbisa armaan gadiitti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari’achuun dareef afaaniin gabaasi. |
| 10 | 1A | 95 | Dubbachuu | Fakkiwwan armaan gadii bu’uureffachuun dhiibbaa HIV/AIDSiin geessisuu danda’u irratti gareen mari’adhaa. |
| | 5 | 101 | Dubbachuu | Qabxiwwan waa’ee HIV/AIDSiin kanaa gaditti dhiyaatan keessaa tokko filachuun gareen irratti marii geggeessaa. |
| 11 | 1A | 107 | Dubbachuu | Fakkiwwan kanaa gadiirratti gareen irratti mari’adhaa. |
| | 1B | | Dubbachuu | Dubbisa dhiyaateen dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari’adhaa. |
| 12 | 1A | 115 | Dubbachuu | Dubbisa armaan gadii isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari’achuun dareef afaanii gabaasaa. |
| 13 | 1A | 125 | Dubbachuu | Garaagarummaa fakkiwwan armaan gadirratti mari’adha. |
| | 1B | 125 | Dubbachuu | Dubbisa armaan gadiitti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari’achuun dareef afaaniin gabaasaa. |
| 14 | 1A | 131 | Dubbachuu | Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari’achuun deebisaa. |
| 15 | 1A | 143 | Dubbachuu | Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari’achuun afaaniin dareef gabaasaa. |
| 16 | 1A | 153 | Dubbachuu | Walaloo armaan gaditti dhiyaate dubbisuu dura gaaffiwwan dhiyaatan gareen irratti mari’achuun |
| 17 | 1A | 161 | Dubbachuu | Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhiyaate irratti gareen mari’adhaatii afaaniin dareedhaaf dhiyeessaa. |
| 18 | 1A | 173 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari’adhaatii dareef gabaasaa. |
| | 2 | 176 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii dhuunfaan erga dubbistee booda, gareen irratti mari’achuun deebisaa. |
| | 3 | 177 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari’adhaa. |
| | 4A | 180 | Dubbachuu | Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari’adhaa. |

## Dabalee D

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii Namoomaa ,Qo’annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi Sabqunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookiloorii**

Qabxiilee gilgaalota dandeettii dubbisuu xiinxaluuf guutaman.

Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9

| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Gosa gilgaalaa | Ajaja |
|---|---|---|---|---|
| 1 | 5 | 3 | Dubbisuu | Dubbisa armaan gadii ariitii/saffisaan dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| | 6 | 7 | Dubbisuu | Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi. |
| 2 | 5 | 15 | Dubbisuu | Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 3 | 2 | 25 | Dubbisuu | Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa siif kenname saffisaan dubbisuun deebisi. |
| 4 | 2A | 32 | Yeroo dubbisuu | Barreeffama ‘barnootaafi misooma’ jedhu saffisaan dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| | 2B | 35 | Dubbisuu | Barreeffama armaan olii suuta dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 5 | 2A | 42 | Dubbisuu | Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiwwan kanaa gadii deebisi. |
| | 2B | | Dubbisuu | Barreeffamicha irra deebitee sakatta’an dubbisuun gaaffiwwan armaan gadiitti barreeffame miti. |
| 6 | 2A | 52 | Dubbisuu | Barreeffama ‘Nageenya karaa ‘jedhu saffisaan dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| | 2B | 56 | Dubbisuu | Barreeffama olii sakatta’an dubbisuun deebisi. |
| | 2C | 57 | Dubbisuu | Barreeffama olii suuta hubannoon dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 7 | 2A | 64 | Yeroo dubbisuu | Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiwwan kanneen deebisa. Deebii keessan dareen irratti mari’adha. |
| | 2B | 65 | Dubbisuu | Barreeffama armaan gadii sakatta’an dubbisuun gaaffii kannen deebisi. |
| | 2C | 69 | Dubbisuu | Dubbisa armaan olii suuta dubbisi gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 8 | 2A | 76 | Yeroo dubbisuu | Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiwwan kanneen dubbisi. Deebii keessan dareen irratti mari’adha. |
| | 2B | 76 | Dubbisuu | Akkaataa odeeffannoo dubbisicha keessatti laatameen soba/dhugaa jedhii deebisi. Yoo soba jette himichi akka dhugaa ta’utti sirreessibarreessi. |
| | 2C | 79 | Yeroo dubbisuu | Barreeffamicha sakatta’an dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 9 | 1A | 83 | Duraa Dubbisuu | Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan keessan dubbisan dhaggeeffachuun dura gareen irratti mari'achuun deebisaa. |
| | 3 | 84 | Yeroo Dubbisuu | Gaaffiwwan armaan gadii akkaaataa gaafatamteen deebii afaaniin kenni. |
| | 7A | 87 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii saffisaan /ariitiin dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 10 | 2A | 96 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii dubbisuun gaaffiwwan kanneen barreeffamaan dhiyeessi. |
| | 2B | 98 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan olii irra deebi'uun erga dubbistee booda gaaffiwwan armaan gadiitti dhiyaatan dhugaa/soba jedhii deebisi. |
| 11 | 2A | 109 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii ariitiin /saffisaan dubbisuudhaan gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 12 | 2A | 116 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii ariitiin dubbisuun gaaffiwwan dhiyaatan deebisi. |
| | 2B | 118 | Dubbisuu | Dubbisa olitti dubbiste irratti hundaa'uun himoota armaan gadii dhugaa/soba jedhii deebisi. |
| 13 | 2A | 126 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii ariitiidhaan dubbisuudhaan gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 14 | 2A | 132 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii ariitiin dubbisuuudhaan gabatee gadii guuti. |
| | 2B | 134 | Yeroo dubbisuu | Dubbisicha suuta dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii barreeffamaan deebisi. |
| 15 | 2A | 144 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuudhaan gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| | 3 | 146 | Dubbisuun booda | Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatterratti hundaa'uun dalagi. |
| 16 | 2A | 155 | Dubbisuun booda | Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuudhaan gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| 17 | 2A | 161 | Yeroo dubbisuu | Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiwwan armaan gadii deebisi. |
| | 3A | 166 | Dubbisuun booda | Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argattee irratti hundaa'ii deebisi. |
| | 3B | 166 | "Dubbisuu | Gaaffiwwan armaan gadii dubbisicharratti hundaa'ii deebisi. |
| | 3C | 167 | "Dubbisuu | Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa dubbisteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebii kee barreeffamaan kenni. |

## Dabalee F

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii NamoomaaQo'annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi SabqunnamtiiMuummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookiloorii**

**Sagantaa Eebba**

Qabxiilee gilgaalota dandeettii barreessuu KBAO xiinxaluuf guutaman.

Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9

| Boqonnaa | Gilgaala | Fuula | Gosa gilgaala | Ajaja |
|---|---|---|---|---|
| 1 | 9 | 11 | Barressuu | Fakkiwwan armaan gadiitti kennamanirratti hundaa'uun keeyyata tokko barreessi. |
| 2 | 9 | 22 | Barressuu | Hiriyyummaa shamarranii (addooyyee)naannoo keetii ilaalchisee barruu keeyyata 3-5 barreessuun dareef dhiyeessi. |
| 3 | 5 | 30 | Barressuu | Faayidaa raadiyoofi televijiiniin dhukkuba HIV/AIDSiin hir'isuurratti qabu keeyyata jechoota 150-200 qabu barreessuun dareef dhiyeessi. |
| 4 | 6 | 40 | Barressuu | Mataduree "Quiqullina Barnootaa mirkaneessuu keessatti gahee barattootaa",jedhurratti keeyyata tokko , kan jechoota 100-150 qabu barreessuun akka siif sirreessu barsiisaakeetti kenni. |
| 6 | 6A | 61 | Barressuu | Mata durewwan armaan gaditti laataman keessaa tokko filachuun akkaataa fakkeenya keeyyata olitti dubbisteen keeyyata tokko barreessi. |
| | 6B | 61 | Barressuu | Odeeffannoo gabatee armaan gadii keessatti laatamee barreeffamatti gedderuun keeyyata tokko barreessi. |
| 12 | 4A | 120 | Barressuu | Hima ijoo keeyyata kanaan gadiitti dhiyaate keessaa baasuun barreessi. |
| | 5 | 121 | Barressuu | Keeyyata osoo barreessuu hineegaliin dura gumee qopheessuun barbaachisaadha. Gumee armaan gaditti mataduree "faaayidaa barnootaa" irratti qophaa'ee hubadhu.itti aansuun gumicha irratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi. |
| | 5B | 122 | Barressuu | Haaluma kanaan atis mata-duree faayidaa barnoota jedhu irratti gumee qopheessuun barreeffama keeyyata lamaa hanga shaniitti qabu |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | | qopheessi. |
| | 5C | 122 | Barressuu | Mata-durewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irratti hundaa'uun barreeffama keeyyata sadi qabu barreessi. |
| 14 | 8 | 142 | Seenaa jireenyaa barreessuu | Gaaffiwwan armaan gadii akka gaaftamteetti deebisi.<br>1.seenaa jireenyaa nama naannoo keetti beekamaadha jettu tokko barreessi.<br>2. hayyoota armaan gadii keessaa tokko filadhuu seenaa jireenya isaa barreessuun dhiyeessi. |
| 17 | 7A | 172 | Barressuu | Akkaataa ilaalcha mataa keetti haala qooddattoota armaan gadii keeyyata tokko tokko barreessi. |
| | 7B | 172 | Barressuu | Kalaqa mataa keetiin asoosama gabaabduu tokko barreessi dareef dhiyeessi. |
| 18 | 5 | 180 | Xalayyaa barreessuu | 1.xalayyaa dhuunfaa tokko barreessi dareef dhiyeessi.<br>2.xalayyaa hojii tokko barreessii dareef dhiyeessi. |

# Dabalee E

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii NamoomaaQo’annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi SabqunnamtiiMuummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookiloorii**

**Sagantaa Eebba Booda**

Qabxiilee gilgaalota  hiikaafi faallaa jechoota KBAO xiinxaluuf guutaman.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9

| Boqonnaa | Gilgaala | fuula | Gosa gilgaalaa | Ajaja |
|---|---|---|---|---|
| Boq. 2 | 5D | 19 | Hiika jechaa | -2Jechoota gaalewwan rogaa ‘A’ jalaa kan barreeffamicha keessaa bahaniif hiika galumsa isaanii roga ‘ B’ jalattii laatamaniin walitti firoomsi. |
| | 7C | 20 | Hiika jechaa | 2-Jechoota armaan gadii tisheessuun hiika kenni |
| 3 | 2C | 28 | Hiika jechaa | 3-Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif hiika kallatti barreessi |
| | 2D | 28 | Hiika jechaa | 3Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararamaniif akka galumsa isaanitti hiika isaanii barreeffamaan kenni. |
| 4 | 2D | 36 | Hiika jechaa | 4Hiika galumsa kanneenii filannowwan laataman keessaa filadhu. |
| 5 | 2D | 47 | Hiika galumsaa | 5Jechoonni armaan gadii dubbisa armaan olii dubbiste keessaa bahan.haala hiika galumsaatiin iddowwan duwwaa guuti. |
| 6 | 2D | 57 | Hiika galumsaan | 6Jechoota roga ‘A’ jalaa kan barreeffama olitti dubbiste keessaa bahan.hiika isaanii akka galumsa roga ‘B’jala jiraniin walitti firoomsi. |
| | 2E | 58 | Faallaa | Jechoota armaan olii keessaa kan armaan gadiitti barreeffamaniif faallaa isaaanii barreessi. |
| 7 | 2D | 69 | Faallaa | Jechoota armaan gadii kan barreeffamicha keessaa bahaniif  faallaa hiika galumsaa isaanii barreessi. |
| 8 | 2D | 80 | Hiika galumsaa | Jechoota armaan gadii dubbisa armaan olii dubbiste keessaa bahan hiika galumsaa isaanii kenni. |
| 9 | 4 | 85 | | Jechoota roga ‘A’ jala jiraniif hiika isaanii roga ‘B’ jala jiraniin waliin firoomsi. |
| | 5A | 85 | Faallaa | Jechoota kanaa gadiif hiika faalla filadhu. |
| | 5B | 86 | | Jechoota kanaa gadiif hiikaafi faallaa isaanii barreessi. |
| 10 | 2C | 98 | Hiika galumsaa | 10 Jechoota himoota armaan gaditti jala sararaman akka galumsa isaanitti deebisi. |
| 11 | 2B | 110 | Hiika | 11Dubbisa olitti dhiyaate irra deebi’ii hiika isaanii walitti firoomsi. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 12 | 2B | 119 | Hiika | 12Jechoonni kanaa gadii hiika tokkoo ol qabu.hiika isaanii xiyyeeffachuun |
| 13 | 2C | 128 | Hiika | 13Jechoonniifi gaalewwan armaan gadii dubbisa kanaa olitti dhiyaate keessatti hiika maalii akka qaban barreessi. |
| 14 | 2C | 135 | Hiika | 14Jechoota roga ‘A’ jalaa hiikaa isaanii roga ‘B’ jalaawajjin walitti firoomsi. |
| 15 | 4A | 147 | Hiika | 15Jechoonni garee ‘A’ jalatti kennaman kanneen garee ‘B’jalaatiin waliin walitti firoomsi. |
| | 4C | 148 | Hiika | 15Jechoota arfan keessaa kan adda ta’e filadhu. |
| 17 | 2B | 165 | Hiika | 17Jechoota/ gaalewwan jala muramaniif akka galumsaatti hiika isaanii barreessi. |

# Dabalee G

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii NamoomaaQo'annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi SabqunnamtiiMuummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookiloorii**

**Sagantaa Eebba Booda**

Qabxiilee gigaaloota afoolaa Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo xiinxaluuf guutaman.

Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9

| Boqonnaa | Gilgaalaa | fuula | Ajaja |
|---|---|---|---|
| 1 | 7 | 7 | Mammaaksa armaan gadiitti kennaman keessaa kan hiika yookaan yaada mammaaksa kennamee fakkaatuu filadhu. |
| | B | 9 | Erga mammaaksoota armaan gadii jecha mataa keetiin erga ibsitee. |
| | D | 9 | Yaada mammaaksoota armaan gadii xumuruuf filannoo kennamee keessaa filadhu. |
| **7** | **7** | **74** | Beekumsa keetti fayyadamuun ykn namoota naannoo kee kan geerarsa beekan gaafachuun geerarsa goota faarsuuf geeraramu, yoo xiqqaate sadii barreessi dareetti dhiyeessi. |
| **8** | **6** | **82** | Taphoota ijoollee naannawa keetii taphataman keessa lama filachuun seera isaanii eeguun barreessi. |
| 9 | 12A | 92 | Fakkiilee armaan gadii irratti gareen mari'adha. Harreefi sareen waa'ee maalii dubbachaa jiru jettanii yaaddu? Waraabessaafi sareen hoo? |
| | B | 93 | Durdurii kanaan gadii eega dubbistee booda yaada isaa hiriyaa keetti himi. |
| | **13** | **94** | Maatii kee gaafachuun durdurii tokko barreessi. Durdurii barreessite dareetiif dubbisi. |
| 14 | 5 | 136 | Mammaaksoota armaan gadii yaanni isaanii rarra'ee hafe guutuu taasisuun gareen irratti mar'adha deebisaa. |
| | B | 137 | Hibboo armaan gadii keessaa yaadolee rara'anii hafan xumuri. |
| | A | 137 | Oduu durii ( sheekkoo) armaan gadii kun yaanni isaa rarra'eek an hafeedha. Kanaaf yaada hafe itti guuti. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 15 | 6 | 152 | Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama faaruu daa'immanii olitti dubbiste kanarratti hundaa'uun deebisi. |
| 16 | 5 | 156 | Faaruun armaan olitti dhiyaate gosa afoolaa oromooti bifa walalootiin dhiyaatan dhaamsi isaa maal akka ta'e hololoon ibsi. |
| | | | Gaaffiwwan armaan gadii walaloo faaruu loonii kanarratti hundaa'uun deebisi. |
| `17 | 4 | 168 | Jechamoota armaan gadii jala sararaman deebii kee barreeffamaan kenni. |
| | 5A | 169 | Akkatuma armaan olii ibsameerratti hundaa'uun malleen dubbii keessaa akkasarratti xiyyeeffachuun himoota addaa addaa shan barreessi. |
| | 5B | 169 | Gosoota dubbii qolaa / haalawaa /akkasaa fakkeenya wajjin bartee jirta. Mee ati ammoo warroota hafaniif fakkeenya sadi sadii kennii agarsiisi. |
| | 6A | 170 | Mammaksoota asoosama keessaa bahuun kanneen hiika isaanii kenni. |
| | 6B | 170 | Mammaaksoota armaan gadiif deebii sirrii ni ta'a jettu filadhu. |
| | 6C | 171 | Mammaaksoota 'A' jalatti kennaman waliin ergaa walitti dhiyaatu dabarsu kan jettu 'B' jala kan jiru wajjiin walitti firoomsi. |
| | 6D | 171 | Ergaa mammaaksota armaan gadii barreeffamaan ibsi. |
| | 6E | 171 | Akkaataa hanga ammaatti hubatteen, mammaaksi himoota kanarraa kan adda taasisu maali? |

**Ibsa (Declaration)**

A) Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhihaatiin ta'uusaa; akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee,

Wabilee keessattis nan mirkaneessa.

Maqaa: Asaffaa Makonnin

Mallttoo ________________________________

Guyyaa ________________________________